



ጤና ሚኒስቴር - ኢትዮጵያ
MINISTRY OF HEALTH-ETHIOPIA
የዜጎች ጤና ለሃገር ብልጽግና!
HEALTHIER CITIZENS FOR PROSPEROUS NATION!



የሴቶችና ማህበራዊ ጉዳይ ሚኒስቴር-ኢትዮጵያ
Ministry of Women and Social Affairs-Ethiopia

MAANUWAALII GUDDISA / KUNUUNSA DAA'IMMANII

BARA 2016 (ALI)





MAANUWAALII GUDDISA / KUNUUNSA DAA'IMMANII

BARA 2016 (ALI)

BAAFATA

Gabaajee Kottoonfachiiftuu	Iv
Galata	V
Waa’ee Maanuwaalii Leenjichaa	Vii
1. Seensa	Vii
2. Adeemsa Qophii Maanuwaalii	Viii
3. Qabiyyee Bal’ina: Mata Dureewwan, Mata Dureewwan Xiqqaafi Ergaawwan Ijoo	X
4. Qaamolee, Kutaa Leenjii/ Ergaawwan Ijoofi Ramaddii Yeroo.....	Xi
5. Gaheefi Itti Gaafatamummaa	Xii
6. Haala Leenjiifi Bakka Leenjii	Xi
7. Meeshaalee Deggersaa	Xii
8. Akkaataa Itti Fayyadama Maanuwaalii Leenjii.....	Xiv
Qulqullinafi Soorata	Xvi
Kutaa 1: Yeroo Barbaachisaatti Harka Dhiqachuu	1
Kutaa 2: Barsiifata Harma Hoosisuu Fooyyessuu	5
Kutaa 3: Soorata Dabalataa.....	9
Kutaa 4: Daa’imman Talaalchisuun Dhibee Irraa Ittisuu	14
Kunuunsa Deebii Kennuu Danda’uu (Yeroofi Walqunnamtii Gaarii Daa’ima Waliin Qabaachuu)	18
Kutaa 5: Kunuunsa Deebii Gaarii Kennuu Danda’u	19
Kutaa 6: Naannoo Nama Kakaasu Uumuudhaankaka’umsa Miiraa Guddisuu	24
Kutaa 7: Hariiroo Quunnamtii Maatiifi Daa’ima Gidduujiru	28
Gahumsa Maatii/Kunuunsitootaa Barumsa Jalqabaa Daa’immaniiratti	32
Kutaa 8: Afoola Daa’immanitti Himuun Guddisuu	33
Kutaa 9: Tapha Daa’immanii Keessatti Qooda-Fudhannaa Maatii Guddisuu	37
Kutaa 10: Haasaa Badhaadhaa Ta’e Daa’imman Waliin Geggeesuuu	41
Kutaa 11: Gochaalee Dubbisuu Daa’imma Qajeelchuu.....	45
Nageenyaafi Eegumsa Daa’immanii	49
Kutaa 12: Daa’imman Miidhaa Qaamaafi Miiraa/Currisaa Irraa Eeguu	50
Kutaa 13: Gochaalee Kunuunsa Daa’immanii Keessatti Miidhaa Geessisan Hambisuu	55
Kutaa 14: Hordoffii Maatii Daa’immaniif Godhan Guddisuu.....	59
Amala Daa’immanii Too’achuu	63
Kutaa 15: Haala Gaariin Naamusa Qabsiisuu(Adabuu)	64
Kutaa 16: Teeknooloojii Iskiriinii Bu’a Qabeessummaan Itti Fayyadamuu	68

Daa'imman Fedhii Addaa Qabaniifi Daa'imman	72
Kutaa 17: Ijoollee Fedhii Addaa Qaban Ilaalchisee Yaada Dogoggoraa Hir'isuu	73
Kutaa 18: Fedha Daa'imman Fedhii Addaa Qaban Hubachuufi Deebii Kennuu	78
Kutaa 19: Daa'ima Dubaraa Humneessuu.....	82
Dubartoota Diinagdeedhaann Humneessuu	86
Kutaa 20: Qabeenya/Galii Maatii Irratti Aangoo Murteessuu Dubartootaa Cimsuu	87
Hirmaannaa Abbaa Warraa..	91
Kutaa 21: Hojii Kunuunsa Daa'immanii Keessatti Hirmaannaa Dhiiraa/Abbaa Warraa.....	92
Kutaa 22: Dandeettii Of-Kunuunsuu Maatii/ Kunuunsitoota Cimsuu.....	96
Dandeettii Maatiin Qabeenya Hawaasummaa Fayyadamuuf Qaban Guddisuu.....	101
Kutaa 23: Fudhatamummaa Maatiin Hawaasa Keessatti Qaban	102
Fayyummaa Xiinsammuu Maatii Karaa Dhaabbilee Adda Adaatiin Fooyyessu.....	107
Kutaa 24: Fayyummaa Haadholii.....	108

GABAAJEEWWANIIFI KOTTOONFACHIISA

- ECCE** Early Childhood Care and Education
(**Kunuunsafi Barnoota Daa'immanii Jalqabaa**) **KBDJ**
- ECD** Early Childhood Development
(**Guddina Daa'immanii Umrii Jalqabaa**) **GDJ**
- ECDE** Early Childhood Development and Education
(**Guddina fi Barnoota Daa'immanii Umrii Jalqabaa**) **GBDJ**
- FGM** Female Genital Mutilation
(**Kittaana Ijjoollota Durbaa**) **KID**
- HW** Hand Washing
(**Harka Dhiqachuu**) **HD**
- IDPs** Internally Displaced Persons
(**Buqqaatota Biyya Keessaa**) **BBK**
- InHED** The Institute for Education, Health and Development
(**Dhaabbata Barnootaa, Fayyaa fi Guddinaa**) **DBFG**
- NCF** Nurturing Care Framework
(**Daangeffama Qabiyyee Kunuunsa Daa'immanii**) **DQKD**
- PC** Parental Care
(**Kunuunsa Maatii**) **KM**
- SBCC** Social and Behavioral Change Communication
(**Quunnamtii Jijjirama Hawaasummaafi Amalaa**) **QJHA**
- UNESCO** United Nations Education, Science, and Cultural Organization
(**Dhaabbata Barnoota, Saayinsii fi Aadaa Mootummoota Gamtoomanii**) **DBSAMG**
- UNICEF** United Nations International Children's Emergency Fund
(**Fandii Ariifachiisaa Daa'immanii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii**) **FADDMG**
- USAID** The United States Agency for International Development
(**Ejensii Misoomaa Idil-Addunyaa Yunaayitid Isteetis**) **EMIYS**

GALATA

Adeemsi qopheessuu maanuwaalii kunuunsaa fi guddisa daa'immanii kun yeroo dheeraa fudhachuudhaan gumaacha dhaabbilee adda addaatiif fi namoota dhuunfaan yeroo ta'u, caasaa qabiyyee sirneessuu, mirkaneessuu fi fooyyessuu keessa kan darbee dha. Ministeerri Barnootaa Federaalaa, ministeerota obboleettotaa lamaan bakka bu'uudhaan, dhaabbilee fi namoota dhuunfaa hundaaf gatii guddaa kan qabu qophii maanuwaalii guddisa fi kunuunsa maatii kanaa keessatti gumaacha taasisaniif galata guddaa kennuu barbaada. Duraa fi hundaa oli, deeggarsa maallaqaa fi teeknikaa tola ooltummaadhaan UNICEF Itiyooophiyaa nuuf godheef galata guddaatu nutti dhagahama. Lammaffaa, Giddugala Kunuunsa fi Barnoota Daa'immanii Jalqabaa Yuunivarsiitii Addis Ababaa (the Center for Early Childhood Care and Education of Addis Ababa University and the Institute for Education,) fi dhaabbata Barnootaa, Fayyaa fi Guddinaa (DhBFG PLC) leeccalloorratti deeggarsa ogummaa taasisaniif dinqisiifannaa guddaa argachuu qabu. Keessattuu Gumaacha ogummaa taasisaniif, Piroofeesar Balaay Tafarraa, Dr. Balaay Hagos, Dr Faantaahun Adimaas, Obbo Fissahaa Takiluu, Dr. Taaddasee Jaallataa, fi Dr Yigzaaw Hayilee qajeelfama guddisa fi kunuunsa daa'immanii kana fooyyessuu keessatti gumaachaniif guddaa galatoomuu qabu. Obbo Qixaawu Nigusee, maanuwaalii kana gara tiraanskriptii raadiyootti hiikuu fi oomisha sagalee iskiriipitii raadiyoo qajeelchuu irratti hojii ajaa'ibaa hojjeteetaniiru. Obbo Fitsum Abarraa dizaayinii giraafiksii fi fakkiwwan dinqisiisoo ta'an qopheessuu keessatti beekamtii guddaa argachuu qabu.

Akkasumas Maanuwaalii kana warren gara Afaan Oromootti hiikan Obbo Abbayyaa Daggafaafi Obbo Nigusee Eda'oo, warreen gara Afaan Amaaraatti hiikan Dr. Ba'idee Malaakuufi Obbo Fissahaa Takiluu galata guddaa qabu.

Ministeera Barnootaa

WAA'EE MAANUWAALII LEENJICHAA



WAA'EE MAANUWAALII LEENJICHA

1. SEENSA

Guddisuun/kunuunsuun daa'immanii itti gaafatamummaa baay'ee walxaxaa ta'eefi ijoolleen gara namoota dhuunfaa bu'aa guddinaa waliigalaa qabanitti akka guddatan qajeelchuudha. Innis jaalala haal-duree hinqabne daa'immaniif kennuu, fedhii bu'uura lubbuun jiraachuu isaanii mirkaneessuu, balaafi miidhaa adda addaa shakkii uumuu danda'u irraa isaan eeguu, miidhaa qaamaa, taateewwan gaddisiisaafi tasgabii dhabuu maddisiisuu danda'an irraa isaan eeguu of keessatti qabata.

Akkasumas hawaasummaatti guddisuuf, barsiisuufi haala gaariin naamusa qabsiisuudhaan ijoolleen dandeettii of danda'uu (ofitti amanamummaa, ofiin of bulchuu, sammuu waa uumee yaaduu danda'u qabaachuu) akkasumas dandeettiwwan gamtoomu (amala gaariifi safuu, miira itti gaafatamummaa, gara-laafinaafi walitumsuu) akka horataniidha.

Maatiin/kunuunsitoonni kunuunsa daa'immanii kan itti gaafatamummaa roga hedduu of keessaa qabu kana yeroo daa'imman gadameessa keessa jiran irraa eegalee erga dhalatanii boodallee kan itti fufu ta'uuu isaa beekuu qabu. Gochi hubannoofi deebii kennuudhaan ijoollee guddisuu fi kunuunsuu kun amala maatiin/kunuunsitoonni mataan isaanii ofii itti guddataniin ijoollee isaanii guddisuu akka hinqabne of eeggachiisa. Kunis sababni isaa inni guddaan maatiifi daa'mni yeroo adda addaa, bakka adda addaafi haala adda addaa keessatti waan guddataniif (jiraataniif) Kanarraa ka'uun, guddisafi kunuunsa ijoollee bu'a qabeessa ta'e ijaaruu akka danda'amu, guddinni/ kunuunsi ijoollee itti yaadamee ijaaramuu qaba. Gama kanaan, hubannoon dhimma kanaa akka addunyaatti dabalaa dhufeera, kunis sagantaalee gidduseentummaa hedduu qopheessuun maatiifi kunuunsitootaa beekumsa, dandeettii fi amala akka guddistootaatti barbaachisu akka horatan gochuu danda'a.

Itoophiyaa keessattillee Imaammata Guddinaa fi Barnootaa Daa'immanii Jalqabaa (GBDJ) biyyoolessaayeroo dhiyootti fooyya'ee ture. Akkuma achi keessatti ibsametti waggoota kurnan darban keessatti dhimmi kun xiyyeeffannaa walqixa argatee mul'ateera. Imaammatachi fedhaafi karoora mootummaan guddina waliigalaa daa'immanii fiduudhaaf qabu kan agarsiisuudha. Isaan walqabatee qooda fudhattoonni kunuunsa, guddinafi barumsa daa'immanii ogummaa barbaachisaa qabaachuu akka qaban eera. FADDhMG (UNICEF) yaada tajaajilawwan gidduuseentummaa ofkeessaa qaban bal'aan akka barbaachisu qabatee dhufe. Kanaan walqabatee haala qabatamaa wajjin kan walsimufi mala sirrii ta'een maatiif/ kunuunsitootaaf deggersa kennuudhaaf paakeejii deggarsaa qopheesse. Paakeejii kun damee hedduu waliigalaa kan of keessaaqabu maatii/ Kunuunsitootaa GBDJ'f ni barbaachisa kan jedhu dha. Dhugaa dubbachuudhaaf Yaadni Bu'uura kun ministeerota qindeessitoota GBDJ sadan walta'iinsa olaanaadhaan paakeejii kana hojiirra oolchuuf waltajjii carraa addaa uumu ta'uunsaa ni beekama. Paakeejii guddisafi kunuunsa daa'immanii kun imaammata GBDJ hojiirra oolchuuf akka tarsiimoo gaariitti kan fayyadudha.. Kaayyoon isaas maatiin/kunuunsitoonni dandeettii daa'ima guddisuufi kunuunsuu bu'a qabeessa ta'e, kan waliigalafi dhiibbaa uumuu kan danda'u akka horataniif, leenjii waliigalaa kennuudhaaf haala mijeessuu dha. Kallattii addaatiin yoo ilaalle, leenjiin kun guddinaafi barumsa waliigalaa daa'immanii akkasumas fayyaa maatii/ kunuunsitootaa karaa armaan gadiin guddisuuf gargaara:

- Dandeettii maatiifi kunuunsitootaa kunuunsa daa'immaniifi haalaan deggaruu irratti ijaaruu
- Maatiiniifi kunuunsitoonni itti gaafatamummaa kunuunsa daa'immaniifi too'annaa kana haala bu'a qabeessa ta'een akka raawwatan humneessuufi
- Itti fuufinsa jijjiirama kanaa karaa hirmaannaa hawaasa bal'aafi hawaasa naannootiin mirkaneessuudha.

Kaayyoowwan kanneen galmaan ga'uuf, maanuwaaliin leenjii kun bal'inaafi qabiyyee, adeemsaafi malawwan, haalawwan dubbiifi qindaa'ina, akkasumas dirqamaafi itti gaafatamummaa qooda fudhattoota leenjichaa dhiyeessa.

2. ADEEMSA QOPHII MAANUWAALII

Maanuwaaliin kun qaama Paakeejii Deggersa Maatii/ Kunuunsitoota damee hedduu waliigalaa GDJ ti. Adeemsi qophii maanuwaalii kanaa kun gamaggama (madaallii) qeeqa qorannoo idil-addunyaafi kan biyya keessa bal'inaan Kunuunsa Maatii (KM) ibsuudha. Akkasumasdaangaa bal'ina leenjichaa keessatti waan hammatamuu qabaniifi hinqabne kan haareffamaan lafa kaa'eedha.

BAL'INA KUNUUNSA MAATII: Gamaaggamni barreeffamoota idil-addunyaa bu'uuraaleefi qajeeltoowwan armaan gadii kana hordofuun ibsawwan barbaachisoo ta'an kanguddisa/kunuunsa bu'a qabeessa ta'e kennan kana dursa hordofuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa.

Daangaa Qabiyyee Kunuunsa Gaarii (KQKG): Bu'uurri Maanuwaalii kanaa kun qaamolee ijoo gochaawwan kunuunsa daa'immanii jalqabaa kanneen akka Fayyaa, Nyaata, Kunuunsa deebii kennuu, Nageenyafi Barnoota Jalqabaa daa'immanii adda baasuu keessatti gargaareera.

Daangaa Kunuunsa Gaariin olitti: Ijoollee umriin isaanii guddaa ta'e ilaalchisee, hojii kunuunsaa idilee irra darbee waan biraa ni dabalata.

Ijoolleen guddachuu akkuma jalqabanitti naamusni fi too'annaan amala daa'immanii yaaddoo guddaa ta'a, kanaaf, maatiin/ kunuunsitoonni gama kanaan dandeettii horachuu qabu.

Garaagarummaafi Hammatamuu: Maatiin/ kunuunsitoonni daa'imman fedhii addaa qaban sirnaan too'achuufi gargaaruuf dandeettii barbaadu. Maatiin dhugaa jiru adda baasuu, deeggarsa sirrii ta'e kennuufi guddina daa'imman fedhii addaa qaban guddisuu akka danda'aniif waa'ee qaama miidhamummaa hubannoo sirrii qabaachuu qabu. Kana malees, barmaatilee boodatti hafa hunde gadi fageeffatee hirmaannaafi guddina daa'imman shamarranii irratti dhiibbaa qabu hubatanii furmaata kennuu danda'uu qabu.

Haala keessatti guddatan: Haalli daa'imman keessatti guddatan guddinnaa fi barumsa isaanii irratti dhiibbaa qaba. Kanaafuu, malli guddisuu/ kunuunsuu tokkich nama hundumaaf ta'uu hindanda'u. Yaaddoo addaa kan ta'an garaagarummaa teessuma lafaa (baadiyyaa-magaalaa-horsiisee bulaa), amantii (Muslima- Kiristaana) fi tasgabii naannoo mana jireenyaa dhabuu (BBK, baqannaa fi hawaasa baqattoota kana simatan) dha. Gareen daa'immanii adda addaa kun fedhii walfakkaataa kan hin qabne yoo ta'an, galmi fi akaataan taa'umsa guddisaa/ kunuunsaa garaagarummaa kana calaqqisiisuu danda'uu qaba.


Maatii Humneessuu: Qorannoowwan dhiyeenya kanaas haalli maatii gocha kunuunsa isaanii irratti dhiibbaa akkamii akka uumuu danda'an ragaa adda addaa maddisiisaniiru. Kanaafuu, karaa adda addaatiin maatii humneessuuf leenjiiwwan barbaachisoo kennuunis baay'ee murteessaadha.

Hirmaannaa Hawaasaa: Maatii kunuunsitootaa humneessuuf, hirmaannaan hawaasaafi maatilee adda addaa baayyee barbaachisaadha. Akkasumas leenjiin gidduseentummaa kun akka milkaa'uufi ittifufiinsaan bu'a qabeessa akka ta'uuf ni fayyada.

Hariiroon sirnoota wal-quunnamtii kanaa gidduu jiru fakkii 1^{ffaa} irratti dhiyaateera. Fakkiin kun akka agarsiisutti guddinnifi barumsa daa'immanii jalqabaa kunuunsafi guddisa daa'immanii jalqabaa suuta suutaan ijoollee umriin isaanii guddaa ta'eefi ijoollee fedhii addaa qaban kan of keessatti hammachaa deemuudha.

Itti gaafatamummaan maatii kun bu'a qabeessa ta'ee raawwatamuu kan danda'u yoo maatiin hawasummaadhaan, dinagdeedhaadhaan, xiinsammuufi siyaasaan humna argataniidha. Mallattoowwan jalqabaa humneessuu maatii/ kunuunsitootaa kun itti fufuu kan danda'an yoo fudhatamummaa maatiin hawaasa keessatti qaban sirnaan gara fuula duraatti fidameedha

Fakkiin kun dhumarratti kan agarsiisu kunuunsa daa'immanii fi too'annaa, humneessuu maatii/ kunuunsitootaa fi hirmaannaan hawaasaa kun hundinuu haalawwan daa'imman itti guddataniin kan caaseffame ta'uu isaati.



Fakkii 1: Kunuunsa Maatii (KM) bu'a qabeessaa fi dhimmoota haala isa irratti dhiibbaa geessisan

KUNUUNSA MAATII (KM) PROOFAAYILII GOCHUU: Bal'innifi qabiyyeen guddisuu/ kunuunsuu bu'a qabeessa ta'an erga adda baafamanii booda, barreeffamoonni biyya keessaa barbaachisoo ta'an haala Itoophiyaa keessatti KM hojiirra oolchuu, bal'isuufi piroofaayilii gochuuf gamaggamaniiru. Gama kanaan, qorannoon UNICEF (FADDhMG)'n dhiheenya kana taasise kan guddina

daa'imman jalqabaatiif KM qorachuuf NCF (Dhaabbata Bu'uura Kunuunsa Gaarii) jedhamu qacare, naannoo KM gidduuseentummaa barbaadu piroofaayilii gochuuf (Dokumentii olkaa'uuf) gargaaruuf gamaaggamameera. Hojii KM gochatti jijjiiruu kana bal'inaan raawwachuuf, qorannoowwan dhuunfaafi dhaabbilee biroo hedduunis gamaggamaniiru.

Ergaawwan Ijoo Gurguddaafi Xixiqqaa Mariidhaan Sirreessuu: Ergaawwan ijoo gurguddaafi xixiqqaa kan adda baasanii caalaatti mariin fooyyessuuf adeemsi armaan gadii hojiirra ooleera.

Tokkoffaa: Ogeessonni mata dureewwan xixiqqaafi ergaawwan ijoo gurguddaa adda baasanii dhiyeessuuf yaalii guddaa taasisaniiru. Lammaffaa irrattimmoo walumaa galatti mata dureewwan 3, mata dureewwan xiqqaa kudhat tokko (11)fi ergaawwan ijoo 64 adda baafamaniiru. Sadaffaa irrattimmoo, kuusaa ergaawwan ijoo 64n keessaa walumaa galatti ergaawwan ijoo 24 cuunfamarii ba'aniiru. Dhuma irrattis, dhimmi kun kallattiin kan isaan ilaallatu, waajjirri Minsteerota sanaanii (Ministeera Barnootaa, Ministeera Fayyaafi Ministeerri Dhimma Dubartootaafi Hawaasummaa) waliin ta'uun qabiyyee Maanuwaalii kanaa irratti mari'achuuf marii magaalaa Adaamaatti gaggeessan. Marii kana booda akka, isaanimmoo ergaawwan gadi fageessuufi yeroo tokko tokko bakka xiyyeeffannoo qajeelchuuf, ergaawwan ijoo haaraa muraasa dabaludhaan akka armaan gadiitti fooyyeessan.

(Gabatee 1, 2 fi 3 ilaali).

Ergaawwan ijoo yeroo raadiyoo daangaa isaa adda baasuufi tooftaan '**Walqunnamtii Jijjiirama Amala Hawaasaa**' (Social Behavioral Change Communication) hordofameera. Jalqaba irratti, gabateewwan yaada armaan gadii sirriitti adda baafamanii qopheeffaman. Jalqaba Amaloota jijjiiramuu qaban ykn fooyya'uu qaban, wantoonni kallattiidhaan ykn alkallattiidhaan dhiibbaa uumuu danda'an sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa of keessaa qaban adda baafamaniiru. Akkasumas wantonni akka namoonni amala isaanii hinjijjiiranneef danqaa ykn gufuu ta'uu danda'an adda baafamaniiru.

Gabateewwan kunneen egaa Ergaawwan Raadiyoo 24niif qopheeffaman. Ergasii, galmeewwan bal'inaan qophaa'an (gabatee quunnamtii) kunneen irraa, Raadiyoofi barreeffama isaa qajeelchuuf, xalayaa gabaabaafi salphaan ittiin qopheessitoota raadiyoofi leenjiftoota qophaa'e.

3. QABIYYEEFI BAL'INA: ERGAAWWAN IJOO, MATA DUREEWWAN GUDDAAFI XIQQAA

Maanuwaalichi mata dureewwan gurguddoo sadii, mata dureewwan xiqqaa 11 fi ergaa ijoo ykn kutaa leenjii 24 kan of keessaa qabudha. Mata dureen guddaan jalqabaa kunuunsa daa'immanii fi too'annaa gabatee 1 irratti kennameera.

Gabatee 1-Mata duree Guddaa Tokko: Kunuunsa Daa'immanii fi Too'annaa

Mata dureewwan xiqqaa	Ergaawwan Ijoo Addaa/ kutaalee Ieenjii	Mata dureewwan xiqqaa	Ergaawwan Ijoo Addaa/ kutaalee Ieenjii
1) Qulqullinafi Soorata	1) Yeroo barbaachisaa ta'etti harka dhiqachuu mirkaneessuu	4) Nageenya, tasgabbiif fi eegumsa	12) Daa'imman miidhaa qaamaa fi currisaa irraa eeguu
	2) Shaakala harma hoosisuu fooyyessuu		13) Gochaalee kunuunsa daa'immanii miidhaa geessisan irraa fagaachuu
	3) Soorata dabalataa mirkaneessuu		14) Hordoffii maatii daa'immanii guddisuu
	4) Dhukkuba daa'immaniif kunuunsa yeroon barbaaduu (talaallii guddisuu irratti xiyyeeffachuun)		
2) Kunuunsa deebii kennuu	5) Kunuunsa Deebii Kennu	5) Too'annaa amalaa	15) Ijoollee haala gaariin naamusa qabsiisuu
	6) Naannoo miira kakaasu uumuu		16) Itti fayyadama teeknooloojii bu'a qabeessa ta'e guddisuu
	7) Walitti dhufeenyaa fi hariiroo gaarii maatii fi daa'ima gidduu galeessa godhate uumuu		
3) Barnoota Umrri Daa'imummaa	8) Fayyadama ogbarruu daa'immanii waliin karaa bu'a qabeessata'een guddisuu	6) Daa'imman hammachuu	17) Yaada dogoggoraa warri waa'ee daa'imman fedhii addaa qaban irratti qaban hir'isuu
	9) Tapha daa'immanii mattii giddu-galeessa godhate guddisuu		18) Fedhiif deebii kennuu fi daa'imman fedhii addaa qaban deeggaruu
	10) Ijoollee wajjin haasaa jechootaan badhaadhe guddisuu		19) Mucaa intalahumneessuu
	11) Gochaawwan dubbisuu daa'imawaliin qajeelchuu		

Mata dureen guddaan jalqabaa kun qaamolee gurguddoo jahan Bu'uura Kunuunsa Guddisuu daa'imman xixiqqoo akkasumas fedhii dabalataa barbaachisoo lama daa'imman umuriin isaanii guddaa ta'e irratti hundaa'uun dandeettii warra/ kunuunsitootaa kunuunsa daa'immanii fi too'annaa amala irratti ijaaruu irratti xiyyeeffata (too'annaa amala fi hammatamuu daa'imman fedhii addaa qaban akkasumas daa'imman shamarranii).

Gabatee 2-Mata duree Guddaa Lama: Maatii Humneessuu

Mata dureewwan xiqqaa	Ergaawwan Ijoo Addaa/ kutaalee Ieenjii
7) Dinagdee Dubartootaa Humneessuu	20) Qabeenya/galii manaa irratti humna murtee kennuu dubartootaaguddisuu
8) Kunuunsa Daa'immanii keessatti hirmaannaa Abbaa Warraa guddisuudhaan Dubartoota humneessuu	21) Hojii kunuunsa daa'immanii jalqabaa keessatti hirmaannaa dhiiraa/abbaa warraa guddisuu
9) Fayyaa dubartootaa humneessuu	22) Dandeettii of kunuunsuu maatii/ kunuunsitootaa guddisuu

Mata dureen guddaan inni lammaffaan maatiin/ kunuunsitoonni itti gaafatamummaa guddisuu/ kunuunsuu isaanii ba'uuf haala gaarii akka qabaataniif ofuma isaanii of humneessuu irratti xiyyeeffata




Gabateen sadaffaan humneessuu maatii/ kunuunsitootaa karaa hirmaannaa hawaasummaa fi hawaasaatiin dhiyaateera.

Mata dureewwan xiqqaa	Ergaawwan Ijoo Addaa/ kutaalee leenjii
10) Fudhatamummaa Maatiin Hawaasa keessatti Qaban Fayyadamu	23) Fudhatamummaa Dubartoonni Hawaasa keessatti Qaban fayyadamuuf dandeettii guddisuu/ kunuunsuu guddisuu
11) Hirmaannaa hawaasaa	24) Hoggantoota hawaasaa hirmaachisuun fayyaa xiinsamuu haadholii guddisuu

4. QAAMOLEE, KUTAA LEENJII/ ERGAAWWAN IJOOFI RAMADDII YEROO

Tokkoon tokkoon ergaan ijoo kutaa leenjii tokkoo giddu galeessaan Daqiiqaa 45 hanga 50 kan fudhatu yoo ta'u, kan of keessa qaban adda baastoota isaanii, ramaddii yeroo fi hojiiwwan isaaniiti:

	Simannaa fi seensa (Daqiiqaa 5): leenjifamtoonni ni simatamu, warri haaraanis ni beeksifamu
	Yaadannoo Gabaabaa Kutaa Duraarratti (Daqiiqaa 10): dhiheessi fi mariin tokko tokko kutaadarbe irratti irra caalaa hojii manaa fudhachuu dhuma kutaa tokkoon tokkoo irratti kennamanirratti hundaa'uun (kun kutaa jalqabaa irratti hin hojjetu)
	Bu'aa Leenjii (Daqiiqaa 5): leenjifamtoonni waan isaan kutaarraa eegan walii qooduun bu'aa barumsaa kutaa sanaa waliin akka ilaalu gaafatamu. Bu'aa leenjii kanaanis wal bira qabamanii waan isaan eegan ni ilaaluu
	Meeshaalee fi Qabeenyi kutaa kan bal'inaan maanuwaalii leenjii kanaa, raadiyoo Daqiiqaa 3 hanga 5 kan kaayyoo leenjii kanaaf qophaa'e, poostaroota galma leenjii fi flip chart of keessatti hammate dha. Qabeenyi dabalataa tokkoon tokkoon kutaa keessatti akka barbaachisummaa isaatti ni kennama
	Kutaa Baniinsa (Daqiiqaa 5): Leenjifamtootaaf leenjii guyyaa sanaa irratti ergaan ijoo bifa mammaaksaa, gaaffii, ykn illee asoosama gabaabaatiin dhiyaatee booda yaada isaanii irratti mari'atanii akka qulqulleessan gaafatamu. Yaadota qulqulleessuuf akka gargaaru ergaawwan barreeffamaa gabaabaan jalatti kennamaniiru.
	Raadiyoo dhaggeeffachuu (Daqiiqaa 4): Leenjifamtoonni ergaa raadiyoo mata duree leenjii irratti gara Daqiiqaa 3 hanga 5tti akka dhaggeeffatan gargaaramu.
	Gochaalee Kutaa (Daqiiqaa 15): Leenjifamtoonni gochaalee (tokko tokko dhuunfaa fi kaan garee xiqqaadhaan hanga namoota 4 hanga 6) ergaa raadiyoo irratti hundaa'uun qophaa'an hojjechuu qabu.
	Gochaalee Kutaa (Daqiiqaa 15): Leenjifamtoonni gochaalee (tokko tokko dhuunfaa fi kaan garee xiqqaadhaan hanga namoota 4 hanga 6) ergaa raadiyoo irratti hundaa'uun qophaa'an hojjechuu qabu.

	<p>Yaada Cuunfaa (Daqiiqaa 5): Xumura leenjichaa irratti maaltu akka gaariitti hojjetame, maaltu jijjiiramuu akka qabu, maaltu leenjii irraa eegamu guutame fi waan hin guutamneef maaltu hojjetamuu akka qabu beekuuf xiinxaluu.</p>
	<p>Ergaalee Ijoo: Kuticha keessatti yaadolee ka'aniif cuunfaa ergaalee ijoo dhiyeessa.</p>
	<p>Hojiwwan Mana Fudhachuu (Daqiiqaa 2): dhuma leenjii tokkoon tokkoon isaanii irratti , maatiin hojiwwan gara manaatti fudhatanii fi haala manaa keessatti akka shaakalan irraa eegama. Kunis to'annoo namoota gurguddoo biroo jalatti kan ta'u yoo ta'u, isaanis leenjifamaan ofii isaatii waa'ee hundee leenjii irratti hirmaate beeksaniiti. Dhuma irratti garuu barbaachisaa ta'e, maanuwaalii kun ergaa ijoo tokkoon tokkoon isaaniitiif yoo xiqqaate fakkiwwan fakkeenya lama of keessaa qaba. Suuraaleen ergaawwan ijoo leenjii kanaa agarsiisuuf kan yaadamanidha.</p>

Leenjii maanuwaalii kana keessatti geggeeffaman, tokkoon tokkoon isaanii dhaggeeffannaa barnota raadiyoon, walakkaa leenjii sanaaf flip chart (Waraqaa gurguddaa yaadannoo irratti qabatan) fakkiilee fi poostaroota dallaa kutaalee leenjii irratti fannifamaniin sirriitti deggaramuu qabu.

5. GAHEEFI ITTI GAAFATAMUMMAA

Sagantaa leenjii kana keessatti qooda fudhattoonni gurguddoon sadii ni hirmaatu: qindeessitoota sagantaa, leenjistootaa fi leenjifamtoota.

ITTI GAAFATAMUMMAA QINDEESSITOOTA SAGANTAA: Gaheen qindeessitoota sagantaa leenjii hogganuu, qindeessuuf adeemsa leenjii hordofuu dha. Kana malees loojistikii barbaachisu dhiyeessuu, leenjii leenjistootaaf qindeessuu, sagantaan leenjii marsaa murtaa'e tokko erga xumuramee booda gamaaggama gaggeessuun isaan irraa eegama.

ITTI GAAFATAMUMMAA LEENJISTOOTAA: Leenjistoonni ogeessota (barsiisota daa'immanii, hojjetoota ekisteenshinii fayyaa, narsoota, hojjetoota hawaasummaa, ogeeyyii xiin-sammuu, gorsitoota) akkasumas tola ooltota dargaggoota baratan kanneen maatii/ kunuunsitoota waliin hojjechuu fi sagantaa leenjii leenjistootaa torban tokkoo irratti hirmaachuuf fedhii qabanidha. Itti gaafatamummaan leenjistootaa leenjii kanaaf haala mijeessuu yoo ta'u kunis kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

- Kutaan leenjii akka jalqabu qophii barbaachisu gochuu (bakka, leecalloo barbaachisu)
- Tokkoon tokkoon kutaadhaaf of qopheessuu, qajeelfama kana dubbisuu fi kutaalee raadiyoo dursanii dhaggeeffachuu
- Leenjifamtoota simachuu, kutaa fi kaayyoo leenjii beeksisuu,
- leenjifamtoonni marii garee fi marii waliigalaa irratti hirmaachuun calaqqee akka dhiyeessan gochuu, shaakalaaf haala mijataa uumuu.
- Mariif haal mijeessuu (baayinnaan akka jiraatu taasisuu)
- Mariiwwan sirnaan hordofuu fi yaada dogoggoraa tokko tokko qabachuu
- Mariiwwan taasifamanirratti yaadannoo qabachuu
- Leenjifamtoonni yaada dogoggoraarratti akka yaada calaqqisiisan, morman fi akka yaada jijjiiran gargaaruu

- Ergaawwan ijoo akka leenjifamtoonni xiyyeeffannoon qabatan taasisuu
- Ergaa barreeffamaa fayyadamuun yaadota murteessoo tokko tokko leenjii guyyaa sanaa wajjin walqabatan ibsuu
- Leenjifamtoota fedhii addaa qabaniif deeggarsa teeknikaa, currisaa fi ogummaa kennuu
- Yeroo leenjii sirnaan fayyadamuu
- Barnoota guyyaa sanaa cuunfuun wantoota murteessoo ta’an akka fudhataman akeekuu, maaltu akka gaariitti hojjetame fi maaltu jijjiiramuu akka qabu leenjifamtoota irraa yaada argachuu fi kutaa itti aanu haala kanaan karoofachuu.
- Leenjifamtootaaf hoji-manee kennuufi kutaa itti aanu keessatti gabaasni akkamii isaanirraa akka eegamu akeekuu
- Jalqaba, haala adeemsafi xumura sagantaalee leenjii geggeessaa/ qindeessaa sagantichaaf gabaasuu. Gabaasa gamaaggama leenjichaa gabaasa isa dhumaa keessatti galchuu.
- Leenjistoosni adeemsa leenjii keessatti leenjifamtoonni leenjii kana akka garee deeggarsa maattitti fudhachuun yaaddoo, muuxannoo dhiphinaafi qormaata isaanii akka qooddatanii fi deeggarsa hawaasummaa, xiinsammuu fi currisaa garee irraa akka argatan sirnaan deeggaruu.

Itti Gaafatamummaa Leenjifamtoota: Leenjifamtoonni nama biraatiin akka barsiifamanitti ofi ilaaluu osoo hin taane qajeelfama haala mijeessitootaatiin muuxannoo isaanii isa gaarii namoota biroo akka qoodan beeksifamuu qabu. kanaafuu gahee murteessaa leenjii keessatti qaban hubachuun marii garee, gocha dhuunfaa fi garee, fi hoji-manee fudhachuu keessatti dammaqinnan hirmaachuun akka baratan jajjabeeffamuu qabu.

Leenjifamtoonni hoji-manee fudhachuu cimsanii akka ilaalan, tokkoon tokkoon leenjii akkuma xumuramuun namoota mana keessatti argamaniif akka beeksisan, gochaawwan manatti raawwachuu qaban namoota barbaachisoo ofii filatan jalatti raawwachuun (ijoollee hangafaa, haadha/abbaa manaa, ollaa ykn miseensa maatii) yaada isaan irraa argachuu, yaada kana irratti hundaa’uun jijjiirama barbaachisu gochuu, muuxannoowwan adda ta’an leenjifamtootaaf leenjistootaaf gabaasuu.

Leenjifamtoonni ga’umsota ijoo ta’an gonfachuudhaaf leenjii kamiyyuu akka hin hafne ni gorfamu. Leenjiiin kamiyyuu isaan yoo darbe, leenjisaa waliin yeroo dabalataa fudhachuurratti haasa’uu qabu.

6. HAALA LEENJIIFI BAKKA LEENJII

Leenjiiin kan kennamu leenjifamtoonni qaamaan argamaniiti yoo ta’u, leenjisaa tokkoof leenjifamtoonni 20 hanga 30 ta’antu ramadama. Leenjiiin kun ergaa raadiyoo dhaggeeffachuufi ergaawwan raadiyoo ijoo irratti hundaa’uun calaqqee taasisu fi gochaawwan shaakaluu kan of keessatti hammatedha.

Leenjiiin idilee gaaddisa mukaa jalatti ykn iddoowwan biroo hawaasa keessatti argaman kanneen akka mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa duraa fi manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa, buufata fayyaa, paarkiiwwan, iddoowwan waaqeffannaafi iddoowwan mijatoo biroo ta’uu danda’u.

7. MEESHAALEE DEGGARSAA

Kutaa leenjii hunda keessatti leenjisaan leeccalloowwan armaan gadiitti tuqaman fayyadamu irraa eegama:

- a. Maanuwaalii leenjii kanaa
- b. Sagantaa raadiyoo ergaawwan tokkoon tokkoon 24f, fi
- c. Baanarii suuraa 12 kan ergaawwan ijoo filataman 12 agarsiisan

8. AKKAATAA ITTI FAYYADAMA MAANUWAALII LEENJII

YEROO RAADIYOO WAJJIN WALITTI DHUFEENYA: Maanuwaaliin kun yeroo raadiyoo wajjiin walqabatee kan qophaaye dha. Haala lenjistootni raadiyoo yemmuu banan leenjifamtoonni xiyyeeffannoon akka dhaggeeffatan waamicha gochutu irraa eegama. Gaaffii leenjifamtoota irraatti hundaa'uun leenjistoonni raadiyoo irra deebi'anii dhageesisuu ni danda'u. Sana booda, qajeelfama armaan gadii fi kutaa leenjii keessatti tuqaman irratti hundaa'uun leenjichi ni adeemsifama.

BANIINSA, ADEEMSAFI CUFIIINSA LEENJII: Leenjistoonni haal-duree tokko malee leenjifamtoonni fudhatama argachuun isaanii akka itti dhagahamu, dandeettii isaan keessa jiru akka hubataniifi adeemsa leenjii keessatti dammaqinaan akka hirmaatan simannaa gochuu, jajjabeessuufi ga'uumsa akka argatan taasisuun barbaachisaadha.

Fudhatammni haal-duree tokko malee kun leenjifamtoonni akka of-ilaalani fi wonta jijjiiramuu qabu akka adda baasan gargaara. Leenjisaan haala barumsaa mijataa akkasii erga uumee booda, gaaffii fi ilaalcha ballisuun gaafachuun, falmii fi yaada calaqqisiisuu, marii dhuunfaa fi gareef haala mijeessuun irraa eegama.

Leenjistoonni yaadannoowwan leenjii gabaabaan furmaataa ajajuuf osoo hin taane dhimmoota murteessoo marii irraa dhufan guddisuurratti xiyyeefatuu qabu. Sana booda, leenjistoonni marii sana haala leenjifamtoonni shaakala manaa fudhachuuf itti tolutti gabaabsee ibsa. Dhumarratti, leenjistoonni barbaachisummaa hoji-manee, akkaataa itti hojjetamuu qabuu fi gabaasa muuxannoowwan adda ta'an kutaa itti aanu keessatti akka eegamu hubachiisuu qabu.

WALITTI HIDHAMIINSA KUTAA GIDDUUTTI EEGUU: Maanuwaaliin leenjii kun ergaawwan ijoo haala walxaxaa ta'een walitti hidhaman irraa kan ijaarmedha. Leenjii kun dhumarratti ogummaawwan guddina waliigalaa daa'immaniif murteessoo ta'an horachuuf gumaacha guddaa kan taphatudha.

Kanaafuu, leenjistoonni kutaa hundaa keessatti akkaataa kutaan ammaa isa duraa wajjin walqabatu (jalqaba kutaa irratti) akkasumas akkamitti akka bu'uura itti aanuuf (dhuma turtii irratti) ta'u agarsiisuun barbaachisaa dha.

JIJJIIRAMA TARKAANFIIWWANII: Leenjistoonni tarkaanfiiwwaniifi pirootokoolota Maanuwaalii leenjii keessatti argaman hordofuun kan barbaachisu yoo ta'u, maanuwaalichi sanada ajaja cichoominaan hordofamuu qabu akka hin taanes hubatamuu qaba. Garuu Maanuwaalicha haala addaa leenjii tokkoon tokkoon isaa haala bu'a qabeessa ta'een keessummeessuu danda'uun haala jijjiiramaa ta'een itti fayyadamuu qabna. Kanaafuu, leenjistoonni maanuwaalii kana mala kalaqaan hojiirra oolchuuf fayyadamun baay'ee kan barbaadamudha.

QULQULLINAAFI SOORATA



YEROO BARBAACHISAA TA'ETTI HARKA DHIQACHUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 10)

- Haala mijeessitootni maatii/kunuunsitoota ijoollee gara kutaa jalqabaatti afeeranii ni simatu. Haala mijeessitootni sagalee nama gammachiisanitti fayyadamuudhaan fuula ifaan leenjifamtoonni akka of beeksisan ni afeeru (Maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniifi bultoo jireenyaaf maal akka hojjetan, fi kkf., akkarratti xiyyeefatan)



2. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitootni maatii/kunuunsitootni garee akka ijaaran gaafatu. Sana booda, mata dureen leenjii guyyichaa 'Yeroo Barbaachisaa ta'etti Harka Dhiqachuu' irratti akka ta'e itti himu.
- Tokkoon tokkoon hirmaattoota leenjichaa waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; achiin booda, dhuma leenjichaa irratti mari'atanii marii sana irraa wanti isaan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa ilaalu.
- Haala mijeessitootni kaayyoowwan yookiin bu'aa leenjii kana irraa akka argamaniif eegaman akka armaan gadiitti leenjifamtoota waliin qooddatu:

Xumura kutaa kanaa irratti leenjifamtoonni:

- Harka dhiqachuun yoom akka barbaachisu adda baasuun ni beeku
- Barbaachisummaa harka dhiqachuun fayyaa daa'immaniif qabu adda ni baasu
- Ijoollee isaanii dhukkuboota, keessumaa dhukkuba garaa kaasaa irraa eeguuf ga'uumsaafi kaka'umsa ni horatu.
- Yeroo barbaachisaa ta'etti harka isaanii ni dhiqatu.



3. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitootni dhimma qulqullina dhuunfaafi qulqullina naannoo daa'immaniin walqabatee balaa hamaa fiduu danda'an irratti gaaffilee waliigalaa armaan gadii gaafachuun eegalu.
- Hawaasni naannoo keenyaa garaa kaasaan daa'immanii (guyyaatti bobbaa (albaatii) yeroo sadiifi isaa ol ba'uun) akka lubbuu daa'immanii balaa irra buusutti ni fudhatuu? Maaliif fudhatu? Maaliif hinfudhanne? (Gaaffilee ilaalchaan walqabatan bal'inaan gaafadhaa: 'Namni tokkollee dhibee garaa kaasaan du'ee hinbeeku', 'Daa'imman garaa kaasaan qabamuun waanuma jiruufi ittifamuu kan hindandeenyadha' kan jedhuufi kkf.)
- Yaada armaan gadii kanneen maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa



Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf

- Garaa-kaasaa jechuun guyyaatti bobbaa dhangala'aa ykn albaatii yeroo 3 fi isaa ol haala hinbaratamneen bobba'uu ykn baasuu jechuudha. Kana jechuun garuu, namni tokko ykn daa'imni harma hootu tokko guyyaatti yeroo sadii bobbaate jechuun garaa-kaasaa ta'uu dhiisuu danda'a.
- Garaa kaasaan yeroo daa'imman mudatu soorata guddinaaf barbaachisu irraa dhorka. Kun immoo hanqina nyaataaf daa'imman saaxila. Daa'imman hanqina nyaataa qaban garaa-kaasaadhaan dhukkubsachuuf carraan isaan qaban guddaadha.
- Dhukkubni garaa kaasaa addunyaa guutuutti daa'imman ajjeesuudhaan adda duree yoo ta'u, lubbuu daa'imman yoo xiqqaate 1,200 ol guyyaa guyyaan galaafata, ykn waggaatti daa'imman gara 444,000 ajjeesa.
- Dhukkubni garaa kaasaa harki guddaan qulqullinaa dhuunfaafi naannoo eeguun ittisuun ni danda'ama



4. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitoonni 'yeroo barbaachisaa ta'etti harka dhiqachuun murteessaa ta'usaa raadiyoon dhageefachiisuun, maatiin/kunuunsitoonni caalatti hubachuu akka danda'an godhu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhageefachiisu). Itti aansuun, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii bal'aa taasisu:
 - *Yeroo marii geggeessanitti, Caaltuun barbaachisummaa harka saamunaadhaan dhiqachuu kaasteerti. Harka dhiqachuuf yeroon murteessaan Caaltuun kaaste maalfaadha? (Gaaffii itti bal'isaa gaafadhaa – yoo hin kaafamne, nyaata nyaachuun dura, daa'imman nyaachisuun dura, nyaata qopheessuun dura, mana fincaanii erga fayyadamnee booda, akkasumas qaama bobbaa daa'immanii erga qulqulleessinee booda saamunaadhaan harka dhiqachuu)*
 - *Caaltuu, Haadha Obseefi Abbaa Dhaqqabaa barbaachisummaa saamunaadhaan harka dhiqachuu irratti mari'ataniiru. Harka keenya bishaanifi saamunaan dhiqachuun maaliif barbaachise? (Gaaffii itti bal'isaa gaafadhaa – yoo hin kaafamne, garaa kaasaaf du'a daa'immaniillee akka hin uumamneef, akkasumas daa'immaniif maatiin fayyaa akka qabaatan gochuufi kkf dabalata)*
 - *Haati Obsee meeshaa harka dhiqannaa hojjechuuf malli salphaan akka jiru dubbatteetti. Akkamitti hojjetama? (Gaaffii itti bal'isaa gaafadhaa – yoo hin kaafamne meeshaan harka dhiqannaa tokko kan dalagamu, jaarikaana jala isaa huruudhaan, uraa sana mismaaraan cufuudhaan hojjetamuu akka danda'u ibsaa. Akkasumas, mana keessatti, meeshaa kana hojjechuuf karaan heddu akka jiruuf maatiin/kunuunsitoonni kanneen yaaluu akka danda'an ibsaa)*
 - *Wantootni hawaasni akka saamunaatti itti fayyadamuu danda'an ni jiruu? (Gaafficha bal'isaa gaafadhaa! – Fakkeenyaaf, kan akka daaraa ibiddaa, handoodee fi kkf. Kenna)*



5. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni gareewwan maatii/kunuunsitootaa gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba leenjii har’aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har’a maal baranne?*
- **Qajeelcha hHaala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa leenjii har’aa gabaabsuun ibsu:



Ergaawwan Ijoo

- Dhukkubni garaa kaasaa daa’imman kan ajjeesuu danda’uufi du’aatii daa’immaniif
- sababa isa guddaadha.
- Harka keenya saamunaan yookiin wantoota saamunaa bakka bu’an fayyadamuun dhiqachuun dhibee garaa kaasaa fi du’aatii daa’immanii ittisuun ni danda’ama.
- Nyaata nyaachuun dura, daa’immaniif nyaata kennuun dura, nyaata qopheessuun dura, mana fincaanii erga dhaqnee boodafi erga daa’imman qaama ishee dhiqnee booda harka keenya saamunaan yookiin wantoota saamunaa bakka bu’an fayyadamuun harka keenya dhiqachuun barbaachisaadha.
- Hawaasa keenya keessa barsiifataaleen qulqullina dhuunfaaf naannoo eeguu jajjabeessan hedduutu jiru, isaan itti fuufsisuuf jajjabeessuu qabna.



6. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Barbaachisummaa saamunaadhaan yookiin wantoota saamunaa bakka bu’uu danda’aniin harka dhiqachuu akka qaban ijoollee barsiisaa. Akkasumas, yeroo barbaachisaa tahetti harka dhiqachuu akka qaban daa’imman hubachiisaa!
- Ijoollee keessan waliin mana keessan keessatti, meeshaa harka dhiqannaaf tajaajilu qopheessaa.
- Yeroo barbaachisaa ta’etti saamunaa ykn wantoota saamunaa bakka bu’aniin harka dhiqachuu shaakalaa!

Nyaata nyaachuun dura, daa'immanif nyaata kennuun dura, nyaata qopheessuun dura, mana fincaanii erga dhaqnee boodafi erga daa'imman qaama ishee dhiqnee booda harka keenya saamunaan yookiin wantoota saamunaa bakka bu'an fayyadamuun harka keenya dhiqachuun barbaachisaadha.



KUTAA 2

BARSIIFATA HARMA HOOSISUU FOOYYESSU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota leenjiif dhufan fuula ifaan simatu;
- Namoonni haaraa dhufan maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniif jireenyaaf maal akka hojjetan ni ibsu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoota kutaa darbee irratti muuxannoowwan hojiilee mana keessatti hojjetaman irratti qaban akka waliif qoodan taasisu. Akkasumas, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uudhaan gareewwanirraa calaqqeefi duubdeebiin akka kennamu gaafatu.

➤ *Meeshaa harka dhiqannaa ijoollee keessan waliin mana keessanitti hojjechuu dandeessaniittuu? Rakkoo akkamiitu isin muudate? Rakkoo kana akkamitti furtan? (Gaaffii kana bal'isaa gafadhaa! – Haala mijessitoonni hirmaattonni muuxannoo isaanii akka qoodan jajjabeessu!)*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoota garee akka ijaaran gaafachuun kutaan har'aa '**barsiifata harma hoosisuu fooyyessuu**' akka ta'e itti himu. Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriya isaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan walitti himu; achiis dhuma leenjichaa irratti wanti isaan leenjicharraa eegan guutamuuf dhiisuu isaa ilaalu.
- Haala mijeessittonni kaayyoowwan yookiin bu'aa leenjii sana irraa akka argamaniif eegaman akka armaan gadiitti leenjifamtootaa waliin qooddatu:

Xumura kutaa kanaa irratti leenjifamtoonni:

- Barbaachisummaa dafanii harma hoosisuu jalqabuuf harma qofa hoosisuu adda ni baasu;
- Daa'imman isaanii harma hoosisuun dhukkubaaf du'a irraa eeguun akka danda'amu fedhiif kaka'umsa nihoratu;
- Haadhooliin dafanii harma hoosisuu nijalqabu; akkasumas, harma qofaa hoosisuu hojiirra oolchu.



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitoonni gaaffilee marii waliigalaa harma hoosisuu armaan gadiitiin marii ni jalqabu:
 - *Faayidaa harma hoosisuu keessaa muraasni maali fa'i? (Gaaffii kana itti bal'isaa gaafadhaa – yoo marii keessatti hinkaane ta'e, barbaachisummaa fedhii soorata daa'immanii dhiyeessuu wajjin walqabatee jiru kaasaa; waa'ee barbaachisummaa walitti dhufeenya haadhaf daa'ima gidduutti guddisu kaasaa; faayidaa inni dhukkuba irraa daa'imman eeguuf qabu achiin immoo maallaqa qusachuu fi kkf kaasaa!)*



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni 'barsiifata harma hoosisuu fooyyessu' irratti raadiyoo dhaggeefachiisu, maatiin/kunuunsitoonni yeroo dhaggeeffannaa radiyoo sagalee raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhaggeeffachiisu). Sana booda, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'un marii taasisu.
 - *Harma hoosisuu dafanii jalqabuun barbaachisaa ta'uu isaa narsii irraa raadiyoo irratti dhageenye. Haadhooliin yoom harma hoosisuu jalqabuu qabu? Harma hoosisuu dafanii jalqabuun maaliif barbaachise? (Yaada kana bal'isuudhaan! – yoo marii irratti hin kaafamne, maaloo harma hoosisuun dhalatani sa'aatii jalqabaa keessatti jalqabamuu akka qabuuf daa'imman dhukkuba irraa eeguuf kan gargaaru ta'uufi akka talaallii jalqabaattiillee kan ilaalamu ta'uu ibsaa)*
 - *Fatiyaafi harmeen Obsee haadhooliin daa'imman isaanii maaliif akka silga hinhoosisnerratti ilaalcha qaban waliif qoodan. Ilaalchi kun isin biratti akkami? Hawaasa keessan keessattis gochi akkasii jiraa? Sababni isaa hoo? (Gaaffii kana itti bal'isaa gaafadhaa! – daa'immaniif akka ulfaataa ta'etti fudhatamuu ta'us barbaachisummaa isaas hubachiisuun gaariidha)*
 - *Narsiin dhangala'oo tokko tokko kan silga dura kennaman (pre-lacteals) kaasteerti; kun hawaasa keessan keessattis ni raawwatamaa? Silga hoosisuun miidhaa ni fida jettanii yaadduu? (Gaaffii itti bal'isaa gaafadhaa! – yoo hin mari'atamne, miidhaa kan akka aannan harmaa hodhuu hir'isuu, soorata aannan harmaa hodhuun argamu dhabuu, fi balaa faalamaa kaasuun barbaachisaadha)*



Yaadannoo haala mijeessitootaaf

- Harma hoosisuu dafanii jalqabuu jechuun daa'imman akkuma dhalataniin silga hoosisuu dha.
- Silgi yeroo hedduu akka dandeettii dhukkuba ittiusuu (talaallii) daa'ima isa jalqaaatti fudhatama. Daa'imman dhukkuba , infekshinii fi du'a irraallee ni ittisa.
- Daa'imman erga dhalatani booda guyyoota jalqabaa keessatti silga dura kan akka bishaan, aannan haadhaa kan hintaaneefi kkf obaasuun fedhii aannan harmaa hodhuu hir'isa, soorata aannan harmaarraa argamu akka hiri'atu taasisa, akkasumas carraa dhukkuba bishaan faalameen dhufuufi dhangala'oo biroo irraa dhufu ni dabala.
- Addumaan harma hoosisuu qofa jechuun daa'imni tokko hanga ji'oota 6 aannan harmaa qofa soorachuu jechuudha, Nyaata dabalataa bifa dhanagala'aan , bishaanillee dabalatee kennuufii dhiisuu jechuudha.
- Harma qofa hoosisuun du'a daa'immanii ittisuuf tarsiimoo bu'a qabeessa ta'an keessaa isa tokkodha. Daa'imman ji'a 2 gadi harma hin hoone carraan dhukkuba garaa kaasaa ykn dhukkuba sirna hargansuu cimaatiin du'uu isaanii kanneen harma hodhan caalaa dachaa jahaan caala.
- Garaa kaasaan bishaan qaama keessaa hir'asa, akkasumas hanqina nyaataa hir'isa waan ta'eef harma hoosisuu itti fuufuun hammaafi turtii garaa kaasaa hir'isuun daa'immaa dhukkubsatan akka fayyan taasisa.



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni gareewwan jalqaba ijaaraman gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba leenjii kutaa har'aa irratti maal argadha jettanii yaaddanii turtan? Wantoota yaaddani argattanii jirtuu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha Haala Mijeessitoota** – Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsanii ibsu:



Ergaawwan Ijoo


- Dafanii harma hoosisuu jalqabuufi hanga ji'a 6tti harma haadhaa qofa hoosisuun infeekshiniifi du'aatii daa'immanii hir'isuufi fayyaa daa'immani eeguuf nigargaara.
- Silgi madiinummaa qaamaa daa'immanii ijaruuf tooftaa isa jalqabaati; akkasumas, talaallii daa'imaas isa jalqabaa akka ta'eetti fudhatama.
- Daa'imni dhalattee guyyoota jalqabaa keessatti harma haadhaan dura nyaata soorata biroo kennuun guddinaaf fayyaa daa'imaas jeeqa



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Waa'ee dafanii harma hoosisuu jalqabuu fi harma qofaa hoosisuu ilaalchisee waan barattan ollaa keessaniif qoodaa!
- Miidhaa sooranni harma-dureen daa'imman irraan gahu ibsuun hawaasni akka irraa fagaachuu qabu leellisaa. Dafanii harma hoosisuu jalqabuufi harma qofa hoosisuun fayyaa daa'immaniif barbaachisaa tahuu isaa hawaasaaf ibsaa.

Dafanii harma hoosisuu jalqabuufi hanga ji'a jahaatti harma haadhaa qofa hoosisuun infeekshiniifi du'a daa'immani hir'isuufi fayyaa daa'immanii eeguuf ni gargaara!



SOORATA DABALATAA



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota leenjii har'aa fuula ifaan simatu.
- Namoonni haaraa dhufan maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaanii fi jireenyaaf maal akka hojjetan ni himu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA DHIYEESUU (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Hijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoonni kutaa darbee irratti muuxannoowwan hojiilee mana keessatti hojjetaman irratti qaban akka waliif qoodan taasisu. Akkasumas, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa' uudhaan gareewwan calaqqeefi duubdeebii akka kennan gaafatu.
 - *Miidhaa sooranni harma-dureen qabu ollaa keessan waliin mari'achuu dandeessaniittuu? Miidhaawwan kana keessaa muraasni maal fa'i? (Yaada bal'isaa kaasaa – yoo marii irratti hin kaafamne, harmaa hodhuu hir'isuu, soorata aannan harmaarraa argamu dhabuufi balaa faalamaa kaasuun barbaachisaadha.)*
 - *Ergaawwan ijoo turtii duraa keessaa yaadachiisuun kutaa kana goolabaa.*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitoonni Maatiin/kunuunsitoonni garee akka ijaaran gaafachuun kutaan har'aa '**soorata dabalataa**' akka ta'e itti himu. Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriya isaanii waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan walitti himu; dhuma leenjichaarrattis mari'atanii leenjiicha kana irraa wanti eegan guutamuu fi dhiisuu isaa adda baafatu.
- Haala mijeessittonni kaayyoowwan yookiin bu'aa leenjii kana irraa akka argamaniif eegaman akka armaan gadiitti leenjifamtootaa waliin qooddatu:

Xumura kutaa kanaa irratti leenjifamtoonni:

- Faayidaa soorata dabalataa baatii ja'a booda egalsiisuun qabu ni hubatu
- Gosoota sorata dabalataa keessatti hammatamuu qaban fi irra deddeebiin nyaachifamuu qaban ni hubatu
- Fayyaa daa'immanii eeguuf fedhii fi kaka'umsa ni qabaatu
- Daa'immaniif soorata dabalataa adda addaa irra deddeebiin ni keenu.



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii soorata dabalataa irratti kennaniin leenjii ykn marii jalqabsiisu:
- *Daa'imni tokko aannan harmaa cinatti soorata dabalataa yoom nyaachuu jalqabuu qabdi? Soorata dabalataa nyaachisuun maaliif barbaachisa? (Yaada kanabal'isaa kaasaa– yeroo marii, yoo hin kaafamne, daa'imman erga dhalatani jii'a 6 booda aannan harmaa malees fedhii isaanii guutuuf nyaata dabalataa akka barbaadan ibsaa!)*



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitootni 'Soorata Dabalataa' irratti raadiyoo dhaggeeffachiisu, maatiin/kunuunsitootni yeroo dhaggeeffannaa radiyoo sagalee raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhaggeeffachiisu). Sana booda, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'un marii taasisu:
 - *Yeroo raadiyoo dhaggeeffannaa irratti harmeen Obsee madda nyaataa gosa afur kan nyaanni dabalataa irraa qophaa'uu qabu kaasteetti; maddoonni kun maalfa'i? (Yaadicha bal'isaa kaasaa – gosootni nyaataa maddoota armaan gadii irraa argaman akka caqafaman mirkaneessi; beeladoota irraa, daakuu miidhaan adda addaarraa walmakee qophaa'e, (atarii, baaqelaa, shumburaa, fi kkf), fuduraaleefi kuduraalee.)*
 - *Sooranni madda nyaataa afran kana irraa jechuunis madda bineensotaa, daakuu miidhaanii adda addaa (atarii, baaqelaa, shumburaa, fi kkf) fi fuduraalee fi kuduraalee hawaasa keessan keessatti argamuu? Mee gosoota nyaataa kana keessaa muraasa isaanii himaa. Sooranni dabalataa maddoota nyaataa kanirraa qophaa'uu danda'uu? (Yaadicha baballisaa kaasaa – sooranni dabalataa nyaata gosa adda addaa 3 hanga 4tti qophaa'uu akka qabu eeruun daa'imman soorata dabalataa sirrii ta'e akka argatan gochuun barbaachisaa akka ta'e ibsaa!)*
 - *Haati Obsee yeroo Abbaa Dhaqqabaa waliin haasa'anitti daa'imman jii'a 6 ol ta'an irra deddeebiin nyaachisuun barbaachisaa akka ta'e kaafteetti; daa'imman jii'a 6 hanga 24 gidduu jiran yeroo meeqa nyaachuu qabu? Maaliif? (Yaadicha baballisaa kaasaa – daa'imni tokko yeroo meeqa nyaachuu akka qabu: Daa'imni tokko guyyaatti nyaata yeroo 2 hanga 3 nyaachuu akka qabuuf baatii sagal kan guutan immoo, suuta suuta gara yeroo 3 hanga 4 tti dabaluuun barbaachisaa akka ta'e ibsaa)*



Yaadannoo haala mijeessitootaaf

- Soorata dabalataa jechuun yeroo aannan harmaa qofti gahaa hin taanee nyaataafi dhangala'oo biroo aannan harmaa cinatti barbaachisudha. Nyaanni dabalataa daa'imman umriin isaanii ji'a 6-24 ta'aniif barbaachisa.
- Guddina sammuu fi qaama fayya qabeessa ta'e mirkaneessuuf sooratni madaalawaan yeroo daa'imummaarraa kaasee barbaachisaa dha.
- Sirni soorata gaarii hin taanee fi madaalawaa hintaane dandeettii barumsaa gara fuula duraa, oomishtummaafi dinagdee, dandeettii ittisa dhibee fi walhormaataa irratti dhiibbaa uumuu danda'a.
- Rakkooleen nyaata dabalataa sirnaan kennuu waliin walqabatan: nyaata dabalataa yeroon isaa sirrii hin taane (yeroo dursanii ykn tursanii); yeroo baay'ee nyaachisuu (daa'imman guyyaa guutuu yeroo baay'ee nyaachisuu- yeroo 4 hanga 5, sababa garaan isaanii xiqqaa ta'eef ni miidhamu); mala nyaataa, qulqullinafi gocha kunuunsa daa'immanii gaarii hin taane hordofuu; too'annaa malee nyaachisuufi walqunnamtiin kunuunsituufi daa'ima gidduu jiru badaa ta'uu mala.
- Nyaanni dabalataa akaakuu nyaataa adda addaa 3 hanga 4 irraa qophaa'u ta'uu qaba: nyaata beeyladoo irraa maddan, daakuu gosa midhaan adda addaarraa walitti amakaman (atara, baaqela, misira, shumburaa daakanii walitti makuun) akkasumas fuduraaleefi kuduraalee



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha haala mijeessitoototaa** – Haala mijeessitoonni gareewwan jalqabaa maatiin/ kunuunsitoonni gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookii galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guuttamaniiru?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha haala mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa goalabu:



Ergaawwan Ijoo

- Ji'a 6 booda, daa'imman soorata barbaachisaa ta'e harmaa irraa argamu caalaatti waan barbaadaniif, nyaata dabalataa jalqabuu qabu.
- Nyaanni dabalataa madda nyaataa 3 hanga 4, jechuunis nyaata madda bineensotaa, daakuu midhaan oomishaman addaa addaarraa, midhaan ittoof oomishaman, fi Kuduraalee/ fuduraalee of keessaa qabaachuu qaba
- Daa'immaniif soorata dabalataa Irra deddeebiin umurii wajjin suuta suutaan dabaluuun barbaachisaadha



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Waan baratte irratti hundaa'uun nyaata dabalataa qopheessi, kutaa itti aanutti muuxannoo kee qoodi!
- Nyaata dabalataa irratti waan barattan ollaa keessaniif qoodaa!

Ji'a 6 booda, daa'imman soorata barbaachisaa ta'e harmaa irraa argamu caalaatti waan barbaadaniif, nyaata dabalataa jalqabuu qabu.



DAA'IMMAN TALAALCHISUUN DHIBEERRAA ITTISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota leenjiif dhufan fuula ifaan simatu.
- Namoonni haaraa dhufan maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaanii fi jireenyaaf maal akka hojjetan ni ibsu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni maatiin/kunuunsitoonni hojii manaa kutaa darbee irratti muuxannoowwan qaban akka waliif qooddatanfi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun garee irraa namoonni yaadaa akka kennan ni taasisu.
 - *Waan kutaa darbe irratti mari'anne irratti hundaa'uun sorata dabalataa qopheessuu dandeessaniittuu? Madda nyaataa akkamii fayyadamtan? Rakkooleen isin mudatan jiruu? (Yaadicha bal'isaa ibsaa – Maatiin muuxannoo akka qooddatan taasisaa, madda nyaataa yoo dagatan nyaanni dabalataa madda nyaataa 3 hanga 4 irraa, jechuunis nyaata madda beeyiladootaa, Daakuu midhaani adda addaarraa qophaaye, akkasumaus fuduraalee fi kudaraalee of keessaa qabaachuu akka qaban yaadachiisaa!)*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala Mijeessitootni maatiin/kunuunsitoonni garee akka ijaaran ni gaafatu. Hirmaattonni kutaan har'aa 'daa'imman talaalchisuun dhibeerraa ittisuu' akka ta'e itti himu. Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan walitti himu; dhuma leenjichaarrattis mari'atanii leenjii kana irraa wanti eegan guutamuu fi dhiisuu isaa adda baafatu.
- Haala mijeessittonni kaayyoowwan yookiin bu'aalee leenjii kana irraa akka argamaniif eegaman akka armaan gadiitti leenjifamtootaa waliin qooddatu:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- Barbaachisummaa guutumatti daa'imman talaalchisuu beekuu
- Daa'imman isaanii guutummaatti talaalchisuurraa kan ka'e ofitti amanummaa qabaachuuf yoom gara dhaabbilee fayyaa geessuu akka qaban ni beeku
- Daa'imman isaanii talaallii guutuu akka argatan warra taasisan ni ta'u!



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Baala Mijeessitoota** – Haala mijeessitootni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii waa’ee gochaalee talaalii fi kunuunsa barbaachisu irratti marii jalqabsiisu:
 - *Barbaachisummaan talaalii maali? (Yaada kana ballisaa! – yaadni hinkaaname yoo ta’e, Talaalliin karaa ittiin daa’imman dhukkuba lubbuu isaaniitiif sodaachisu kan akka Pooliyoo, gifira, fi kkf irraa baraaruu daa’imman gammachuuf fayyuummaadhaan akka guddatan kan gargaaru ta’uu isaa ibsaa!)*



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Hijeessitootaa** – Haala mijeessitoonni ‘Talaalii guutuu jajjabessuu’ irratti raadiyoo dhagefachiisu, maatiin/kunuunsitoonni yeroo dhageeffannaa radiyoo sagalee raadiyoo dhaggeeffachuu danda’uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta’e yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhaggeeffachiisu). Sana booda, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun marii taasisu:
 - *Kanaan dura barbaachisummaa talaalliin fayyaa daa’immaniif qabu irratti mari’annee turre, raadiyoo irrattis, Caaltuun faayidaa talaalii sadarkaa jalqabaa qofa osoo hin taane barbaachisummaa talaalii itti aanan guutumatti akka argatan gochuu kaasteerti. Faayidaan daa’imman guutummaatti talaalii fudhachiisuu maali?(Yaadicha ballisaa – yeroo marii yoo hin kaafamne, talaalliin guutuun daa’imman dhukkuboota akka teetanasi, hepatitisfi kkf irraa akka eegu ibsaa!)*
 - *Maatiin/kunuunsitoonni hawaasa keessan keessa jiran daa’imman talaalii guutuu akka argatan taasisuu (jachuunis, yeroo dhalatan, torban 6, torban 10, torban 14, fi ji’a 9)? Yoo hin taane maaliif? (Gaafficha baballisaa – keessumaa talaalliwwan jalqabaa kaasee hanga dhumaa jiran xumuruu dhabuu isaanii irratti xiyyeeffadhaa!)*
 - *Yeroo raadiyoo irratti, Caaltuun tooftaalee maatiin/kunuunsitoonni ijoollee isaanii guutummaatti talaalii akka argatan gochuuf talaalii sadarkaa adda addaa akka yaadatan gochuuf maatiin/kunuunsitoonni itti fayyadamuu danda’an tokko tokko kaaste. talaalliin sadarkaa adda addaa ijoollee keenyaaf kennamu hunda yaadachuuf tooftaaleen kunniin fi kanneen biroo maalfa’a? (Baballisaa– maatiin/kunuunsitoonni guyyoota talaalii sirrii ta’e yeroo daawwannaa/yeroo dhalatan ogeessota fayyaa ifatti gaafachuu irraa eegalee akkasumas taateewwan naannoo, ayyaana amantii/aadaa fi kkf guyyoota kanaa walqabsiisuu irraa eegalee guyyoota yaadachuuf karaalee qabatamaa adda addaa irratti haa mari’atanii!)*



Yaadannoo haala mijeessitootaaf

- Dhukkuboonni talaalliin ittifamuu danda’an du’a daa’imman umriin isaanii waggaa shanii gadi ta’eef gahee guddaa qabu
- Daa’imman talaalii fudhatan barumsaarratti cimoo ta’u, hirmaannaa dinagdee hawaasa keessattis gahee olaanaa qabu.
- Maatiin/kunuunsitoonni daa’imman mallattoolee armaan gadii yeroo argan hatattamaan gara dhaabbilee fayyaa geessuu qabu: hafuura baafachuu dadhabuu; funyaan ykn quba halluu cuquliisaa qabaachuu; hafuura baafachuu wajjin raafamuu; irra deddeebiin ol deebisuu (balaqqamsiisuu); garmalee bishaan qaama keessaa hir’achuu (afaan goguu, fincaan baay’ee xiqqaa ykn finca’uu dhabuu, ijji keessa seenuu); garaa kaasaa guyyaa lamaa ol turu; fi ho’a qaamaa olaanaa qabaachuu



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni gareewwan jalqabaa gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har’aa irratti kaayyoo yookii galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har’a maal baranne?*
- **Qajeelfama Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har’aa goalabu:



Ergaawwan Ijoo

- Maatiin/kunuunsitoonni daa’imman isaanii talaalii sadarkaa adda addaa hunda xumursiisuun talaalii guutuu fudhachiisuu qabu
- Maatiin/kunuunsitoonni yeroo daa’imman hafuura kutu, ho’a qaamaa cimaa, garaa kaasaa fi oldeebisaa, fi raafamuun isaan mudatu hatattamaan gargaarsa ogeessa fayyaa barbaaduu qabu



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Ijoolleen keessan talaalii guutuu, sadarkaa adda addaa hunda xumuranii fudhachuu isaanii mirkaneessaa
- Talaalii fi gargaarsa yaalaa barbaaduu irratti waan barattan ollaa keessaniif qoodaa!

Dhukkuboonni talaallidhaan ittifamuu danda'an du'a daa'immanii waggaa shanii gadiif gumaacha guddaa godhu.



KUNUUNSA DEEBII KENNUU DANDA'U

*(YEROOFI QUUNNAMTII GAARII
DAA'IMA WALIIN QABAACHUU)*



KUNUUNSA DEEBII KENNUU DANDA’U



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 4)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota leenjiif dhufan fuula ifaan simatu
- Namoonni haaraan maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay’ina ijoollee isaanii fi jireenyaaf maal akka hojjetan ni ibsu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni maatiin/kunuunsitootni hojii manaa kutaa darbee irratti muuxannoowwan qaban akka waliif qooddataniifi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun garee irraa namoonni yaadaafi duubdeebii akka kennan ni taasisu:
 - *Kutaa darbe keessatti, ijoolleen keenya talaallii guutuu fudhachuu isaanii adda baasuuf hojii manaa fudhannee turre (jechuunis, yeroo dhalatan, torban 6, torban 10, torban 14, fi ji’a 9). Talaallii dagatame hubattaniittuu? Yoo akkas ta’e, ijoollee keessan yoom gara buufata fayyaa isinitti dhihoo jirutti geessuun talaallii isaanii yeroon fudhachiisuu dandeessu? (Yaada itti dabalaa – maatiin talaallii darbe kanaaf guyyoota murtaa’e akka kaa’an waadaa akka galan taasisaa. Akkasumas, akkuma leenjii darbe irratti mari’atame, guyyoota kana taateewwan naannoo, ayyaana amantii/aadaa fi kkf waliin walqabsiisuudhaan salphaatti yaadachuu akka danda’an hubachiisaa!)*



3. BU’AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni leenjifamtoonni garee akka ijaaran gaafachuun leenjifamtootatti kutaan har’aa **‘Kunuunsa Deebii Kennuu Danda’u’** irratti akka ta’e himaa!
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan walitti himu; dhuma leenjichaarrattis mari’atanii leenjii kana irraa wanti eegan guutamuu fi dhiisuu isaa adda baafatu. Haala mijeessittonni kaayyoowwan yookiin bu’aa leenjii kana irraa akka argamaniif eegaman akka armaan gadiitti leenjifamtootaa waliin qooddatu:
- Kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii qaba (fedhii hirmaattotaa ilaalcha keessa galchuu hindagatinaa!)

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- Yaad-rimee kunuunsa deebii kennuu (responsive care) jedhu hubatu
- Mallattoolee agarsiisanii fi fedhii daa'ima/ijjoollee adda baasuu danda'u
- Akkaataa daa'ima waliin hariiroo qabaataniif fi kunuunsa deebii kennuuf kaka'uumsa argatu .
- Akkaataa itti daa'imman mallattooleen fedhii agarsiisan adda baasanii deebii kennu



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** : Haala mijeessitootni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii waa'ee mallattoolee ijoolleen yeroo waan tokko barbaadan argisiisan, kan akka miira tasgabbi dhabuu, beelaa fi kkf agarsiisan irratti marii taasisu:
 - *Kunuunsi deebii kennuu danda'u kechuun maal jechuudha?*
 - *Fedhii ijoolleef deebii kennuu kan qabnu yoom?*
 - *Mallattooleefi akeekkachiisni ijoolleefi daa'imman xixiqqoon yeroo waan tokko barbaadan agarsiisan maal faadha jettanii yaaddu? (Argisiistuu – boo'uu, socho'uu, sagalee addaa dhageessisuu)*
 - *Hawaasa keenya keessatti, namoonni boo'icha daa'immanii akka argisiiftuu ykn mallattoo fedhii daa'imni walquunnamtiif qabu argisiisuuf godhutti ni fudhatuu?(Yaada kana bal'isaa gaafadhaa – daa'imman maaliif boo'u?)*
 - *Odeeffannoo armaan gadii keessaa muraasa maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa*



Yaadannoo haala mijeessitootaaf

- Daa'imman fedhii isaanii ibsuuf boo'icha ni fayyadamu.
- Boo'ichi akka waliigalaatti kunuunsitootatti rakkoon tokko akka jiru itti hima: beela, dhukkubbii,jiidhiinsa qaama bobbaa isaanii, dadhabbii, qabamuu fi hammatamuu barbaaduu, ykn sababa hinbeekamne tokkoof boo'uu danda'u.
- Yeroo tokko tokko gosti boo'ichaas fedhii daa'immanii kunuunsitootatti himuu danda'a. Daa'imman yeroo beela'an, dadhaban, dhukkubsatan, yeroo dhukkubbiin addaa itti dhaga'amu ykn miira tasgabbi dhabuun itti dhaga'amu ni boo'u.
- Daa'imman boo'anii dafanii hintasgabba'an taanaan, nageenya dhabuu ofi keessatti uumuu danda'u.
- Deebiin hatattamaa boo'icha daa'immaniif kennamu nageenya, tasgabbi fi kunuunfamuu isaanii akka beekan taasisa.
- Yeroo hunda boo'icha daa'immaniif deebii kenni. Kunuunsi deebii kennuu baayyee murteessaadha.
- Xiyyeeffannaan garmalee daa'imman ni balleessa jedhanii amanuun dogoggora.
- Daa'imman maatii/kunuunsitoota isaanii wajjin wal qunnamuu yeroo barbaadan, fedhii isaanii ibsachuudhaaf karaaleen itti fayyadaman hedduudha.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 19)

- Haala mijeessitoonni yeroo raadiyoo kunuunsa deebii kennuu irratti dhageefachiisu, leenjifamtoonni sagalee raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaaniis ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhaggeeffachiisu). Sana booda, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'un marii taasisu:
 - *Wanta dhaggeeffattan irraa maal barattan?*
 - *Harmeen Obseefi Simaleen barbaachisummaa fedhii daa'immaniif deebii kennuu irratti akka mari'atan raadiyoo irratti dhageessaniittu. Sababoota ijoolleen itti boo'aniifi deebii kennamuu qabu kaasaniiru, akkasumas yaada harmee Obsee fi Simalee irratti yaadni keessan maali?*
 - *Fedhii ijoollee akkamitti beekna?*
 - *Sababni ijoolleen boo'aniif maal faadha jettanii yaaddu?*
 - *Mucaan keessan yoo boo'e maal gochuu qabdu?*
- *Booyicha ijoolleef deebii akkamii kennitu?*



6. CUUNFAA YAADAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha haala mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni gareewwan Maatii/kunuunsitootaa, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har’aa irratti kaayyoo ykn galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman guutamaniiruu?*
 - *Har’a maal baranne?*
- **Qajeelcha haala mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har’aa gabaabsuun goolabu:



Ergaawwan Ijoo

- Kunuunsi deebii kennuu ijjooleen maatii isaanii fi naannoo isaanii wajjin hariiroo gaarii akka qabaatan gargaara.
- Ijjoolee fi daa’imman xixiqqoon beela, dhukkuba qaamaa, miira namatti hin tolle, dadhabbii, tasgabbi-dhabiinsa qabaachuu isaanii boo’ichaan, sochii fi sagaleedhaan mullisu.
- Maatiin fedhii ijjoolee isaaniif hamma danda’ameen deebii kennuu qabu. Gochi daa’immanii, boo’ichi, mallattoo fi akeekkachiisni isaan mullisan bira darbamuu hin qabu.
- maatiin fedhii ijjoolee isaaniif hatattamaafi haala sirrii ta’een deebii kennuu qabu
- Daa’imman fedhii addaa qabaniifi daa’imman dubaraa kunuunsa deebii kennuu kan gita isaanii wajjin walqixa ta’e argachuu qabu



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Waa’ee kunuunsa deebii kennuu ilaalchisee waan baratte haadha worraa/abbaa worraa kee ykn kunuunsitoota biroof qoodi
- Leenjiin erga xumuramee booda kunuunsa deebii kennuu shaakaluu jalqabi
- Abbaa/haadha worraa ykn namni waliin daa’ima kee kunuunisitu kan biraa waan baratte hojiirra oolchuu fi dhiisuu kee akka ilaalu taasisi!

Kunuunsi deebii kennuu danda'u ijjoollen maatii isaaniifi naannoo isaanii wajjin hariiroo gaarii akka qabaatan gargaara.



NAANNOO NAMA KAKAASU UUMUUDHAAN KAKA'USA MIIRAA GUDDISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 4)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota leenjiif dhufan fuula ifaadhan simatu.
- Namoonni haaraa dhufan maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaanii fi jireenyaaf maal akka hojjetan ni ibsu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni maatiin/kunuunsitootni hojii manaa kutaa darbee irratti muuxannoowwan qaban akka waliif qooddatanfi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun garee irraa namoonni calaqqeefi yaadaa akka kennan ni taasisu.
- *Kutaa darbe irratti hundaa'uun, waa'ee kunuunsa deebii kennuu ilaalchisee waan baratte haadha/abbaa worraa ykn kunuunsitoota biroof qooddee? Leenjiin erga xumuramee booda kunuunsa deebii kennuu shaakaluu jalqabdeettaa? haadha/abbaa worraa ykn nama waliin daa'ima kunuunsitu kan biraa waan baratte hojiirra oolchuu fi dhiisuu kee akka ilaalu gaafatteettaa?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – haala mijeessitootni maatiin/kunuunsitootni garee akka ijaaran ni gaafatu. Hirmaattonni kutaan har'aa '**naannoo mijataa uumuun miiraa kakaasuu**' akka ta'e itti himu.
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan walitti himu; dhuma leenjichaarrattis leenjicha kana irraa wanti eegan gutamuu fi dhiisuu isaa adda baafatu.
- Kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii qaba (waan hirmaattonni gaafatamanii leenjicha irraa eeganiif bakka kennuu hin dagatinaa):

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- barbaachisummaa naannoo mijataa uumuun miiraa akka kakaasuu ni hubatu
- naannoo mijataa guddinaafi qorannoo sammuu daa'immaniitiif kak'uumsa uumu manaafi alaatti qophheessu/qindeessu
- qaamolee miira daa'immanii ni kakaasu
- naannoo mijataa uumuuf kaka'uumsa qabaatu



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni gaaffilee marii waliigalaa naannoo mijataa uumuun miiraa kakaasuuf fayyadan akka armaan gadiitiin dhiheessuun kutaa kana jalqabsiisu:
 - *Barbaachisummaan naannoo mijeessuun kaka'umsa miiraa uumuun maali?*
 - *Namoonni hawaasa keenya keessa jiran guddina daa'immaniif haala mijataa ni uumuu?*
 - *Maatiin/kunuunsitoonni qaama miiraa ijoollee isaanii ni kakaasuu?*
 - *Odeeffannoo armaan gadii leenjifamtoota waliin qooddadaa!*

Yaadannoo haala mijeessitootaaf

- Naannoo mijataa daa'immaniif uumuu jechuun naannoo meeshaalee daa'imarra miidhaa hingeessineen kan guutame, bilisummaa sochii daa'immanii kan hayyamu, muuxannoowwan adda addaatiif carraa kan kennuudha. Akeekkachiisa 'lakki' ykn 'hin tuqinaa' jedhu irraa bilisa kan ta'ee fi haala barachuu fi guddina daa'immaniif dursee kan qophaa'eedha.
- Naannoo daa'immaniif mijataa kan qindaayuu danda'u, kutaa manaa tokko keessatti, kutaa jireenyaa keessatti, ykn walumaagalatti maatiin naannoo ijoollee isaanii kakaasu gochuu danda'u. Kunuunsitoonni bakka taphaaf daa'imman hawwatu, bakka qormaata nama barsiisu qabu ta'eefi ijoollee wajjin itti wal qunnaman uumuu danda'u.
- Kunuunsitoonni currisa gaariidhaan daa'immaniif kan dhiyaatan ta'anii fedhii daa'immanii dubbisuu fi furuu danda'u.
- Miira kakaasuu jechuun miira dhandhamaa, kan urgaa, kan arguu, kan dhaga'uu fi kan tuquu dabalatee miira tokko ykn isaa ol hojiitti galchuudha.
- Kaka'umsi miiraa ijoolleen akka tuqan, dhandhaman, akka dhaga'an, akka urgeeffataniif akka argan ykn gochiiwwan walxaxaa ta'an kanneen muuxannoo miiraa kennuudhaaf qophaa'an akka kennan carraa kennuudha.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 19)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni ' naannoo mijataa uumuun miiraa kakaasuu' irratti raadiyoo dhagefachiisu, yeroo kana sagalee raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhaggeeffachiisu). Ergasii booda, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisuu:
 - *Raadiyoo dhaggeeffachuu irraa ergaa maalii argattan?*
 - *Harmeen Obsee fi Simaleen naannoo ijoolleen jiraataniifi taphatan akkamitti akka mijataa taasifamuu qabuu fi barbaachisummaa kaka'umsi miira daa'immanii*

naannoo isaanii akka hubatan gargaaruu akka danda'u irratti akka mari'atan raadiyoo irraa dhageessaniittu. Yaada Haadha Obsee fi Simalee irratti yaadni keessan maali?

- Hariiroon naannoo fi qaamolee miiraa gidduu jiru maali?
- Naannoon ijoolleef mijatee akkamitti qindaayuu qaba?
- Ijoolleen naannoo isaanii akka qoratanii fi akka hubatan akkamitti deeggaramuu qabu?
- Qaamolee miiraa kakaasuu kan dandeenyu akkamitti?
- Hiriya kee si cinaa jiruuf, waan mana keessatti fi hawaasa kee keessatti hojjechuuf karoorfatte qoodi!
- Gochoota mana keessatti fi hawaasa keessan keessatti hojjechuuf karoorfattan tokkoon tokkoon irratti calaqqee taasisaa.



6. CUUNFAA YAADAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni gareewwan leenjifamtoota jalqabaa gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookii galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantootni eegaman kun guutamaniiruu?
 - Har'a maal baranne?
- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsuun goolabu:



Ergaawwan Ijoo

- Naannoon mijataan guddina miiraa fi dandeettii qorannoo daa'immanii ni guddisa
- Qaamonni miiraa karra seensa sammuu waan ta'aniif daa'imman qaamolee miiraa fayyadamuun naannoo isaanii qorachuu, yaaluu fi hubachuu danda'u.
- Kaka'umsi miiraa ijoolleen qaamolee miira isaanii haala bu'a qabeessa ta'een akka fayyadaman gargaara
- Mijaayyinni Naannoon mana keessaa fi manaan alaattii uumamuu kan danda'u yoo ta'u kunis kaka'umsa miiraa ni guddisa
- Maatiin/ itti yaaduun naannoo mijaataa uumuun kaka'umsa miiraa guddisuu qabu



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Ijoolleen qaama miiraa isaaniitti fayyadamuun naannawaafi naannoo isaanii hubachuu akka danda'aniif qaama miiraa daa'immanii dadammaqsaa.
- Ijoollee keessan waliin ta'uun naannoo mijataa manaa fi manaan alaatti uumaa.

Naannoon mijataan guddina miiraafi dandeettii qorannoo daa'immanii ni guddisa



HARIIROOFI QUUNNAMTII MAATIIFI DAA'IMA GIDDUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 4)

- Haala mijeessitoonni leenjifamtoota fuula ifaan ni simatu
- Namoonni haaraa dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniif bultoo jireenyaaf maal akka hojjetan akka himan taasisaa.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitoonni leenjifamtoonni hojii manee yeroo darbeerratti muuxannoowwan isaanii ilaalchisee calaqqeefi duubdeebii akka waliif qoodan garee ni gaafatu. Akkasumas ergaawwan ijoo irra deebi'anii yaadachiisuun kuticha xumuru.
 - *Kutaa darbe keessatti waan mari'anne irratti hundaa'uun, naannoo mijataa fedhii qorannoof miiraa daa'immanii dadammaqsu uumtaniittuu? Ijoolleen qaama miiraa isaaniitti fayyadamuun naannoo isaanii akka hubataniif qaama miiraa daa'immanii kakaastaniittuu? Ijoollee keessan waliin ta'uun naannoo manaafi naannoo manaan alaa keessatti haala mijataa uumtaniittuu?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitoonni leenjifamtoonni garee akka ijaaraniif kutaan kun 'Hariiroofi Quunnamtii Maatii fi Daa'ima Gidduu' akka ta'e beeksisu.
- Tokkoon tokkoon leenjifamtootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; haala mijeessitoonni waan eegamu kaayyoowwan kutaa armaan gadii wajjin walsimsiisuu qabu. Achumaanis, haala mijeessitoonni leenjii kana irraa wanti isaan eegan xumura leenjii irratti mariidhaan ilaaluun irraa eegama.
- Kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii qaba (Yaada hirmaattotaaf bakka kennuu hindagatinaa):

Xumura kutaa kana irratti hirmaattonni:

- Hariiroofi qunnamtii Maatii f Daa'ima gidduugaleessa godhate nihubatu
- Barbaachisummaa hariiroofi qunnamtii maatiifi daa'ima nihubatu;
- Daa'ima wajjin walitti dhufeenya gaarii uumuun nageenyi isaanii akka eegamu nitaasisu.
- Daa'ima waliin walitti dhufeenya uumuuf gocha daa'ima deeggaruuf kaka'umsa nihoratu;

- *Hariiroo maatiif daa'ima jajjabeessuuf walqunnamtii daa'ima waliin taasifamuu nideeggaru*



4. **BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5) .**

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa-** haala mijeessitoonni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii kanneen hariiroo fi qunnamtii maatiifi daa'ima gidduu galeessa ta'een walqabataniin leenjicha jalqabu:
 - *Hawaasa keenya keessatti maatiif ijoolleen qunnamtii tokko tokkoon waliin qabuu?*
 - *Hawaasa keenya keessatti, maatiin yeroo daa'immani qo'atan, taphatan, teeknooloojii kan akka mobaayilaa fayyadaman, hojii adda addaa hojjataniifi kkf keessatti deeggarsa nitaasisuu?*
 - *Hawaasa keenya keessatti, maatiin barumsaafi qorannoo daa'immaniif deeggarsa nitaasisuu?*
 - *Odeeffannoo armaan gadii maatiwwaniif/kunuunsitootaaf qoodaa!*



Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf

- Hariiroon maatii fi daa'ima gidduu jiru guddina daa'immanii irratti dhiibbaa guddaa qaba.
- Hariiroon maatiif daa'ima gidduu jiru kan qunnamtiifi deeggarsa gidduu isaanii jiru kan jajjabeessu ta'uu qaba.
- Hariiroon maatiifi daa'ima gidduu jiru jechuun maatiin gocha daa'immanii keessatti hirmaachuun walqunnamtii fi hariiroo isaanii caalaatti hiika-qabeessa, barsiisaaf hawwataa taasisuudha. Kunis daa'imman waan hojjetan akka sammuutti qabaatan gargaara.
- Giddu-galeessummaan maatii daa'immaniif deeggarsa kan kennu yoo ta'u, ijoolleen bakkeewwan naannoo isaanii jiran hubachuu danda'u
- Hariiroon maatiifi ijoollee gidduu jiru walitti dhufeenya isaanii daran kan jabeessuu fi ijoolleen dandeettii afaanii, hawaasummaa fi currisaa akka guddifatan gargaara.
- Daa'imman walitti dhufeenya nageenya qabu akka horatan, akka baratan, akka qoratani fi ofitti amanamummaadhaan akka guddatan gargaaruuf, gidduu seenummaa fi walqunnamtii tokkoon tokkoon maatiitiin/kuniinsitootatiin daa'immaniif karoorfamee taasifamu jiraachuu qaba



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 19)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**- Haala mijeessitoonni hariiroofi qunnamtii maatiifi daa'ima gidduu jiru jedhurratti raadiyoo dhaggeeffachiisuun leenjifamtoonni raadiyoo dhaggeeffachuu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan dhaggeeffachiisuu). Itti aansuun, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisu:
 - *Raadiyoo dhaggeeffattan irraa maal barattan?*
 - *Raadiyoo irraa Haati Obsee akkaataa itti ittoo bilcheessan Daraartuu barisiisaa akka turte dhageessaniittu. Haati Obsee Daraartuu qajeelchaa, ibsa kennaafii, sirreessaa akkasumas gaaffii kaasaafii turte. Waan Haati Obsee hojjette irratti yaadni keessan maali?*
 - *Hiriyaa kee si cinaa jiruuf, mucaa/ijoollee kee wajjin maal gochuuf akka karoorfatte qoodi!*
 - *Gochoota daa'ima/ijoollee kee wajjin hojjechuuf karoorfatte irratti yaadakee calaqqisiisi!*



6. CUUNFAA YAADAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitootni gareewwan jalqabaa keessaa leenjifamtootaa lama lama gaaffilee armaan gadii irratti calaqqee akka godhan ni gaafatu.
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo ykn galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa**– Haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsuun xumuru.



Ergaawwan Ijoo

- Hariiroofi walqunnamtiin maatii fi daa'ima gidduu galeessa ta'e barumsa ijoollee, akkaataa walitti hidhamiinsaafi dandeettii walqunnamtii ijoollee ni fooyyessa
- Ijoolleen maatiif kunuunsitootarraa carraa deeggarsa barumsaa argachuu qabu .
- Hariiroofi walqunnamtiin maatii fi daa'ima gidduu jiru dandeettii afaanii, hawaasummaa, hubannoo fi currisa daa'immanii ni fooyyessa
- maatiin/kunuunsitootni haala mijataa ta'e barumsaaf uumuun ijoolleen baay'ee fayyadamoo akka ta'an gochuu qabu.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Walitti-dhufenyaafi qunnamtii maatiifi daa'ima gidduu galeessa ta'e mana keessatti jalqabi
- Tokkoon tokkoon ijoollee wajjiin walqunnamtii qabaachuu
- Barnootafi tapha ijoollee gidduu seenuun (deeggaruun) waan hojjetan ykn mudannoo issaniirraa hiika akka argatan taasisi!.

Hariiroofi walqunnamtiin maatiifi daa'ima gidduu galeessa godhate barumsa ijoollee, walitti hidhamsaafi dandeettii walqunnamtii ijoollee ni fooyyessa



GAHUMSA MAATII/ KUNUUNSITOOTAA BARUMSA JALQABAA DAA'IMMANIIRRATTI



AFOOLA DAA'IMMANITTI HIMUUN GUDDISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (DAQIIQAA 3)

- Haala mijeessitootni: leenjifamtoota simachuun of beeksisu. Leenjifamtoonni haaraa dhufan akka of beeksisan afeeruun waa'ee maatii isaanii (lakkoofsa waliigalaa ijoollee, abbaa fi haadha, haala hawaas-dinagdee fi kkf) akka himan godhu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (DAQIIQAA 5)

- **Qajeelcha haala mijeessitootaa:** haala mijeessitootni leenjifamtoonni muuxannoo isaanii hojii manaa darbee irratti qaban akka mari'atan gochuun gaaffilee armaan gadii irratti yaada akka calaqqisiisan taasisu.

- *Kutaa darbe keessatti, hojiin manaa hariiroofi walqunnamtii daa'ima fi maatii gidduu galeessa ta'e irratti kan kenname akka ta'e beekamaadha. Kanaafuu, yeroo kanatti muuxannoo keessan walii qoodaa!. Yeroo meeqa gochaawwan adda addaa keessatti, daa'ima keessan waliin dhuunfaatti walqunnamtan?*
- *Wantoonni daa'imman keessan mana keessatti hojjechaa jiru ykn keessa darbaa jiru hiika akka isaaniif kennu akkamitti amanuu dandeessu? Gochaawwan waliin raawwattan keessatti, yaadaafi fedhii daa'ima keessanii tilmaama keessa akka galu gochuu kan dandeessan akkamitti?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (DAQIIQAA 5)

- Haala mijeessitootni maatiin garee xiqqaa uumanii (gareen nama lamaa) akka mari'atan taasisu! Sana booda yaada isaanii akka mariif dhiyeessan jajjabeessu! Leenjii kutaa kanaa 'daa'imman afoola itti himaa guddisuu' (sheekkoo himuu, hiibboo fi sirboota) itti himuun waa'ee leenjicha kanarraa kaayyoo isaan eegan qabxii lama hiriyoota isaanii akka qoodan jajjabeessu! Achiin booda, leenjii kanarraa wanti isaan eegan guutamuufi dhiisuu isaa mirkaneessu.

Xumura leenjichaa irratti leenjifamtoonni:

- Ilaalcha, beekumsaafi dandeettii afoolaan daa'imman barsiisuu ni fooyyeffatu.



4. BANIINSA KUTICHAA (DAQIIQAA 10)

- Haala mijeessitootni leenjifamtoota gaaffilee armaan gadii gaafachuun yaada isaanii waraqaa yaadannoo irratti galmeessuun irratti mari'achuuf dhaaba manaarratti maxxansu:
 - *Ijoolleen xixiqqoon barachuu ni danda'uu? Mana barumsaan alatti barumsi hiika qabu jiraa?*
 - *Ijoolleen maaliifi yoom barachuu qabu? Ijoolleen akkamitti barachuu qabu? Hubannoofi muuxannoo afoolaa bu'a qabeessa ta'an daa'ima wajjiin qabdan ibsuu dandeessuu? Afoolli (sheekkoon, hiibboonifi sirbootni) akkamitti akka meeshaa ogummaa fi yaad-rimee haaraa ijoollee barsiisuuf itti fayyadamuu dandeenya?*
- Odeeffannoo armaan gadii maatii/kunuunsitootaaf qoodaa!

Yaadannoo haala mijeessitootaaf

Afoolli beekumsa, ilaalcha, duudha, seenaa fi aadaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraatti dabarsuudhaaf meeshaa guddaa dha. Afoolli maanguddootaan ykn maatiin kalaqamee ogummaawwan adda addaa kanneen akka amala, dandeettii hawaasummaa, wal gargaaruu fi ogummaawwan biroo ijoolleen ittiin barsiifamudha. Ijoolleen dandeettii afaanii, dubbisuu, barreessuu, walqunnamtii, hawaasummaa, miiraa fi dandeettii herregaa isaanii akka guddifatan ni gargaara. Ijoollee keessatti sadaa (imagination), fedhii waa beekuu fi kalaqaa ni guddisa. Akkasumas, daa'imman hojiiwwan rakkoo furuu irratti hirmaachisuufi maatii fi kunuunsitoota biroo wajjin marii bu'a qabeessa ta'eefi haala mijeessuudhaaf mala filatamaadha. Maatiin sheekkoo, hiibboo fi sirboota fayyadamuun barumsa ijoollee isaaniifi guddina waliigalaa deeggaruu ni danda'u.



5. YEROO RAADIYOO (DAQIIQAA 15)

- **Qajeelfama haala mijeessitootaa:** leenjifamtoonni ergaa daa'imman afoola itti himaa guddisuu irratti, raadiyoo akka dhaggeeffatan hayyamu (yoo barbaachisaa ta'e irra deebisanii dhageeffachiisu). Sana booda gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisuu.
 - *Raadiyoo dhageeffattan irraa maal barattan? (Dureettiin sheekkoo sana himtee ijoolleen hubannoo sheekkoo sanaaf qaban akka calaqqeen dhiyeessan gaafatte: sheekkoon waa'ee re'ee bareedduu fi yeeyyii abshaalaati)?*
 - *Dureettiin barbaachisummaa sheekkoo daa'imanitti himuun guddisuu hubatteetti. Ijoollee keessanitti sheekkoo ykn afoola himuudhaaf wontootni gufuu isinitti ta'an maal fa'a jettanii yaaddu? (Gaaffii kana itti bal'isaa gaafadhaa: dhiibbaa aadaa, yeroo dhabuu, qophii ga'aa dhabuu, kutannoo dhabuu, naannoo mijataa ta'e dhabuufi kkf).*



6. CUUNFAA YAADAA (DAQIIQAA 8)

- **Qajeelcha haala mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni gareewwan jalqabaa keessaa nama LAMA gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun calaqqee akka kennan ni taasisu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman sun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha haala mijeessitootaa:** haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsuun goalabu:



Ergaawwan Ijoo


- *Afoolli guddinna waliigala daa'immaniif gahee guddaa qaba!*
- *Afoolli hariiroo currisa haadholii fi daa'imman gidduu jiru guddisa.*
- *Afoolli waliin dubbii, calaqqee yaadaafi miiraa haadholiifi daa'imman gidduu jiru fooyyessa!*
- *Maatiin afoola daa'immanitti yemmu himan yeroo, bakka sirrii ta'eefi umurii isaanii wojjiin deemu ta'usaa mirkaneessuu qabu!*



7. HOJI-MANEE (DAQIIQAA 4)

- Wontoota asii gadii torbee keessatti ijoollee barsiisaa:
 - *Barbaachisummaa fi akkaataa afoola karaalee bu'a qabeessa ta'een daa'imman waliin gaggeessuu danda'amurratti mari'adhaa!*

*Afoolli guddinna waliigalaa daa'immaniif gahee guddaa qaba.
Dandeettii dubbisaniif ibsuu daa'immaniillee nidabala.*



TAPHA DAA'IMMANII KEESSATTI QOODA FUDHANNAA MAATII GUDDISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitootni бага nagaya dhuftan jechuudhaan, leenjifamtootaaf of beeksisuun leenjifamtoonni akka of beeksisan jajjabeessaa waa'ee maatii isaanii (lakkoofsa waliigalaa ijoollee, abbaa manaa/manaa, haala hawaas-dinagdee fi kkf) akka qoodatan godhu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** *Haala mijeessitootni maatiinii fi kunuunsitoonni muuxannoo hojiiwwan mana kutaa darbee irratti qaban gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun akka mari'atan gaafatu!*
- Yeroo darbe, daa'imman afoola itti himaa guddisuurratti hojii manaa isiniif kennamee ture. Akkamitti mana keessanitti hojiirra oolchitan? Afoola yoom fayyadamtan? Ijoolleen keessan itti gammaduu isaanii akkamitti mirkaneessitan? Ijoolleen keessan afoola irratti dammaqinaan hirmaachuu fi dhiisuu isaanii akkamitti ilaaltan? Adeemsa hojiirra oolchuu keessatti danqaan isin mudatee? Akkamitti furtan?



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitootni maatiwwan garee xiqqaa uumanii (gareen nama lamaa) akka mari'atan taasisu. Leenjiin kutaa kanaa **"tapha daa'immanii keessatti qooda fudhannaa maatii guddisuu"** ta'uusaa itti himuun waa'ee leenjicha kanarraa kaayyoo isaan eegan qabxii lama hiriyoota isaaniif akka qoodan jajjabeessu! Achiin booda, leenjiin kun waan isaan eegan guutuu fi dhiisuu isaa madaalu.

Xumura leenjichaa irratti leenjifamtoonni:

- *Tapha daa'immanii qajeelfama qabu kessatti faayidaan qooda fudhannaan maatii dagaagina waligalaa fi barnoota daa'immaniif qabu hubatu.*
- *Gocha guyyaa guyyaa isaanii keessatti tapha daa'immanii ilaalchisee miira gahee kiyya baheera jedhu itti dhagahama*
- *Ijoollee isaaniif naannoo mana keessaattiifi alatti nageenya amansiisaa ta'e uumuudhaan tapha daa'immanii keessatti qooda fudhannaa maatii ni shaakalu*



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 10)

- Haala mijeessitoonni leenjifamtoota gaaffilee armaan gadii gaafachuun yaada isaanii waraqa maxxantuu (Sticky Notes) ykn yaadannoo irratti galmeessuun booda irratti mari'achuuf gidaara/dhaabbata manaarratti maxxansu!
- *Taphni isiif maali (tapha bilisaa fi tapha qajeelfama qabu)? Ijoolleen dhoqqeen taphachuu, gabaxaaa, sheqqeloo, wal-ariyoo, wal-dhokachoo, hattuu fi poolisii, Wiixata-kiibxata (akka haadhaatti nyaata bilcheessuu, akka injinarootaatti mana ijaaruu fi kkf) fi kanneen biroo daa'imman ni gargaara jettanii yaadduu? Taphni akka meeshaa barumsaa fi guddinaatti fayyadamuun ni danda'ama jettanii amantuu? Tapha ijoollee keessanii keessatti ni hirmaattuu? Akkamitti? tapha ijoollee keessanii keessatti hirmaachuun keessan ijoolleen yaad-rimee fi dandeettii haaraa akka baratan gargaara jettanii yaadduu?*



Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf

Daa'imman oogummaa haaraa fi beekumsa haaraa karaa taphaan argachuu ni dnada'u. Akkasumas dubbachuudhaan, gargaarsa maatiin meeshaalee tuttuquun barachuu danda'u. Isaan akka barsiisaa, daldalaa, fi tajaajila bunaa kennuu fakkeessanii taphachuu ni danda'u. . Kana malees, taphoota ltoophiyaa keessatti beekaman kan akka hattuu fi poolisii, kan akka gabaxaa, kana akka tapha qillee, gargaarsa ga'eessotaan taphatanii beekumsaa fi oogummaa haaraa hedduu irraa barachuu danda'u. Daa'imman akkasumas dhoqqee ykn meeshaalee biroo fayyadamuun manneen xixiqqoo, gamoo, meeshaalee kushiinaa, meeshaa taphaa, kooppii, siree, dizaayini daandii hojjetanii taphachuu, maatiifi hiriyoota isaanii waliin hariiroo uumuu, kunuunsa dhuunfaa fi iddoo biqiltuu manaa wajjin walitti dhufeenya qaban agarsiisuu, dhangala'aafi meeshaa buna daaku, meeshaalee qonnaa tolchuun , qubee, lakkoofsa, jechoota barreessuu fi kkf ni danda'u.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 15)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Leenjifamtoonni tapha raadiyoo akka dhaggeeffatan taasisu (yoo gaafataman irra deebi'anii taphachiisu). Sana booda gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisu.
- *Dhaggeeffannoo raadiyoo irraa maal baratte (Haati Obsee fi Abbaan Dhaqqabaa ijoolleen ijoollee wajjin akka taphatan afeeran, akkasumas meeshaalee adda addaatiin kan akk cirrachaa, kaartoonii, muka xixiqqaan akka taphatan hayyamaniiru)? Miseensonni maatii hundi gocha taphaa kana irratti hirmaataniiru jettanii yaadduu? Eenyutu irra caalaatti gumaache? Gochaalee taphaa keessatti gahee ijoolleen qaban akkamitti hubatte?*

- *Akkamitti tapha daa'immanii kessatti qooda fudhannaa maatiin qabu guddisuu dandeenya (Yaadachiisa raadiyoo irraa: Haadha Obsee, Abbaa Dhaqqabaa fi Caaltuun daa'imman meeshaalee isaaniitiin maal hojjechaa akka turan akka ibsan gaafataniiru)*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 8)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni gareewwan jalqabaa (nama lama lama ta'anii) gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni taasisu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman sun guutamaniiru?*
 - *Har'a maal baranne?*
- Qajeelcha haala mijeessitootaa: haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsuun goolabu:



Ergaawwan Ijoo


- Taphni qooda fudhannaa maatiin taphatamu mala walqunnamtii, tumsa, yaada qeequu, murtoo kennuu, fedhii beekuu, kalaqa, of-danda'uu fi sadaa (imagination) daa'immanii jabeessuudha. Daa'imman yaada haaraa maddisiisu, akkasumas karaa haaraa rakkoo furuu danda'an qabatani dhufu. Daa'immani carraa rakkoo xiinxaluu, danqaalee furuuf tooftaalee gargaaran irratti yaada dhiyeessuun furmaata haaraa kennu. Adeemsi kun bu'a qabeessa kan ta'u yoo maatiin hirmaanna daa'immanii jajjabeessaniifi gaafataniidhaa. Daa'imman meeshaalee naannoo isaaniitti argamu fayyadamuun tapha ijaarsaa, tapha akkeessuu, tapha geemiifi kkf taphachuu danda'u.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 4)

- Barbaachisummaa gocha armaan gadii torbee keessatti miseensota maatii fi ijoollee keessan barsiisaa:
 - *faayidaa fi karaalee bu'a qabeessa ta'aniin taphaa maatii giddu-galeessa godhate gaggeessuu*
- Ijoollee keessan waliin taphaa maatii giddu-galeessa godhate shaakalaa!

*Taphni qooda fudhannaa maatiin taphatamu mala
walqunnamtii, tumsa, yaada qeequu, murtoo kennuu, fedhii
beekuu, kalaqa, of-danda'uu fi sadaa (imagination)
daa'immanii jabeessuudha*



HAASAA BADHAADHAA TA'E DAA'IMMAN WALIIN GEGGEESSUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni leenjifamtootaan бага nagaan dhuftan jedhanii simachuun of beeksisuun leenjifamtonnis akka of beeksisan jajjabeessaa waa'ee maatii isaanillee (baay'ina ijoollee, waa'ee gaa'ila isaanii, haala hawaas-dinagdee fi kkf) akka yaada qooddatan taasisu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa:** Haala mijeessitooni maatiiwwanii fi kunuunsitoonni muuxannoo isaanii hojii manaa darbee irratti qaban akka mari'atan gochuun gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun yaada garee akka dhiyessan ni afeeru.
- Yeroo darbe hojjiin manaa dhimma tapha daa'immanii keessatti qooda fudhannaa maatii guddisuu irratti hojjiin manaa kennamee ture. Tapha ijoollee keessatti ofii keessanii hirmaattaniittuu? Tapha gosa akkamii irratti hirmaattan? Taphaa ijoollee deeggaruurratti yoom hirmaattan? Ijoolleen gocha taphaa kana irratti dammaqinaan hirmaataniiruu? Barbaachisummaa taphni guddinaafi barumsa daa'immaniif qabu irratti maatii keessan waliin mari'attaniittuu? Taphaa daa'immanii qooda fudhachuun deeggaruurratti rakkoon/danqaan isin mudateeraa? Akkamitti furtan?



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitoonni maatiin garee xiqqaadhaan (garee nama lamaa uumuun) mata duree leenjichaa waa'ee "**Maatiin Haasaa Badhaadhaa ta'e Daa'imman waliin Geggeessuu**" irratti kaayyoo isaan argachuuf eegan qabxii lama hiriyoota isaanii akka qoodan jajjabeessu, boodarra leenjiin kun waan isaan irraa eegan guutuu fi dhiisuu isaa irratti mari'achiisu!

Xumura leenjichaa irratti leenjifamtoonni:

- Haasaa daa'imman dammaqinaan irratti hirmaannaa taasisuu danda'an haala ittiin deeggaraniifi gaggeessan ni beeku.
- Haasaa daa'immaniin durfamee fi jechootaan badhaadhe daa'imman isaanii wajjin geggeessuuf ofitti amanamummaafi kaka'umsaa aragtu.
- Haasaa badhaadhaa hedduu daa'imman isaanii waliin geggeessuudhaaf, yeroo ramadanii, naannoo mijataa ta'e ni uumu



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 10)

- **Gocha: Marii garee xiqqaa** - Haasawa daa'immaniin durfamu ykn geggeeffamu irratti haasawa badhaadhaa gaggeessuun karaa bu'a qabeessa ta'e kaasuudhaan kuticha ni jalqabu
- Haala mijeessitoonni leenjifamtoota gaaffilee armaan gadii gaafachuun yaada isaanii waraqaa maxxantuu ykn yaadannoo irratti galmeessuun gidaara/dhaaba manaa irratti maxxansu:
 - *Hawaasa keessan keessatti haasawa/waliin-duubbii jechootaan badhaadhaa ta'an kan daa'imman dammaqinaan irratti hirmaatan ni jajjabeessituu? Haasaa badhaadhaa daa'immaniin durfamu (haasawa naanna'ee deebi'u, fi madaalawaa kan akka daa'ima fi haadha gidduu, daa'ima fi abbaa gidduu, fi daa'imman gidduu) daa'ima waliin taasisuurratti hubannoo akka qabdu ibsuu dandeessaa? Muuxannoon haasawaa/marii daa'immaniin durfamu hawaasa keessan keessatti akkam? Hawaasa keessan keessatti haasawa/marii daa'immaniin geggeeffamu akka hin geggeessine gufuuwwan jiruu? Haasaan daa'immaniin geggeeffamu barnoota duraa daa'iimaniif faayidaa qaba jettanii yaadduu?*



Yaadannoo haala mijeessitootaaf (Haasaa Badhaadhaa ta'e Daa'imman Wajjiin Gaggeessuu)

- Haasaa daa'immaniin geggeeffamu gaggeessuu, isaan waliin haasa'uu, isaan irratti dubbachuu dhiisuu, ijoolleen akka dubbatan taasisuu, haasawa daa'imman gidduu jiru guddisuu, hirmaannaa daa'immanii deeggaraa haasawa gara fuulduraa fi gara duubaatti gaggeessuu
- Haasaawa baayyee ykn badhaadhaa gochuudhaaf, dandeettii dubbisuu fi barreessuu hin barbaachisu. Beekumsa addaas hin barbaachisu
- Ijoolleen yaada waan qabaniif, haasofni madaalawaan haadhaa fi daa'imman gidduu jiru akkasumas dabareen haasa'uun ykn mari'achuun gaari dha.
- Waa'ee yaada ijoollee haasa'uu (fkn waa'ee huccuu isaanii, dhoqqee, fuduraalee, shaayii, bunaa, kitaaba, skiriipitoo, halluu, konkolaataa, saawwan, TV, hantuuta, kophee, bishaan, aannan, kubbaa, kubbayyaa fi kkf), .
- Marii idilee guyyaa guyyaatti qabaadhaa, adeemsa uumamaa haasa'uu, waa'ee nyaataa, meeshaalee nyaata bilcheessuu, nyaata fayya qabeessa, dhugaatii akka nyaata fayya qabeessaa, fi duudhaa adaa haasa'uu, seeneffama himuu fi irra deebi'anii himuu, dhaggeeffachuu fi calaqqisiisuu irratti bobba'uu, dhimmoota adda addaa irratti marii gaggeessuu fi kkf



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 15)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Leenjifamtoonni ergaa raadiyoo dhimma daa'ima waliin haasawa badhaadhaa geggeessuu irratti akka dhaggeeffatan hayyamu (yoo barbaachisaa ta'e irra deebisanii dhageeffachiisuu). Sana booda gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisuu.
 - *Ergaa raadiyoo irraa maal baratte (Daraartuun mata-duree mariif filatte). Haati Obsee fi Abbaan Dhaqqabaa akkamitti ibsan)?*
 - *Haasawa daa'immaniin geggeeffamuu fi badhaadhaa ta'e akkamitti guddisuu dandeenya?*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 8)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni gareewwan jalqabaa (maatii/kunuunsitoota lama lama ta'uun) gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman sun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsuun ibsu:



Ergaawwan Ijoo

- Ijoolleen yaada isaanii yoo ballisanii ibsatan ballisanii yaaduuf carraa argatu. Ijoolleen waa'ee yaadota marii irratti fidan caalaatti baratu. Yaada dabalataa, galtee dabalataa, qeeqa, yaada wal jijjiiruu, dabaree fi qunnamtii dabalataa dhaga'uuf carraa argatu
- Ijoolleen nama gahumsa qabuu fi hiriyoota gaarii ta'uu danda'andha
- Daa'imman dandeettii akka qabaatanitti, hogganaa ta'anitti fi murtoo dabarsuu akka danda'an taasisanii guddisuu
- Qunnamtii maatiifi daa'immanii jabeessuun, carraa jabinna walii beekuu ni dabala



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 4)

- Miseensa Maatiwwaniifi daa'imman barbaachisummaa gochoota armaan gadii barsiisi.
 - *barbaachisummaa haasawa badhaadhaa daa'immaniin durfamu, marii, waliin-dubbii, haaswa daa'ima giddu galeessa godhatee daa'immaniin geggeeffamu, bilchinnaafi baay'ina haasawaa daa'immaniin durfamu fi kan maatiin deeggarama.*
- Ijoollee keessan waliin mana keessan keessatti haasawa daa'immaniin durfamee geggeeffamu shaakalaa!
- Ijoollee keessan waliin mana keessan keessatti haasawa daa'immaniin geggeeffamu waliin shaakalaa



*Ijjoollen nama gahumsa
qabuu fi hiriyoota gaarii
ta'uu danda'andha*

GOCHAALEE DUBBISUU DAA'IMAA QAJEELCHU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitootni бага nagaan dhuftan jechuun leenjifamtootatti of beeksisu. Leenjifamtoonillee akka of beeksisan jajjabeessuun waa'ee maatii isaanii (lakkoofsa waliigalaa ijoollee, abbaa qofa ykn haadha qofa qabaachuufi dhiisuu isaanii, waa'ee abbaa/haadha manaa, haala hawaas- dinagdee fi kkf) akka qooddatan ni godhu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** Haala mijeessitootni maatiin/kunuunsitoonni muuxannoo hojiiwwan mana yeroo darbe fudhatan irraa argatan akka qooddatan taasisuun gaaffilee armaan gadii irratti yaada akka calaqqisiisan taasisu.
 - *Yeroo darbe haasaa badhaadhaa ta'e daa'imman wajjiin gaggeessuurratti hojii manaa akka fudhattan nibeekama. Mana keessanitti akka hojiirra oolchitan qajeelfamni adda addaa isiniif kennameera. Haasaa, mariifi waliin dubbii daa'immaniin durfamu geggeessitaniittuu? Akkamittifi yoom hojiirra oolchitan? Daa'imman kun dammaqinaan hirmaataniiruu? Daa'immaan akkamitti yaada fidan ykn ajandaa haasawa gabbataa kaa'an? Marii haasaa badhaadhaa ta'e irratti gufuun ykn danqaan isin mudateeraa? Akkamittis furtan?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoonni garee xiqqaadhaan (garee nama lama lamaa uumuun) leenjii kutaa kanaa "gochaalee dubbisuu daa'imaa qajeelchuu" akka ta'e itti himuun leenjicha kanarraa kaayyoo isaan eegan qabxii lama waliin ni qooddatu, boodarra leenjichi waan isaan argachuuf eegan (tilmaaman) guutuu fi guutuu dhabuu isaa ni ibsu.

Xumura leenjichaa irratti leenjifamtoonni:

- Daa'ima waliin sagalee ol kaasanii dubbisuu, walta'anii dubbisuu, hiratanii dubbisuu beekuufi akkamitti gochaaleen dubbisuu daa'immaniif dagaagina sammuu akka fidu ni ibsu.
- Maatiin meeshaalee dubbisaa adda addaa ijoollee waliin qorachuun ofitti amanamummaa, walitti dhufeenya ijoollee wajjiin qabaachuu, gammachuufi itti gaafatamummaan akka itti dhaga'amu ta'u.
- yeroo, bakka fi meeshaalee barbaachisoo ta'an ramaduun gochaalee dubbisuu daa'immanii qajeelchu waliin shaakalu



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 10)

- Haala mijeessitoonni leenjifamtoota gaaffilee armaan gadii gaafachuun yaada isaanii waraqaa maxxantuu ykn yaadannoo irratti galmeessuun gidaara irratti mariidhaaf ni maxxansu
 - *Daa'imman dhalatanii hanga waggaa 7tti barreeffama adda addaa dubbisuu danda'u jettanii yaaddu? Maaliif? Daa'ima keessan waliin dubbisuun guddina waliigalaa isaaniiif gumaacha qaba jettanii yaadduu? Akkamitti? Muuxannoo dubbisaa mana keessanii nuuf himtuu? Daa'imman keessan waliin ni dubbistuu?*
 - *Tooftaalee daa'ima waliin dubbisuu dandeenyu nutti himuu dandeessuu? Sagalee ol kaastee dubbisuu, dubbisa waliinii fi dubbisaa calaqqisiisu mana keessanitti shaakaltuu? Gochaawwan dubbisaa daa'immaniin geggeeffaman irratti bobba'uu ilaalchisee muuxannoon keessan akkam? Wantoonni shaakala gochaalee dubbisuu daa'ima qajeelchuurratti mana keessan keessatti dhiibbaa fidan jiruu?*
- Odeeffannoo armaan gadii keessaa muraasa maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa



Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf

- Gochoonni dubbisuu daa'immanii qajeelchan dandeettii afaanii ,dubbisuu fi barreessuu daa'immanii (jechoota, afoola (sheekkoo, akka kunuunsa dhuunfaa, taphoota, fi dhugaatii), fi kkf), hubannoo sagalee, fi maxxansaa ni guddisu. Gochoonni dubbisuu daa'immanii qajeelchan daa'imman deeggarsa warraatiin of-danda'anii akka dubbisan taasisu. Maatiin sagalee isaanii ol kaasanii dubbisuu, daa'ima isaanii waliin dubbisuu fi gocha dubbisuu isaanii daa'ima waliin calaqqisiisu. Gochoonni dubbisuu daa'immanii qajeelchan, gochaalee dubbisuurratti marii ni kakaasa. Akkasumas, walitti dhufeenya daa'imaafi maatii guddisuuf ga'ee guddaa qaba.
- Dubbisani calaqqisiisuun guddina waliigalaa daa'immanii ni fida. Ijoolleen dubbisuu kan danda'an yeroo namni tokko kophee isaa/ishee yoo hidhu/hiitu, huccuu isaa/shee yoo uffatu/ttu, yeroo namni tokko qubee, jechoota, lakkoofsa dubbisu, waa'ee currisaa fi walitti dhufeenya hawaasummaa dubbisu, waa'ee qulqulleessu dubbisu, waa'ee biqiltuu dhaabuu, lakkoofsaa, waa'ee nama deeggaruu fi kkf. Gochaawwan guyyaa guyyaa dubbisuufi barreessuu, fi guddina afaanii jajjabeessu yoo ta'an, isaanis kan akka suuraa sochii qaamaa dubbisuu (ijoollee fiigicharratti, utaalcharrattifi ofi diddiriirsuu irratti bobba'an ilaalaa), fuula namootaa dubbisuu (fuula namaa ilaalanii hiika itti kennuu), yeroo namoonni shubbisan, yeroo namoonni uffatan, buna daakan, gurguran, bitan, nagaa wal gaafatan, waliin dudubbatan, mana ijaaran, hojiiwwan adda addaaa argisiisan suuraa irraa ilaalani akka isaan hiika itti kennan gochuun baayyee barbaachsaadha.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 15)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** leenjifamtoonni ergaa raadiyoo gochaalee dubbisuu daa'ima qajeelchurratti akka isaan dhaggeeffatan godhu (yoo barbaachisaa ta'e irra deebi'anii raadiyoo taphachiisu). Ergasii gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisu.
 - *Ergaa Raadiyoo Simaleen seenaa bareedaa waa'ee bosonuu dhiheessite irraa maal barattan? Seenaa Simaleen dhiheessite keessatti gochaalee dubbisaa qajeelfama qabu daa'imman waliin babal'isuun barbaachisaa ta'uusaa hubattaniittuu? Ijoolleen hundi kutaa dubbisaa irratti dammaqinaan hirmaataniiru moo nama biraatiin ol'aantummaan fudhatame?*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 8)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa:** haala mijeessitootni gareewwan jalqabaa (miseensa maatii/ kunuunsitoota lama lamaa) gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman sun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha haala mijeessitootaa:** haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa ni cuunfu!



Ergaawwan Ijoo

- Gochoonni dubbisanii ibsuu maatii fi daa'imman waliin taasisan, akka isaan waa'ee barbaachisummaa kitaaba dubbisuun barumsa isaaniif qaburratti marii godhan taasisa, hariiroo maatii fi daa'immaniis niguddisa. Dandeettii dubbisanii ibsuu daa'immaniillee ni dabala
- Dubbisni daa'immaniin durfamu dandeettii kalaqa daa'immanii kan akka afoola, suuraafi taateewwan adda addaa hiikuu guddisa. Akkasumas, daa'immani carraa mata duree adda addaa ofuma isaaniitiin qorachuu fi jaalala meeshaalee adda addaa dubbisuu argatu.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 4)

- **Barbaachisummaa gocha armaan gadii torban keessatti ijoollee barsiisaa:**
 - *Dubbisni maatiin qajeelfamu fi gochaaleen dubbisaa calaqqisiisuu kan daa'immaaniin geggeeffaman, dandeetti of-danda'anii dubbisuu fi jaalala dubbisuu horachiisa.*
- Daa'imman keessan waliin ta'uun gochaalee dubbisa daa'immanii qajeelchan irratti hirmaadhaa ykn shaakalaa!

Gochoonni dubbisanii ibsuu maatiifi daa'imman waliin taasifamu, akka isaan waa'ee barbaachisummaa kitaaba dubbisuun barumsa isaaniif qaburratti marii godhan taasisa, hariiroo maatiifi daa'immaniis niguddisa. Dandeettii dubbisanii ibsuu daa'immaniillee nidabala.



NAGEENYAAFI EEGUMSA DAA'IMMANII



DAA'IMMAN MIIDHAA QAAMAIFI CURRISAA/MIIRAA IRRAA EEGUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijeessitoonni hirmaattota бага nagaan dhuftan jechuun fuula ifaadhaann simachuun maqaa isaanii, fi maaliif akka achi jiran beeksisu.
- Ergasii tokko tokkoon leenjistoota maqaa isaanii fi maaliif akka achi dhufan akka himan gaafachuun, leenjii irraa maal akka eegan akka himan jajjabeessu. Sana booda kaayyoo fi galma tilmaamaan argachuuf eegan kaayyoo leenjii armaan gadii keessatti hammachiisuuf yaalu!



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoonni yeroo darbe dubbisa maatiin qajeelfamu fi gochaalee dubbisaa calaqqisiisuu (Mediated and Refelctive Reading) irratti muuxannoowwan hojiilee manaa hojjetan irratti qaban akka waliif qoodan taasisuun gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun garee irraa yaadaafi calaqqeen akka kennamu taasisu.
 - *Kutaa darbe keessatti, gahee dubbisni maatiin qajeelfamu fi dubbisaa calaqqisiisuu madaaluuf hojii manaa fudhanneerra. Barbaachisummaa dubbisa maatiin qajeelfamuu fi dubbisaa calaqqisiisuu hubattaniittuu? Yoo akkas ta'e, ijoollee keessan waliin dubbisa maatiin qajeelfamuu fi dubbisaa calaqqisiisuu hojiirra oolchitaniittuu?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoonni garee akka ijaaran gaafatu.
- Haala mijeessitoonni leenjiin guyyichaa 'daa'imman miidhaa qaamaa fi currisaa irraa eeguu' irratti akka ta'e itti himu. Sana booda kutaa kanarraa kaayyoo ykn galma isaan argachuuf eegan akka timaamanii ibsan jajjabeessu.

Xumura kutaa kanaa irratti leenjifamtoonni:

- *haalawwan fayyaa qaamaa fi currisa daa'immanii (waggaa 1-6) miidhan ni beeku.*
- *nageenya qaamaa fi currisa ijoollee isaanii mirkaneessuuf itti gaafatamummaan kan isaanitti dhaga'amu ni ta'u*
- *ijoollee isaanii miidhaa qaamaa fi currisaa irraa eeguufi naannawa naannoo isaanitti nageenya akka qabaatan ni taasisu*



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa** – Haala mijeessitoonni akka baniinsa kutaa kanaaf ta’utti gaafilee armaan gadii leenjifamtoota gaafatu. Yemmuu gaafilee deebii kennan, yoo miirri nama gaddisiisu isaan mudate, gaaffii itti baballisuun gaafatu, fakkeenyaaf, haalichi akkamitti akka isaan mudate, dhiibbaan inni isaanirratti uume maal akka ta’e, akkamitti miirraa fi amala isaaniis akka miidhe gaafatu
 - *Maatiin yeroo ijoollummaa isaanii akka yaadatan taasisuun wanta warri isaanii isaan irratti godhan kan akka nageenyi akka itti dhaga’amu godhuu ykn akka hin jaallatamne, nageenyi akka itti hindhaga’amne, akka hingammadne taasisuufi kkf keessaa tokko haa dubbatan!*
 - *Akkasumas hirmaattota waa’ee sodaa ijoollee isaaniiif qaban ilaalchisee ykn ijoollee isaaniiif maaltu isaan akka yaaddessu gaafatu.*
 - *Wanti ijoolleen naannoo isaaniiitti gammachuu akka hin qabaanne, tasgabii akka hin qabaanneefi sodaa akka qabaatan godhu maali?*
 - *Daa’imman isaaniirra miidhaa qaamaafi currisaa wanti fiduu danda’u maali? akkamitti daa’imman isaanii balaa akkasii irraa eegu?*
- Haala mijeessitootni, maaloo hirmaattonni leenjii haalawwanii fi gochaawwan fayyaa qaamaa fi currisa daa’immanii miidhuu danda’an akka yaadan jajjabeessuun rakkoo kanneen immoo furuuf itti gaafatamummaa isaanii akka bahan jajjabeessaa
- Haala mijeessitootni, yaadannoo armaan gadii ofuma keessanii hubadhaa



Hubachiisa Gabaabaa Haala Mijeessitootaaf:

- **Nageenyi qaamaa daa'immanii maali:** Nageenya qaamaa daa'immanii jechuun dhibamuu ykn miidhamuu dhabuu daa'immanii yoo ta'u, wontootni miidhaa daa'imman irra geessisuu danda'an kan akka, haala teessuma lafaa, ijaarsaa fi caasaalee adda addaa, meeshaalee kosii, nyaatawwan shamanii fi bishaan faalaman, tapha sochiiwwan qaamaa qabu, meeshaalee mana keessaa, meeshaalee eegumsa fayyaa, meeshaalee ugguramoo (dhorkaman) fi kkf ta'uu danda'u.

- **Daa'imman miidhaa qaamaa fi currisaa irraa eeguun maaliif barbaachisaa ta'e?**

Miidhaan qaamaa fi currisa daa'immanii karaa hedduun guddina daa'immanii irratti dhiibbaa hamaa kan geessisu yoo ta'u, yeroo dheeraaf jeequmsa qaamaa, hawaasummaafi kkf fiduu danda'a. Ijoolleen miidhaa qaamaa fi currisaa yoo isaan mudatu carraan sodaa qabaachuu, yaaddoo qabaachuu, dhiphina sammuutiin rakkachuu fi dandeettii sammuu gaarii dhabuu danda'u. Ijoolleen miidhaa qaamaa fi currisaatiin saaxilaman rakkinna akka nahuu, amanamoo ta'uu dhabuu, shakkii fi kkf agarsiisuu danda'u. Ijoolleen akkasii dhiphina sammuu, dhiphina yaaddoo fi rakkoo nyaataa qabaachuu danda'u. Ijoolleen irra caalaa daa'imman xixiqqoon haala akkanaa irraa eegamuu qabu. Nageenya qaamaa fi currisaa daa'immanii mirkaneessuun dirqamaafi seeraa maatiiti/kunuunsitootaati.

- **Akkamitti Ijoollee miidhaa qaamaa fi currisaa irraa eeguu dandeenya?**

Kanneen armaan gadii maloota ykn karaalee maatiin nageenya qaamaa fi currisa daa'immanii mirkaneessuu danda'aniidha.

1. *Naannawa naannoo daa'immanii (naannoo manaa, naannoo ollaa, naannoo mana barumsaa) nageenyaafi wantoota miidhaa qaamaa daa'immanii fidan irraa bilisa taasisuu*
2. *Ijoolleen naannoo nageenya hin qabne keessa akka jiraatan ykn taphatan hayyamuu dhiisuu (naannoowwan haalawwan nageenya hin qabne qaban, naannoo faalame, meeshaalee xuraa'aa ta'an, bishaan faalame fi kkf).*
3. *Ijoolleen meeshaalee ittisaa akka uffatan, bishaan gahaa akka dhugan, tapha qaamaa fi ispoortii osoo hin jalqabin dura akka qaama isaanii ho'isan jajjabeessuu*
4. *Miidhaa qaamaa booda yeroon yaala sirrii argachuu*
5. *Hariiroo maatii wajjiin uumuu.*
6. *Ijoolleetti jaalalaa wal irraa hin cinne fi jaalalaa dhugaa agarsiisuu*
7. *Ijoolleen of danda'anii waan tokko akka hojjetan jajjabeessuu*
8. *Ijoolleef sheekkoo himuufi sheekkoo isaanii dhaggeeffachuu*
9. *Bu'aa ba'ii kamiyyuu irratti ijoollee badhaasuu (dinqisiifachuu, lellisuu fi jajjabeessuu).*



5. YEROO RAADIYOO 12^{FFAA} (Daqiiqaa 32')

- **Qajeelfama Haala Mijeessitootaaf:** Haala mijeessituun hirmaattonni raadiyoo bakka **Daa'imman Miidhaa Qaamaa fi Miiraa Irraa Eeguu** jedhu akka dhaggeeffatan taasisaa! Irratti mari'adhaa! Hormaattonni hundi isaanii (maatii/kunuunsitoonni) bakka raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa! Hirmaattonni ammas al tokko dhaggeeffachuu yoo barbaadan bakka raadiyoo sana yeroo tokko dabalataan taphachiisi. Achiis, gaaffilee armaan gadii irratti akka mari'atan jajjabeessi.
1. Raadiyoo dhaggeeffattan irraa maal hubattu?
 2. Narsiin raadiyoo irratti argamtu akka jettutti dhiphinni garmalee daa'imman miidhaa miiraa jala galcha. Narsiin kun itti dabaluuudhaan wanti ijoollee miidhaa miiraa keessa galchu baay'eedha. Yaadota kana irratti walii galtuu? Haala akkamiitu ijoollee dhiphina miiraa keessa galchuu danda'a?
 3. Akkuma raadiyoo irratti mul'atutti daa'imman buqqaatota fi baqattoota irraa dhufan miidhaa miiraaf saaxilamuu danda'u. Maalif?
 4. Narsiin haalawwan daa'imman miidhaa qaamaaf saaxilan illee ni ibsa. Haalota naannoo keessanii keessaa kanneen daa'imman miidhaa qaamaaf saaxiluu danda'an ni beektuu?
 5. Maatii fi kunuunsitoonni ijoollee miidhaa qaamaa fi miiraa irraa eeguuf maal gochuu qabu?

Haala mijeessituun, hirmaattonni akka qaama marii sanaatti muuxannoo mataa isaanii akka yaadan jajjabeessi.



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijeessituun nageenya qaamaa fi tasgabii miiraa dhabuun guddina waliigalaa daa'immanii akka miidhu ibsuun hojiiwwan sana gabaabsaatii goalabaa. Kanaaf daa'imman miidhaa qaamaa fi miiraa irraa eeguun murteessaadha. Maatiin/kunuunsitoonni malawwan haala isaanii keessatti hojiiirra oolan hedduu fayyadamuun nageenya qaamaa fi nageenya miiraa mirkaneessuu danda'u.
 - *Sana booda, hirmaattonni ergaa sanaan walqabatee yaada isaanii fi ilaalcha isaanii akka calaqqisan jajjabeessaa. Kaayyoo kanaan gaaffilee armaan gadii isaan gaafadhaa!*
 - *Kutaa kana irraa maal baratte?*
 - *Ergaa kana hojii irra oolchuu kan dandeessan akkamitti?*
 - *Akkaataa haala guddina kee keessatti wanti jijjiiruu barbaaddu jiraa?*
 - *Wanti akka ilaalamuuf yaada kennuu barbaaddan jiraa?*
- **Qajeelfama Haala Mijeessituu:** Haala mijeessituu ergaawwan ijoo kutaa kana irraa akka armaan gadiitti gabaabsuun kaa'i



Ergaa Ijoo

"Ijoolleen sichi bilchaataa kan jiran waan ta'aniif nageenya qaamaa fi tasgabbi miiraa barbaadu. Daa'imman lammailee bu'a qabeessaafi dandeettii akka qabaatan, Nageenya qaamaafi miiraa isaanii mirkaneessuun dirqamaafi seeraa maatiiti/kunuunsitootaati.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

Haala mijeessitootni hirmaattonni muuxannoo leenjiirraa argatan maatii mana jiraniif (fkn haadha/abbaa warraa, obbolaa guddaafi hiriyoootaa) akka qoodan gorsuun gochoota manaa fi hawaasa keessatti isaan raawwatan akka ilaalan gaafatu.

Ijoolleen sichi kan bilchaataa jiran waan ta'aniif nageenya qaamaa fi tasgabbi miiraa barbaadu. Daa'imman lammailee bu'a qabeessaafi dandeettii akka qabaatan, Nageenya qaamaafi currisaa isaanii mirkaneessuun dirqamaafi seeraa maatiiti/kunuunsitootaati



GOCHAALAA KUNUUNSA DAA'IMMANII KEESSATTI MIIDHAA GEESSISAN HAMBISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 2)

Haala Mijeessitootni;

- Hirmaattota бага naga dhuftan jedhuun fuula ifaan simatu. Ergasii waan har'a isaanitti dhaga'amu itti himu, maaltu akka hirmaattotatti dhaga'amus ni gaafatu!
- Tokkoon tokkoon isaanii barnoota kanaan duraa hiriyoota isaaniiif olloota isaanii naannoo isaanii jiraniif qooduuf osoo yaalanii waan isaan mudate akka himan gaafadhaa.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijessitootni maatiin/kunuunsitootni muuxannoowwan yeroo darbe hojii manaa fudhatan keessatti raawwatan ilaalchisee akka yaada isaanii qooddatan taasisaa! Akkasumas gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun garee irraa yaadaafi ilaalcha akka kennan gaafadhaa!
 - *Kutaa darbe keessatti ijoollee keenya miidhaa qaamaa fi currisaa irraa eeguuf yaaluuf hojii manaa fudhanneerra. Wantoota ijoollee dhiphina qaamaafi miiraa saaxilan akkasumas rakkoowwan kanarraa ijoollee akkamitti akka eegan eegamuu qabu hubattaniittuu? Ijoollee keessan miidhaa qaamaafi miiraa irraa akkamitti eeguuf karoofattan?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 2)

- Haala Mijessitootni maatiin/kunuunsitootni garee akka ijaaran gaafadhaa!
- Haala mijessitootni leenjiin guyyichaa dhimma '**Gochaalee kunuunsa daa'immanii keessatti miidhaa geessisan ittisuu**' irratti akka ta'e itti beeksisaa! Achiis, kutaa kanarraa wanta isaan argachuuf eegan akka ibsan jajjabeessaa!

Xumura leenjii kanaa irratti, leenjifamtoonni:

- *Gochaaleen aadaa boodatti hafoo miidhaa geessisan kanneen akka kittaana (dhaqna qabaa) durbootaa dubartootaa, huuba qoonqoo kutuu (muruu), Ilkee daadee(ilkee daa'imummaa) buqqisuu fi adabbiin qaamaa guddina waliigalaa daa'immanii hangam akka gufachiisan ni beeku*
- *Gochaalee boodatti hafoo miidhaa geessisan kanneen akka kittaana(dhaqna qabaa) durbootaa dubartootaa, huuba qoonqoo kutuu (muruu), Ilkee daadee(ilkee daa'imummaa) buqqisuu fayyaa daa'immanii fi guddina waliigalaa gufachiisu ittisuufi itti gaafatamummaan kan itti dhaga'amu ni ta'u*



- *Gochaalee aadaa boodatti hafoo miidhaa geessisan kanneen akka kittaana(dhaqna qabaa) durbootaa, huuba qoonqoo kutuu (muruu), Ilkee daadee(ilkee daa'imummaa) buqqisuu fayyaa daa'immaniifi guddina waliigalaa gufachiisu ni dhaabu*

4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa:** Haala mijeessitootni gaaffilee armaan gadii akka baniinsa kutichaa ta'utti hirmaattota gaafadhaa! Bilisaan akka dubbatanis jajjabeessaa.
 - *Maatiin muuxannoo mataa isaanii kan akka qaama saalaa dubartootaa muruu, huuba qoonqoo muruu, Ilkaan daadee (Ilkaan aannanii) baasuufi adabbii qaamaa daa'immanii akka yaadatan gaafaDhaa! Gocha kana ilaalchisee miira isaanii akka calaqqisan jajjabeessaa. Sana booda, qabiyyee leenjii itti aanu kanaa isaaniif beeksisaa.*



Yaadannoo Haala Mijessitootaaf

Dubartootaa kittaannuu (Qaama Saalaa Dubartootaa Muruu (QSDM)) jechuun sababa barmaatilee boodatti hafaafi hawaasummaatiin qaama saalaa dubartootaa alaa gartokkoon ykn guutummaatti muruu dha. Kunis shamarran xixiqqoo umrii daa'imummaafi umrii ijoolummaa keessa jiran irratti kan raawwatuudha. Irra caalaatti gochi kun mirga namummaa bu'uura shamarranii sarbuufi mirga fayyummaa, nageenya qaamaa, nageenya miiraafi kabaja dubartootaa sarbuu jedhamee fudhatama. Dhimma kana ilaalchisee amma akkamitti yaaddu? Ammallee barbaachisaadha jettanii amantuu?

Huuba qoonqoo muruu jechuun infekshinii (jarmii dhukkubaatiin faalamuu) fi jeequmsa biroo qoonqoo wajjin walqabatan fayyisuuf ykn ittisuuf yaadamee huuba qoonqoo waliigalaa ykn gartokkee isaa balleessuudha. Ityoophiyaatti baay'inaan baadiyyaafi hawaasa horsiisee bulaa keessatti daa'imman infekshinii qoonqoo irraa eeguuf kaayyeffatee bal'inaan kan hojjetamuudha. Dhukkuba huuba qoonqoo fida jedhanii amanuun maatiin/kunuunsitootni baadiyyaa fi horsiisee bulaa keessatti baay'inaan mul'ata. Haa ta'u malee, qorannoon akka agarsiisutti, daa'imman huuba qoonqoo muruun, daa'imman dhukkuba qoonqoo fi rakkoo fayyaa kanneen akka dhiiguu, teetasii, hafuura ciccitaa baafachuu, garaa kaasaa fi bishaan qaama keessaa hir'achuu, giingummaa, funyaaniin dubbachuu, vaayirasii hir'ina dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu namaa hanqisuun qabamuu, hirribaan hafuura baafachuu danquu fi qufa'uu ni fida.

Ilkaan daadee (Ilkee aannanii) baasuu jechuun gochaalee aadaa boodatti hafa ta'anfi miidhaa geessisan ogeeyyiin aadaa daa'imman xixiqqoo irratti raawwataniidha, Anesthesia (qoricha adoochaafi meeshaalee qulqulluu) utuu hinfayyadamin yeroo baasaniidha. Sababii qoricha sammuu namaa hadoochu malee hojjetamuuf baay'ee kan nama dhukkubsu yoo ta'u, nageenyaafi tasgabbi daa'ima xixiqqaa kan jeequudha. Karaa gaarii hintaaneen kan raawwatamu yoo ta'u, rakkoo fayyaa cimaafi yeroo dheeraa fiduu kan danda'uudha; itti dabalees fayyaafi nageenya daa'ima irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Rakkoon fayyaa walxaxaan kun infekshinii, dhukkubbii ykn dhiita'uu foon ilkaanii, ho'a qaamaa fi qorra, erga baafamanii booda immoo dhukkubbiin kun akka isaanitti hammatu taasia.

Ilkaan daadee (Ilke aannanii) baasuun kan raawwatamu sababni garaa kaasaa raammoo foon ilkaanii jalatti biqilan irraa dhufaniif jedhamee waan amanamuufidha. Raammoon kun kan yaalamu yeroo raammoon sun foon ilkaanii kukkutuun baafamuuadha jedhamee amanama.

Adabbii Qaamaa: Adabbii Qaamaa jechuun yakka ykn seera cabsuu irraa kan ka'e, akka adabbiitti qaama daa'immanii irratti dhukkubbii qaamaa geessisuudha. Adabbiin qaamaa reebuu, rukutuu, sodaachisuu fi xiqqeessuu kan dabalatudha. Akka aadaa keenyaatti, maatiin adabbii qaamaa kan fayyadamaniiif, ijoolleen akka abboomamanii fi humna fayyadamanii kaayyoo isaanii daa'imman irratti galmaan ga'uufidha. Adabbiin qaamaa mirga nageenya qaamaa fi nageenya miiraa daa'immanii sarba. Ijoolleen adabbii qaamaa isaan mudate gara jabeeyyii ta'anii guddatu, amala ofitti amanamummaa gadi aanaa, fi fedhii namoota rukutuu horatu.

Gochoonni aadaa kan ittiin ijoollee guddisan, karaa hedduun nageenyaafi tasgabbbii daa'immanii irratti miidhaa geessisu. Fayyaan daa'immanii yaada namaa kan jeequ yoo ta'u, jeequmsa fayyaa cimaa fi yeroo dheeraa fid mala. Addabbiin qaamaa, daa'imman irratti dhukkubbii fi dhiphina miiraa kan fidan yoo ta'u, ofitti amanamummaa, miira tasgabbbii, gammachuu isaanii ni balleessa, fi ilaalcha gaarii isaanii ni mancaasu. Gochoonni kun fayyaa, amala, hariiroo fi jiruu daa'immanii ammaa fi gara fuula duraa ni dadhabsiisu. Kanaaf maatiin gochoota kana dhaabuu fi daa'imman xixiqqoodhaaf naannoo hawaasummaa nageenya qabuu fi eegumsa qabu mirkaneessuuf carraaqii hunda gochuu qabu.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 30)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaaf:** Haala mijessitoonni hirmaattonni **sagantaa raadiyoo gochaalee kunuunsa daa'immanii miidhaa geessisan ittisuu** jedhu akka dhaggeeffatan taasisaa! Irrattis mari'adhaa! Hirmaattonni hundi isaanii yeroo kana sagalee raadiyoo dhaggeeffachuu danda'u isaanii mirkaneessaa! Hirmaattonni yeroo tokko caalaatti dhaggeeffachuu yoo barbaadan yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachiisaa. Sana booda, gaaffilee armaan gadii irratti akka mari'atan jajjabeessaa.
 - yeroo raadiyoo kana keessatti gochoonni kunuunsa daa'immanii miidhaa geessisan caqafamaniiru. Narsiin kun fakkeenya afur gochaalee kunuunsa daa'immanii irratti miidhaa geessan ibsiteetti. Isaan yaadachuu dandeessuu?
 - Gochoonni kun miidhaa akkamii geessu? Gochoonni kun aadaan fudhatama qabuu? Duudhaaleen gochoota kana bu'uura godhatan maal fa'i?
 - Shamarreen qaamni saalaa ishee hin muramne abbaa warraa isheetiif amanamtuu hin taatu jedhamee amantaan jira. Amantaa kana ni fudhattuu? Maalif?
 - Maatiifi kunuunsitoonni gochaalee kunuunsa daa'immanii miidhaa geessisan kana akkamitti dhaabuu danda'u?
- Haala Mijessitootni, hirmaattonni akka qaama marii sanaatti muuxannoo mataa isaaniirratti akka calaqqisiisan jajjabeessaa.



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijessitoonni gochoonni kun nageenyaafi tasgabbbii, eegumsa daa'immanii, fayyaafi guddina hawaasummaa, currisaafi qaamaa irratti miidhaa akka qaban ibsuudhaan hojiiwwan sana gabaabsanii ni ibsitu. Kanaaf gochoota kana dhaabuun daa'imman gochaalee aadaa miidhaa geessisan akkasii irraa daa'imman eeguun murteessaadha. Sana booda, hirmaattonni ergaa sanaan walqabatee yaada isaaniifi

ilaalcha isaanii

- akka calaqqisan jajjabeessaa! Haaluma kanaan gaaffilee armaan gadii isaan gaafadhaa!
- *Kutaa kana irraa maal barattan?*
- *Ergaa kana hojii irra oolchuu kan dandeessan akkamitti?*
- *Akkaataa guddina ijoollummaa gaafa yaadattan, wanti jijjiiruu barbaaddan jiraa?*
- *Wanti akka dabalataan ilaalamuuf yaada kennuu barbaaddan jiraa?*

Qajeelcha Haala Mijessitootaa – Haala mijessitoonni ergaawwan ijoos armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har’aa gabaabsanii goalabu.



Ergaa Ijoo

Hojiin barmaatilee boodatti hafaa miidhaa geessisan kan akka kittaana dubartootaa (dhagna qabaa), huuba qoonqoo muruu, ilkaan daadee (ilkaan aannanii) baasuu, fi adabbii qaamaa har’aa irratti guddina waliigalaa daa’immanii gufachiisu, borus (akka ga’eessotaatti) oomishtummaa xiqqaa akka qabaatan taasisu.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Haala mijessitoonni hirmaattonni muuxannoo leenjii isaanii warra mana jiraniif (fkn haadha warraaf, obbolootaafi hiriyootaaf) akka qoodaniifi sana booda amala ofii mana keessattifi hawaasa keessatti akka hordofan ykn too’atan itti himaa. . Akkasumas hirmaattoota muuxannoo addaa isaanii afeeruudhaan kutaa itti aanu jalqabaa. muuxannoo kanneenitti akka carraa barumsaatti fayyadamaa

Harmful traditional practice such as FGM, Uvula cutting, milk-teeth extraction, and corporal punishment hinder children’s holistic development today (as children) and will make them less productive tomorrow (as adults).



HORDOFFII MAATIIN DAA'IMMANIIF GODHAN GUDDISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijessitoonni hirmaattoota nagaa ho'aadhaafi fuula ifaadhaan gara kutaa leenjichaatti simatu
- Haala mijessitoonni irra deebi'anii wal arguu isaaniitti akka gammadan itti himu. Leenjiiwwan kanaan duraa irraa muuxannoo akkamiitu akka isaan argatan itti himuudhaan waa'ee miira isaanii fi muuxannoo isaan leenjii kanaan duraarraa argatan maal akka fakkatu gaafatu. Akkasumas leenjii kanarraa kaayyoo/galma maal akka eegan akka himan nijajjabeessu.
- Qabiyee fi mala leenjii ilaalchisee maal akka isaan barbaadan ni gaafatu, (Sana booda kaayyoo leenjii armaan gadii keessatti waan isaan leenjii kanarraa eegan galchuuf yaalaa)



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijessitoonni maatiin/kunuunsitoonni muuxannoowwan hojii manaa kutaa darbe keessatti fudhatanirraa argatan akka qooddataniifi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun garee irraa yaadaafi calaqqee akka kennan ni gaafatu.
- *Kutaa darbe keessatti, gochaalee kunuunsa daa'immanii keessatti, barmaatilee boodatti hafaa miidhaa geessisan irraa fagaachuufi akkaataa irraa fagaachuu dandeenyu irratti hojii manaa fudhannerra. Gochaalee barmaatilee boodatti hafaa, daa'imman kunuunsuu keessatti, miidhaa qaamaafi miidhaa sammuuf saaxilan hubattaniittuu? Gochaalee daa'immanratti miidhaa geessan kana irraa fagaachuuf akkamitti karoorfattan?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 2)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoonni garee akka ijaaran gaafatu. Sana booda, kutaan guyyichaa '**Hordoffii Maatii Guddisuu**' irratti akka ta'e itti himu. Dhuma irratti, leenjicha sana irraa waan isaan barachuuf eegatan akka ibsan isaan jajjabeessu.

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- *hordoffiin daa'immanii maal akka of keessaa qabuufi gama hordoffii daa'immaniin maal akka isaan irraa eegamu ni beeku*
- *jireenya guyyaa guyyaa keessatti gochaawwan ijoollee isaanii hordofuu fi deeggaruuf itti gaafatamummaan itti dhagahama.*
- *gochaawwan, amala fi bakka ijoolleen isaanii guyyaa guyyaan oolan ni hordofu*



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5')

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa:** Haala mijeesitonni maatiin yeroo ijoollummaa isaaniitti warri isaanii akkamitti akka isaan hordofaniifi kanarratti maaltu isaanitti akka dhaga'amu akka yaadatan gaafatu Waa'ee kana ilaalchisee gammachuu akka qabaniif hinqabne ni gaafatu.
- Haala Mijessitootni, leenjifamtootni gaaffilee armaan gadii akka deebisan ni jajjabeessu.
 - *Maatiin/kunuunsitoonni waa'ee hordoffii maatii beekuu?*
 - *Maatiin ijoollee ittidihiyeenyaan hordofuun ijoollee irratti faayidaa qaba moo miidhaa qaba?*
 - *Maatiin/kunuunsitoonni ijoollee isaanii maaliif hordofuu qabu?*
- Haala Mijessitootni, yaadannoo armaan gadii ofuma isaaniitii qalbeeffatu.



Hubachiisa Haala Mijessitootaaf

Hordoffiin maatii maal akka of keessaa qabu: Hordoffii maatii jechuun maatiin bakka daa'imni isaanii jiran, haala oolmaa guyyaa guyyaa, gochaa fi bakka daa'imni isaanii jiran hordofanii beekuu fi xiyyeeffannoo itti kennuu isaanii agarsiisa. Isaanis kan dabalatan a) amala maatiin ijoollee isaanii irraa eegan; b) tarkaanfiiwwan maatiin daa'ima isaanii hordofuuf fudhatan; fi 3) akkaataa itti maatiin yeroo ijoolleen isaanii seera cabsan deebii itti kennan, ykn karaa sirrii rraa yeroo isaan maqan tarkaanfii isaan fudhatan

Barbaachisummaa Hordoffii Maatii: Hordoffiin maaatiin ijoollee isaaniif godhan, akka isaan waa'ee haala guyyaa guyyaa ijoollee isaanii beekan gargaara. Haala ijoollee isaanii mudatu hordofanii akka isaan furmaata itti kennan fi toora sirrii keessatti akka isaan eegan isaan taasisa. Kunis amala isaanii fi gochaalee isaanii to'achuudhaan waan isaaniif barbaachisu dhiyeessaa eegumsa barbaachisaa ta'e akka raawwatan taasis. Akkasumas, haala hawaasummaa ijoolle (fakkeenyaaf warren miseensa maatii hintaane , hiriyoota isaanii , obboleeyyan , miidiyaalee adda addaa) kanneen amala badaa jajjabeessan irraa akka fagaataniifi fi walitti dhufeenya daa'immani maatii waliin qaban akka cimsan dandeessisa. Hordoffiin maatii laafaan daa'imman akka amala badaadhaa hedduuf saaxilaman ni taasisa.

Karaalee ittiin hordoffii maatii fooyyessuu dandeessan:

- Maatii worra guddisa daa'immanii mishaa hordofu ta'aa!. Maatiin/kunuunsitoonni ijoollee keessaniif seeraafi daangaa cimaa kaa'uu qabdu. Seeraa fi daangaa ijoollee keessaniif ibsuu fi hanga beekaniifi fudhatanitti waa'ee seeraa fi daangaa isaan waliin mari'achuun barbaachisaadha. Sana booda, amalaafi gocha ijoollee keessanii haaluma kanaan to'achuu fi bocuu dandeessu. Daangaa fi seera kaa'attattaniin daa'imman guddisuu, deebii kennu fi deggeru qabdu.
- Hirmaannaan fi hariiroon maatiin ijoollee isaanii wajjiin qaban seera bu'uuraa irratti hundaa'uu qaba. kan wal amantaa fi tumsaa, haasawa gaarii fi walitti hidhamiinsa miiraa qabu ta'uu qaba.
- Maatiin kaayyoon hordoffii isaanii sababa barumsaa fi guddina ijoollee sirrii ta'e deeggaruu akka ta'e ijoollee isaanitti sirriitii beeksisuu qabu
- Hordoffii maatii keessatti haadholii fi abbootii gidduutti walitti dhufeenyi yaada, walsimannaa gochaa, walta'iinsaa fi wal hubannoon jiraachuu qaba
- Walqunnamtiin walfakkaataafi walitti dhiyeenyi, yaada ijoollee kabajuufi mul'anni ifa ta'e daa'immaniif hordoffii warraa keessatti meeshaalee barbaachisoodha.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 30)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa:** Haala mijessitoonni hirmaattonni '**Hordoffii Maatii Guddisuu**' jedhu irratti raadiyoo akka dhaggeeffatan taasisaa! Irrattis mari'adhaa! Hirmaattonni (maatii/kunuunsitoonni) hundi isaanii yeroo raadiyoo kana dhaggeeffachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa. Hirmaattonni yeroo tokko caalaatti dhaggeeffachuu yoo barbaadan yeroo tokko dabalataan raadiyoo dhaggeeffachiisaa. Achiis, gaaffilee armaan gadii irratti akka mari'atan jajjabeessaa.
 - *Yaadonni tapha raadiyoo irraa qabattan maali?*
 - *Maatiin raadiyoo dhaggeeffachuu irraa maal barattan?*
 - *Yeroo Raadiyoo kana irratti Caaltuun maatiin jireenya guyyaa guyyaa ijoollee isaanii hordofuu akka qaban ibsiteetti. hojiiwwan guyyaa guyyan hojjataniifi iddoo ijoolleen keessan itti dabarsan ni hordoftuu?*
 - *Barbaachisummaan gocha daa'immanii fi oolmaa isaanii guyyaa guyyaan hordofuun maali?*
- Haala Mijessitootni, hirmaattonni akka qaama marii sanaatti muuxannoo mataa isaanii akka calaqqisiisan jajjabeessaa!



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa:** Haala mijessitoonni hordoffiin daa'immanii daa'imman daandii sirrii irra akka jiraataniifi guddina waliigalaa isaanii guddisuuf faayidaa akka qabu ibsuudhaan hojiiwwan sana gabaabsaatii xumuraa. Sana booda, hirmaattonni ergaa sanaan walqabatee yaadaafi calaqqee isaanii akka dhiyeessan jajjabeessaa. Kaayyoo kanaan gaaffilee armaan gadii isaan guafadhaa!
 - *Kutaa kana irraa maal baratte?*
 - *Ergaa kana hojii irra oolchuu kan dandeessan akkamitti?*
 - *Akkaataa guddifachaa kee keessatti wanti jijjiiruu barbaaddu jiraa?*
 - *Wanti akka dabalataan ilaalamuuf yaada kennuu barbaaddan jiraa?*
- Sana booda, hirmaattonni ergaa armaan gadii kana akka qabatan itti himaa.



Ergaawwan Ijoo

Wanti maatiin/kunuunsitootni gochaalee kanaafi sagantaa raadiyoorraa barachu qaban akka isaan guddisa daa'immanii gaarii hordofuu danda'aniifi ijoollee isaanii karaa sirrii irratti eeguudhaan guddina waliigalaa akka qabaatan gochuudha.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Haala mijessitoonni hirmaattonni muuxannoo leenjii isaanii warra mana jiraniif (fkn haadha warraa/abbaa manaa, obbolootaaifi hiriyootaaf) akka qoodan gorsaa! Sana boodas amala ofii isaanii mana isaanii keessatti, akkasumsa hawaasa keessatti akka hordofan gaafadhaa! Kuta itti aanu keessatti hirmaattonni muuxannoo addaa

isaanii akka ibsataniif isaan jajjabeessaa! Akkasumas, carraa kana barnoota isaanii deebisanii akka yaadatan gochuuf itti fayyadamaa. kana ammas akka carraa barumsa deebi'anii itti naquuf itti fayyadamaa.

*Maatiin yeroo ijoolleen isaanii alatti taphatan,
ija isaaniitiin isaan hordofuu qabu.*



AMALA DAA'IMMANII TOO'ACHUU



DAA'IMMAN HAALA GAARIIN NAAMUSA QABSIISUU (ADABUU)



1. SIMANNAFI SEENSA (Daqiiqaa 4)

- Haala mijessitoonni leenjifamtoota gara kutaa kanaatti fuula ifaadhaan ni simatu
- Namoonni haaraa dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaanii fi jireenyaaf maal akka hojjetan akka beeksisan ni godhu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijessitoonni leenjifamtoonni muuxannoo hojiiwwan manaa kutaa darbee irratti fudhatanii turan akka qooddatan, yaada isaanii akka calaqqisiisaniifi yaadni garee irraa akka ka'u ni gaafatu; akkasumas ergaawwan ijoo irra deebi'anii kutaa isa duraa goolabaniis isa itti aanu ni eegalu.

➤ *Kutaa darbe keessatti, 'Hordoffii Maatii' irratti marii taasifneerra. Kutaa sana irratti hundaa'uun muuxannoo leenjii kee maatii mana jiraniif (fkn haadha warraa/abbaa warraa, obboleewwan hangafaa, fi hiriyootaaf) qooddeettaa? Leenjii booda dandeettii to'annoo fi hordoffii kee si hordofaniiruu?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijessitoonni leenjifamtoonni garee namoota lama lama of keessaa qabu, akka ijaaranii taasisuun kutaan har'aa '**Haala Gaariin Daa'imman Naamusa Qabsiisuu**' akka ta'e itti himu.
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan nihimu; sana booda haala mijessitoonni waan eegamu kaayyoowwan kutaa armaan gadii wajjin walsimsiisuu qabu. Haala mijessitoonni kutaa kana irratti wanti leenjifamtootni eegan xumura mariirratti guutamuu fi guutamuu dhabuu ni mirkaneessu.
- Kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii qaba (yaada isa hirmaattonni eeggachuuf ibsaniif bakka kennuu hin dagatinaa):

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- *Barbaachisummaa daa'ima kabajaan adabuu (naamusa qabsiisuu) ni hubatu*
- *Waa'ee haala gaariin daa'ima naamusa qabsiisuu ni beeku*
- *Daa'imman haala gaariin naamusa qabsiisuu irratti ofitti amanamummaa ni qabaatu*
- *Ijoollee isaanii adabuu irratti haala gaariin naamusa qabsiisuu hojiirra ni oolchu*



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii kanneen haala gaariin naamusa qabsiisuu waliin walqabataniin kutaa ni jalqabu:
 - *Haala gaariin daa'imman naamusa qabsiisuu jechuun maal jechuudhaa?*
 - *Ijoollee haala gaariin naamusa qabsiisuuf karaan sirrii ta'e maali?*
 - *Daa'imman/ijoollee keessan akkamitti haala gaariin naamusa akka qabaatan taasiftu?*
 - *Shaakalli haala gaariin naamusa qabsiisuu hawaasa keenya keessatti maal fakkaata?*
- Odeeffannoo armaan gadii maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa



Yaadannoo Haala Mijessitootaaf

- Haala gaariin naamusa qabsiisuun mala ittiin ijoollee karaa gaarii ta'een naamusa qabsiisan jechuudha. Haala gammachiisaa, garuu seera jabaa, kabajaafi jajjabeessuu of keessaa qabu, walitti dhufeenya gaarii uumuudhaan amala sirrii ta'e ijoollee barsiisuudha.
- Haala gaarii ta'een daa'imman naamusa qabsiisuu jechuun amala daa'ima irrabsuu, sodaachisuu(doorsisuu), rukutuu, kabaluu, ittiwacuu/ iyyuu dhiisanii amala gaarii kan akka badhaasuu, amala dogoggoraa sirreessuu kara miidhaafi lola of keessaa hinqabneen, kabaja daa'immaniif kennaa isaan naamusessuu jechuudha.
- Haala gaariin naamusa qabsiisuun adabbii (punishment) caalaa. Haala gaariin naamusa qabsiisuun mala kabajaa kennuufi jeequmsa hin qabne fayyadamuun ijoolleen akka amala sirrii ta'een guddatan barsiisuudha.
- Kunuunsitoonni warri daa'imman isaanii haala gaariin naamusa qabsiisuu fayyadaman, warra osoo amalli badaan hin jalqabin dura ittisuuf kaayyeffatan.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 19)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni haala gaariin naamusa qabsiisuu irratti raadiyoo taphachiisu, leenjifamtoonni raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo nitaphachiisu). Raadiyoo hordofuutti aansuun gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii guutuu akka godhamu taasisu:
 - *Ergaa raadiyoo irraa maal baratte?*
 - *Abbaan dhaqqabaa fi Haati Obsee akkamitti akka Daraartuu haala gaariin naamusa qabsiisan raadiyoo irraa dhageessaniittu. Haala gaariin naamusa qabsiisutti wantoota gaariitti fayyadamaniiruu? Haala gaariin naamusa*

qabsiisuun isaan itti fayyadaman sirriidha jettuu? Daa'imman/ijoolleen keessanis akkasuma yoo godhan maal gootu? Ijoolleen naamusaa gaarii akka qabaataniif, akkamitti haala gaariin adabamuu qabu?

- Karaaleen sirrii ijoollee haala gaariin naamusaan guddisuuf gargaaran maali fa'i?
- Ijoolleen haala gaariidhaan naamusa qabaachuudhaaf, adabbii qaamaa adabamuu qabuu?
- Namoonni hawaasa keenya keessa jiran ijoollee isaanii adabuuf adabbii qaamaa ni raawwatu?
- Hiriyaa kee si bira jiruuf, waan mana keessattifi hawaasa kee keessatti hojjechuuf karoorfatte qoodi!
- Gochoota daa'ima/ijoollee keessan haala gaariin naamusa qabsiisuuf mana keessatti raawwachuuf karoorfattan tokko tokko irratti yaada kennaa.



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijessitoonni gareewwan leenjifamtootaa jalqabaa gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan gaafatu:
 - Jalqaba kutaa har'aa irratti barumsa kana irraa waan TOKKO ykn LAMA kan barachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessu? Wantonni eegaman kun guutamaniiruu?
 - Har'a maal baratte?
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsanii ibsu:



Ergaawwan Ijoo

- Haala gaariin naamusa qabsiisuun amala gaarii daa'immanii irratti xiyyeeffatanii cimsuu dha.
- Daa'imman haala gaariin naamusa qabsiisuun sirriitti bu'a qabeessa kan ta'u kunuunsitootni hundi wal irraa osoo hin kutin (haala wal fakkaataadhaan) yoo itti fayyadamaniidha.
- Ijoolleen haala gaariin naamusa qabsiifamuu malee adabbii qaamaan adabamuu hin qaban
- Daa'imman haala gaariin naamusa qabsiisuu keessatti maatiin/kunuunistoonni adabbii qaamaa kan ofkeessaa qabu, isaan arrabsuu, doorsisuu, adabbii qaama geessisuu, miidhuu irraa fagaachuu qabu.
- Daa'imman kabajuu malee "tasuma isaan irratti iyyuun hin barbaachisu".
- Daa'imman naamusa qabsiisuu keessatti, amalli adabbii qaamaa hinqabne adabbii qaamaa caalaa yeroo dheeraa keessatti bu'a qabeessadha.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Ijoollee keessan amala gaarii barsiisuuf haala gaariin naamusa qabsiisuu fayyadamuu jalqabaa!
- Mala haala gaariin naamusa qabsiisuu fayyadamuun ijoollee keessan kabajaan adabaa (naamusa qabsiisaa)!
- Ijoollee haala gaariin naamusa qabsiisuu (adabuu) keessatti, adabbiin qaamaa hojiirra oolurraa dhorkamuu qaba!

Haala Gaariin Naamusa Qabsiisuun bu'a qabeessa kan ta'u kunuunsitootni hundi wal irraa osoo hin kutin haala walfakkaataadhaan yoo itti fayyadaman dha



TEEKNOOLOOJII ISKIRIINII BU'A QABEESSUMMAADHAAN ITTI FAYYADAMUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 4)

- Haala mijessitoonni leenjifamtoota gara kutaa kanaatti fuula ifaadhaan ni simatu
- Namoonni haaraan dhufan yoo jiraatan maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaanii fi bultoo jireenyaatiif maal akka hojjetan ni ibsu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijessitoonni leenjifamtoonni muuxannoo hojiiwwan manaa kutaa darbee irratti qaban akka qooddatan, yaada isaanii akka calaqqisiisanii fi yaadni garee irraa akka ka'u ni gaafatu; akkasumas ergaawwan ijoo irra deebi'anii yaada cuunfaan kutaa duraa ni xumuru kan itti aanummoo ni eegalu.

- *Kutaalee darban irratti hundaa'uun ijoollee keessan adabuu irratti jijjiirama akkamii gootan? Ijoollee keessan amala gaarii barsiisuuf adaba gaariitti fayyadamuu jalqabdaniittuu? Mala adabbii (naamusa qabsiisuu) gaaritti fayyadamuun ijoollee keessan kabajaan naamusa qabsiisuu eegaltaniittuu? Daa'imman haala gaariidhaan naamusa qabsiisuudhaaf adabbii qaamaa hojiirra oolchuu dhiistaniittuu?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijessitoonni garee namoota lama lama ofkeessaa qabu akka ijaarani taasisuun kutaan har'aa ' **Teeknooloojii Iskiriinii Bu'a Qabeessummaadhaan itti fayyadamuu'** irratti akka ta'e himaa!
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; sana booda haala mijessitoonni waan eegamu kaayyoowwan kutaa armaan gadii wajjin walsimsiisuu qabu, akkasumas haala mijessitoonni kutaa kanatti wanti eegame xumura kutaa guutuu irratti raawwatamuu isaa mariidhaan nimadaalu.
- Kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii qaba (waan hirmaattota irraa eegamurratti xiyyeefachuu hin dagatinaa):

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- *Itti fayyadama teeknooloojii siirr ta'ee fi bu'a qabeessa ta'e ni hubatu*
- *ittifayyadama teeknooloojii irratti daa'immaniif daangaa kaa'uuf kaka'umsi itti ni dhaga'ama*
- *Itti fayyadama teeknooloojiiratti daa'immaniif daangaa ni kaa'u akkasumas haala ni mijeessu*
- *Teeknooloojii Iskiriinii bu'a qabeessummaadhaann itti fayyadamu*



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii kanneen teeknooloojii Iskiriinii Bu'a Qabeessumman itti fayyadamuu waliin walqabataniin kutaa ni jalqabu:
 - *Teeknooloojiiwwan ijoolleen itti fayyadaman keessaa muraasni maal fa'i jettu?*
 - *Namoonni hawaasa keenya keessa jiran faayidaafi miidhaa itti fayyadama teeknooloojii ni hubatuu?*
 - *Odeeffannoo armaan gadii maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa!*



Yaadannoo Haala Mijessitootaaf

- Fayyadamni teeknooloojii iskiriinii bu'a qabeessa kan ta'u maatiin/kunuunsitootni yoo gidduu galanii (daa'imman isaanii wajjin) itti hirmaataniidha.
- Teeknooloojiin ijoolleen itti fayyadaman guddina isaaniin kan walsimu ta'uu qaba
- Yeroon iskiriinii daa'immaniif daangeffamuu qaba. Fakkeenyaaf, daa'imman dhalootarraa kaasee hanga waggaa lamaatti guutummaatti iskiriiniif saaxilamuu hin qaban.
- Yeroo dheeraaf iskiriinii fayyadamuun guddina daa'immanii irratti dhiibbaa hamaa qaba
- Ijoolleen viidiyoo irraa barachuu kan danda'an yoo warri isaanii isaan waliin ilaalaniifi viidiyoo sana akka meeshaa barumsaatti fayyadamuudhaan dandeettii afaanii yoo ijaaraniidha.



5. YEROO RAADIYOO 16 (Daqiiqaa 19)

- Haala mijessitoonni itti fayyadama teeknooloojii bu'a qabeessa ta'e irratti raadiyoo taphachiisu, leenjifamtoonni raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachiisu). Ergaa raadiyoo hordofuun gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii guutuu taasisu:
 - *Raadiyoo irraa maal barattan?*
 - *Narsiin Nuuriyaa jedhamtu, akkamitti ijoolleen teeknooloojii iskiriinii fayyadamuu akka qaban ibsaa akka turte raadiyoo irratti dhageessaniittu. Ishee wajjin walii galtuu? Ijoolleen keessan teeknooloojii iskiriinii akkamitti fayyadamu?*
 - *Fayyadamni sirrii teeknooloojii iskiriinii maali?*
 - *Hiriyaa kee si cinaa jiruuf, waan mana keessatti hojjechuuf karoorfatte qoodi*
 - *Gochoota mana keessatti hojjechuuf karoorfattan tokko tokko irratti yaada kennaa*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni gareewwan jalqabaa leenjifamtootaa LAMA gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti waan barachuuf eeggattan keessaa TOKKO ykn LAMA yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baratte?*
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsee ibsu:



Ergaawwan Ijoo

- *Ijoolleen teeknooloojii iskiriinii kan akka mobaayilaa, Televiiziiwoonaa fi kkf yeroo fayyadaman kophaa isaanii ta'uu hin qaban.*
- *Itti fayyadamni teeknooloojii iskiriinii maatii gidduu galeessa godhate(kan maatiin irratti hirmaatan) kan itti fayyadama teeknooloojii maatiin giddu galeessa hin taaneefi daa'immani of-danda'anii kan itti fayyadaman caalaa bu'a qabeessa dha.*
- *Maatiin yeroo ijoolleen iskiriinii irratti dabarsan irratti daangaa kaa'uu qabu*
- *Mobaayiliin ijoollee tasgabbeessuuf, nyaachisuuf, taphachiisuuf kkf fi ijoolleef kennamuu hin qabu*
- *Daa'imman waggaa lamaa gadi ta'an iskiriiniif saaxilamuu hin qaban. akkasumas , daa'imman umuriin isaanii lamaa ol ta'an guyyaatti yoo baay'ate sa'aatii lama dabarsanii itti fayyadamuu hin qaban.*



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 2)

- Itti fayyadama teeknooloojii iskiriinii ykn miidiyaa elektirooniksii irratti seera kaa'uu shaakalaa!
- Itti fayyadama teeknooloojii ijoollee keessanii keessatti, ofii keessan gidduu galeessa godhaa! Akkasumas, ijoolleen keessan meeshaalee elektirooniksii kanneen akka mobaayila, Tvfi kkf osoo fayyadamaa jirani kophaa isaanii dhiisuu hin qabdan!
- Ijoollee keessan waliin teeknooloojii fayyadamaa!

*Ijoolleen teknooloojii iskiriinii kan akka mobaayila,
TV fi kkf yeroo fayyadaman kophaa isaanii ta'uu hin qaban*



**DAA'IMMAN FEDHII
ADDAA QABANIIFI
DAA'IMMAN
SHAMARRANII HUNDA
HIRMAACHISUU
(HAMMACHUU)**



IJOOLLEE FEDHII ADDAA QABAN ILAALCHISEE YAADA DOGOGGORAA HIR'ISUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijessitoonni fuula ifaadhaan maatii/kunuunsitoota gara kutaa har'aaatti ni simatu. Haala mijessitoonni fuula ifaadhaan sagalee nama hawwatuun hormaatonni akka of beeksisan ni afeeru, namoonni haaraan dhufan yoo jiraatan: maqa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniifi bultoo jireenyaaf maal akka hojjetan akka himan taasisu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- Qajeelcha Haala Mijessitootaa- Haala mijessitoonni maatiin/kunuunsitootni muuxannoowwan hojii manaa kutaa darbee irratti fudhatanii akka qooddatan, akkasumas gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun akka calaqqisiisanii fi yaada garee irraatti akka hirmaatan ni gaafatu:

- *Hojii manaa kutaa darbee irratti hundaa'uun itti fayyadama teeknooloojii iskiriiniifi miidiyaa elektirooniksii irratti seera daa'immaniif kaa'uu dandeesseetaa? Rakkoowwan akkamitu si mudatan? (ballisaa gaafadhaa: diddaa daa'imman irraa dhufu, jijjiirama amala daa'immanii, kan akka boo'uu, nyaachuufi rafuu diduufi kkf,...)*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni maatiin/kunuunsitootni akka garee uumuu ni taasisuu. Maatiif /kunuunsitootaaf kutaan har'aa '**Yaada dogoggoraa waa'ee daa'imman fedhii addaa qabanii irratti jiru hir'isuu**' ta'uun isaa itti himama. Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; achiis dhuma kutaa irratti ammas mari'atanii kutaa sana irraa wanti isaan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa ilaalu.

- *Haala mijessitoonni wanta eegamu/kaayyoowwan kutaa armaan gadii hirmaattootaaf qooda:*

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaatonni:

- daa'imman fedhii addaa qaban ilaalchisee yaada dogoggoraa ni hir'isu
- daa'imman qaama miidhamtootaa ilaalchisee yaada sirrii ta'e horatu



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 10)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijessitoonni daa'imman fedhii addaa qaban ilaalchisee gaaffilee marii waliigalaa armaan gadiitiin kutaa kana jalqabaa!
- Sababoonni qaama miidhamummaa maal jettu? (ballisaa gaafadhaa - yoo hin kaafamne, adabbii Waaqayyoo, bu'aa cubbuu, badii haati yeroo ulfaa raawwattee fi kkf akkasumas mammaaksa tokko tokko waa'ee daa'imman qaama miidhamtootaa akka himaniifi mammaaksi kun maal akka agarsiisu irratti mari'adhaa)
- Ijoolleen qaama miidhamtoota ta'an akkuma daa'imman qaama miidhamtoota hin taane milkaa'uu danda'u jettanii yaaddu? (ballisaa gaafadhaa - yoo hin kaafamne kanneen armaan gadii kaasaa; barnoota keessatti, jireenya keessatti, fi kkf keessatti)
- Hirmaattonni jechoota boodatti haffaa hawaasa isaanii keessatti daa'imman fedhii addaa qaban ibsuuf itti fayyadaman gabaabinaan akka maddisiisan/ibsan gaafachuu (ballisaa gaafadhaa - yoo hin kaafamne kanneen armaan gadii agarsiisu; 'kan hingalleef' " 'Naafataa', 'Jaamaa', 'Kabeelaa', 'Maraataa'")fi hirmaattonni jechootni kun maal akka agarsiisan akka dubbatan gaafadhaa!). Bu'aa jechoota kanneenitti fayyadamuu irratti yaada kennuudhaan jechoota sirrii ta'an itti himaa).Waa'ee yaad-rimee leenjifamtootaa caalaatti ballisaa gaafachaa, ilaalcha filannoo dhiyeessuun yaada dogoggoraa mormuufi walbira qabuufi walfakkeessuu akka danda'an taasisaa!
- Odeeffannoo armaan gadii maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa



Yaadannoo haala Mijessitootaaf

- Yaadni dogoggoraa waa'ee daa'imman qaama miidhamtootaa sababa qaama miidhamummaa mul'atuun daa'imman kanneen tilmaamuun wanta sirrii akka hin taaneefi amantaa bu'uura hin qabneedha.
- Daa'imman qaama miidhamtoota akka waan jinniiwwan qabaniifi hawaasa keessa jiraachuuf hin mijoofooneetti ilaalamaa turan. Ijoolleen kunniin irra caalaan isaanii gatamaniiru, tuffatamanii mana keessatti dhokfamanii turan.
- Yaadni dogoggoraa gosa lama qabaachuu danda'a: gadhee (hamaa) fi gaarii

1. **Yaadolee dogoggoraa hamoo**

- *Qaama miidhamummaan daa'ima sababa amanamummaa dhabuu haadhaarraa kan maddedha*
- *Warri' karaa seexanaatiin qabeenya waan barbaadaif rakkinni kun isaanitti dhufe*
- *Warri Waaqayyoon waaqeffachuu dhabuu isaaniitiin ijoolleen isaanii qaama miidhamtoota ta'an*
- *Falfala daa'ima gadameessa keessa jirutu kana fide*
- *Abaarsa abbootii irraa maddeedha*

2. **Yaada dogoggoraa akka waan gaariitti fudhataman:** Yaadni dogoggoraa akka gaariitti ilaalaman tokko tokko ni jiru, isaani immoo dogoggoraa fi dogoggoraada. Yaadonni dogoggoraa gaariin beekaman tokko tokko:

- *Daa'imman qaama miidhamtoota ta'an daa'imman qaama fayyaa waliin wal bira qabamanii yoo ilaalaman dandeettii tokko tokkoon akka waan namoota biroo caalanitti ilaalu.*
- *Qaama miidhamtoonni qaama miidhamummaa isaaniitiinillee waan jiraataniif jajjaboofi ija jabeeyyii dha.*

- Yaadni dogoggoraa ilaalcha gadhee kan fidu yoo ta'u kunis daa'imman qaama miidhamtoota ilaalcha dogoggoraatti akka ilaalaman taasisa, kunis maqaa balleessii, loogii fi maqaa itti moggaasuu fida. Yaadni dogoggoraa kunuunsa daa'imman qaama miidhamtootaaf kennamu fi walitti dhufeenya hawaasni waliigalaa isaan waliin qabu irratti dhiibbaa qaba. Yaadni dogoggoraa hubannoo daa'imman qaama miidhamtoota tokko tokko waa'ee qaama miidhamummaa isaanii irratti qaban ol'aantummaadhaan akka nama gadi aanaa fi hawaasaaf ba'aa ta'anitti akka of ilaalan taasisa. Ilaalchi bu'aa kanaan dhufu daa'imman qaama miidhamtoota akka of mararfatan (garmalee akka ofiif gaddan), yakki itti akka dhaga'amu fi akka sodaatan taasisa.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijessitoota-** Haala mijessitoonni 'yaada dogoggoraa waa'ee daa'imman fedhii addaa qaban hir'isuu' irratti raadiyoo taphachiisu, maatiin/kunuunsitoonni raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii nimirkanessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachiisu). Itti aansuun gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii guutuu hirmaattonni akka godhatan taasisu:
 - *Yaadonni dogoggoraa Abbaan Dhaqqabaa ijoollee fedhii addaa qabaniin walqabatee kaase maali (ballisii gaafadhu –yoo hin kaafamne, qaama miidhamummaa akka abaarsaatti ilaalu, adabbii Waaqayyoo, dhoksuu, loogii gochuu dabalata)*
 - *Akkuma Abbaan Dhaqqabaa kaase maatiin fi kunuunsitoonni biroo ijoollee fedhii addaa qaban yoo qabaatan maal gochuutu irraa eegama (ballisii gaafadhu: isaan waliin taphachuu, waa'ee naannoo isaanii ibsa sirrii kennuu fi kkf)*
 - *Abbaan Dhaqqabaa daa'imman fedhii addaa qaban milkaa'uu akka danda'an eereera, ijoolleen kun akka milkaa'an gargaaruuf maatii irraa maaltu barbaachisa jettanii yaaddu? (ballisii gaafadhu - yoo hin kaane, deggarsa kennuu, fedhii isaanii hubachuu kan jedhu dabaluu dandeessu)*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijeesitoonni gareewwan leenjifamtootaa jalqabaa gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan ni gaafatuu :
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma TOKKO ykn LAMA argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal barattan?*
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijeesitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuudhaan kutaa har'aa gabaabsanii ibsu:



Ergaawwan ijoo

- Ijoolleen fedhii addaa qaban adabbii Waaqayyo biraa, bu'aa cubbuu fi ilaacha boodatti hafaa aadaa biroo wajjin walqabatu yoo ta'u, yaadoleen akkasii salphumatti, akka yaada dogoggoraatti fudhatamuu qabu
- Daa'imman sirriitti guddisuudhaaf, kunuunistoanniifi hawaasni yaada sirrii ta'e qabaachuu qabu
- Qaama miidhamummaan yaalamuu waan danda'uuf maatiinfi kunuunsitoonni daa'imman qaama miidhamtootaa gara buufataalee eegumsa fayyaa ammayyaatti geessuuf itti gaafatamummaa qabu



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Yeroo taphaa, hariiroo hawaasummaa, walqunnamtiifi barnootaa dabalatee jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti daa'imman fedhii addaa qaban deggaraa!
- Daa'imman fedhii addaa qaban eeruuf jechoota sirrii ta'anitti fayyadamaa!
- Yeroo hawaasummaa, kan akka sirna buna waliin dhuguu irratti, qaama miidhamummaan abaarsa akka hin taane, adabbii Waaqayyo biraa akka hin taane namoota birootti himaa, ijoollee fedhii addaa qaban loogii irratti geggessuudhaafi isaan dhoksuun dogoggora akka ta'e itti himaa!

Yeroo tapha, hariiroo hawaasummaa, walqunnamtiifi barnootaa dabalatee daa'imman jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti daa'imman fedhii addaa qaban deggaraa.



FEDHA DAA'IMMAN FEDHII ADDAA QABAN HUBACHUUFU DEEBII KENNUU



1. SIMANNAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota gara kutaa leenjii guyyichaatti fuula ifaadhaan nisimatu
- Namoonni haaraa dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaanii fi bultoo jireenyaaf maal akka hojjetan akka of beeksisan taasisu. .



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoota yeroo darbe, muuxannoowwan hojii manaa fudhatanii turan irratti qaban akka qooddatanii fi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun calaqqisiisni fi yaadni garee irraa akka kennamu ni taasisu:
 - *Jechoota mijatoo daa'imman fedhii addaa qabaniin walqabatan (fakkeenyaaf, jechoota sirrii daa'imman qaama-miidhamtootaa ibsuu danda'an) fayyadamuu shaakalteettaa?*
 - *Ijoollee fedhii addaa qaban (fkn, yeroo isaan taphatan) akkamitti deggerte?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – waa'ee kutaa har'aa seensa gabaabaa kennuudhaan kutaan kun 'fedha daa'imman fedhii addaa qaban hubachuu fi deebii kennuu' irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaa agarsiisuu.
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; achiis dhuma kutaa kanaa irratti ammas mari'atanii kutaa sana irraa wanti isaan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa madaalu.
- Haala mijeessitoonni hirmaattotaaf waan kutaa kanarraa eegaman qoodu.
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeessitoonni kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii akka qabu hirmaattootaaf ni beeksisu:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- daa'imman qaamaan miidhamtoota ta'an eenyufaa akka ta'an ni ibsu
- barbaachisummaa deggarsa daa'imman fedhii addaa qabaniif kennamu ni ibsu
- daa'imman qaamaa miidhamtoota ta'an fedhiin isaanii sirnaan guutamuufii akka barbaadan ni bekuu.
- daa'imman qaamaan miidhamtoota ta'an yoo deggarsa argatan kallattii jireenya

hundaan milkaa'uu akka danda'an ni beeku

- fedha daa'imman fedhii addaa qabanii guutuudhaaf deebii kennuu itti gaafatamummaa ni fudhatu
- daa'imman fedhii addaa qaban sochii manaa fi hawaasaa keessatti akka hirmaataniif carraa ni uumu



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeesitoonni daa'imman fedhii addaa qaban maatiin ykn kunuunistoonni akkamitti akka hubatan gaaffilee marii waliigalaa armaan gadiitiin kuticha eegaluu.
- *Daa'imman qaama miidhamtoota ta'an hawaasa keessan keessatti akkamitti hubatamu? (ballisii gaafadhu - gaaffilee kunniin yoo hin tuqamnee gaafadhu; jireenya keessatti milkaa'ina argachuuf dandeettii qabuu, mana barumsaa deemuu danda'uu, hirkattummaa qabuu?)*
- Ijoolleen fedhii addaa qaban akkaataa daa'imman qaama miidhamtoota hin qabneen ilaalamani?(ballisii gaafadhu -jaalalaa fi miira gaarii wal fakkaataa ta'etu kennamaa, sochii maatii fi hojii idilee irratti hirmaachuu, miidhaa fi adabbii qaamaa, tuffii, fi kkf)
- Namoonni hawaasa keenya keessa jiran daa'imman qaama miidhamtoota ta'an kunuunsa qulqullina qabu argachuuf mirga walfakkaataa akka qaban ni amanuu? (ballisii gaafadhu - fakkeenyaaf, barnoota, bashannana, fayyaa fi kkf keessatti)? Maalif? (ballisii gaafadhu: daa'imman fedhii addaa qaban ilaalchisee amantaa waliigalaa gaafachuu, yoo deeggaraman illee hin milkaa'an)
- Odeeffannoo armaan gadii keessaa muraasa maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa



Yaadannoo haala mijessitootaaf

- Daa'imman qaamaan miidhamtoota ta'an kanneen yeroo dheeraaf hir'ina qaamaa, sammu ykn miiraa qaban yoo ta'u kunis hawaasa keessatti hirmaannaa guutuu fi bu'a qabeessummaarratti namoota biroo wajjin walqixa akka hin taane gufachiisuu danda'a.
- Daa'imman qaamaan miidhamtoota ta'an fedhii bu'uura daa'imman qaama fayyaa wajjiin walfakkaataa qabu. – jaalalaa fi miira gaarii, yeroo gaarii, kunuunsa fayyaa, bashannana, barnootaa fi kkf in barbaadu
- Ijoolleen fedhii addaa qaban akkuma daa'imman biroo dandeettii isaanii guddisuu akka danda'aniif barnoota, carraa gahaa fi tajaajila biroo argachuuf mirga walqixa qabu.
- Daa'imman fedhii addaa qaban naannoo manaa kunuunsa fi fayyaa qabu keessatti guddachuu qabu: iisaaniifis jaalala, fudhatamummaa, gorsa, eegumsaa fi miira tasgabbaa'aafi jireenya fayyaa qabeessaani ni barbaachisa
- Daa'immaniifi ga'eessota biroo waliin taphachuu fi addunyaa isaanii qorachuu qabu.
- Daa'imman qaamaan miidhamtoota ta'an hojii hunda keessatti akka hammataman gochuu; taphaan akka baratan kan taasisuufi sochii aartii, aadaa, hubannoo, sochii hawaasummaa fi qaamaa keessatti akka hirmaatan gochuun barbaachisaadha



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni daa'imman fedhii addaa qaban hubachuu fi deggaruu irratti raadiyoo taphachiisu, maatiin/kunuunsitootni raadiyoo dhaggeeffachuu isaanii mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachiisu). Itti aansuun, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii ni taasisu.
 - *Aadde Amartiin naannoowwan daa'imman fedhii addaa qaban deggarsa barbaadan tokko tokko eeraniiru. Naannoowwan kunniin maalfaadha?(ballisii gaafadhu - yoo hin tuqamne, sochii akka deemsaa, naannoo isaanii isaaniif mijataa taasisuu dabali).*
 - *Aadde Amartiin akkasumas daa'imman fedhii addaa qaban dhoksuu dhiisanii bakka deeggarsa argachuu danda'anitti geessuun gaarii ta'uu isaa eeraniiru. Bakkeewwan kunniin maalfaadha? (ballisii gaafadhu - yaadi sun yoo hin tuqamne ta'e, hospitaalota, manneen barnootaa, iddoowwan hiriyyoonni umriin wal gitan itti taphatan dabali)*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeessitoonni gareewwan jalqabaa maatii/kunuunsitoota gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baratte?*
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaagadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsanii goolabu:



Ergaawwan ijoo

- Ijoolleen fedhii addaa qaban ijoolloota fayyaa biroo wajjin fedhii jaalalaafi miira gaarii, kan barnootaafi fayyaa, kan taphafi kkf qabu.
- Amantiifi barmaatilee miidhaa qaqqabsiisan tokko tokko keessatti, daa'imman fedhii addaa qaban, sochii maatiifi hawaasaa keessatti carraa walqixa hinqaban jedhamee fudhatama. Daa'imman fedhii addaa qabaniif, maatii fi hawaasni fedha isaanii sirnaan guutuuf itti -gaafatamummaa qabu
- Daa'imman fedhii addaa qaban fedhiin isaanii yoo guutamee fi deggersi barbaachisaa ta'e yoo taasifameef, akkuma daa'imman biroo milkaa'uu danda'uu



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Ijoolleen fedhii addaa qaban hiriyoota isaanii wajjin akka barataniifi taphatan deggeruu ilaalchisee miseensota maatii keessanii wajjin mari'adhaa.
- Ijoollee fedhii addaa qaban gara manneen barnootaa ykn bakka biroo ijoollee biroo wajjin barachuufi taphachuu danda'anitti geessuu.
- Daa'imman fedhii addaa qabaniif naannoo deeggarsa barbaadanitti deggarsa kennuu.

Daa'imman qaamaan miidhamtoota ta'an kanneen yeroo dheeraaf hir'ina qaamaa, sammuu ykn miiraa qaban yoo ta'u kunis hawaasa keessatti hirmaannaa guutuu fi bu'a qabeessummaarratti namoota biroo wajjin walqixa akka hin taane gufachiisuu danda'a.



IJOOLLEE DUBARAA HUMNEESSUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota gara kutaa har'aatti fuula gammachuutiin ni simatu
- Namoonni haaraa dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniifi bultoo jireenyaatiif maal akka hojjetan ni ibsu



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoota muuxannoowwan hojii-manee darbe irratti, yaada qaban akka qooddatanii fi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun akka calaqqisiisani fi marii garee irraatti akka hirmaatan ni gaafatu:
- Kutaa darbe keessatti daa'imman fedhii addaa qaban deggaruu ilaalchisee miseensota maatiifi hiriyyaa kee waliin akka mari'attu gaafatamtee turte. Dhimma kana irratti mari'atteetaa?



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haaala mijeessitoonni waa'ee kutaa har'aa seensa gabaabaa kennuudhaan kutaan kun 'ijoollee durbaa humneessuu' irratti akka xiyyeeffatu ibsu.
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa hiriyyaa isaaniitti waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; dhuma irratti mari'atanii kutaa sana irraa wanti isaan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa madaalu
- Haala mijeessitoonni hirmaattootaaf waan leenjii kutaa kanaa irraa eegamu ni qoodu.
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeessitoonni kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii akka qabu hirmaattootaaf ni beeksisu:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- shamarran gama jireenyaa hundaan ijoollee dhiiraa wajjin walqixa ta'uufi mirga walfakkaataa akka qooddatan ni beeku
- shamarran akkuma ijoollee dhiiraa milkaa'uu kan danda'an carraan walqixa ta'e yoo kennameef ta'uu ni beeku
- ijoollee dubaraa humneessuuf itti gaafatamummaan itti ni dhagahama
- shamarraniif akkuma ijoollee dhiiraa carraa taphaa, yeroo qayyabannaafi barnoota ni kennu



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa**- Haala mijeesitoonni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii, waa'ee ilaalcha hawaasaa daa'imman dubartootaaf carraa barnootaa walqixaa, carraa taphaafi qayyabannaa kennu wajjin walqabatuun kuticha eegalu.
- Ilaalchi waliigalaa hawaasa keessan keessatti shamarran ilaalchisee jiru maali?(ballisii gaafadhu -yoo hin kaafamne, akka ijoollee dhiiraa carraa barnootaafi taphachuu isaaniif kennameeraa kan jedhu dabali)
- Dhimmoonni addatti ijoollee dubraa, kan ijoollee dhiiraa hin mudanne mudatan keessaa muraasni maal fa'? (ballisii gaafadhu -gaa'ela dafanii godhachuu/heerumuu, barumsa addaan kutuu, hojii manaa irratti bobba'uu, taphaa fi socii hawaasummaa irraa daangeffamuu, kkf.)
- Hawaasni keenya ijoolleen dubaraa gama jireenyaa hundaan, ijoollee dhiiraa wajjin walqixa jedhanii ni amanuu? (ballisii gaafadhu - fakkeenyaaf, barnoota keessatti)? Maalif? (ballisii gaafadhu: shamarran ilaalchisee ilaalcha waliigalaa gaafachuu, kan akka shamarran dafanii heerumuu/gaa'ila godhachuu qabu, shamarran ogummaawwan barbaachisoo waan barataniif mana turuu qabu: akka ijoollee dhiiraa mana barumsaa deemuu ykn alatti taphachuu hin qaban)
- Odeeffannoo armaan gadii maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa



Yaadannoo Haala Mijessitootaaf

- *Shamarran humneessuun haariiroo aangoo walqixa hinturre fi loogiidhaan qoodamuu irraa, ammaa fi gara fuulduraatti, gara to'annoo walqixaa qabaachuu, filannoo fi sagalee walqixa qabaachuutti, jireenya ofii isaaniifi hawaasaa isaanii keessattis fiduu dha.*
- *Shamarran gahee fi itti gaafatamummaa sochii fi mul'achuu isaanii daangessu fudhachuuf dirqamu. Kun immoo loogiidhaan qoodamuu isaanii dabala. Akkasuma immoo, hidhata isaan hiriyoota isaanii waliin qabanfi hariiroo hawaasummaa isaanii miidha. .*
- *Biyyoota tokko tokko keessatti shamarran harki caalaan isaanii ammallee waggaa 18i dura heerumu/gaa'ila godhatu/*
- *Shamarran yeroo ga'uumsa argatan abjuu isaanii hordofuuf, jireenya gammachiisaa jiraachuuf fi hawaasaaf gumaacha gaarii taasisuudhaaf carraan isaanii guddaadha.*
- *shamarran ammallee dandeettii guutuu akka hin qabaanne kan isaan dhorku waan hedduutu isaan mudata.Kunis, ilaalcha boodatti hafa hawaasa keessaa isaan mudatu irraa kaasee hanga miidhaa loogii saalaa irratti hundaa'eetti dha. Kanaaf shamarran yeroo hedduu, sagalee isaanii ija jabinaan dhageessifachuudhaaf ni rakkatu.*



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijeessitoonni ijoollee dubaraa humneessuu irratti raadiyoo taphachiisu, maatiin/kunuunsitoota raadiyoo dhaggeeffachuu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachiisu). Itti aansuun gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii guutuu taasisu:
 - *Simaleen hojiin mana keessaa saala adda ta'e akka hin jirre eerteerti. Hojiiwwan saalaan adda ba'an ni jiru jettanii yaadduu? (ballisii gaafadhu -yoo hin eeramne kanneen akka, buna danfisuu, buddeena tolchuu, nyaata bilcheessuu, daa'imman dhiquu, mi'a nyaataa fi manaa qulqulleessuu fi kkf dabali)*
 - *Akka Aadde Obseen ibsitetti, qormaatni mucaa durbaa mudatu kan mucaa dhiiraa hin mudanne maali? (ballisii gaafadhu - yoo hin kaafamne ta'e, gaa'ila dafanii raawwachuu, ilaalcha hawaasni shamarran tajaajiltuu dhiiraa ta'uu qabu jedhu, sadarkaa muraasaa-ol mana barumsaa deemuu hin qabdu jedhu, akkasumas barachuu dhiistee maatii ishee deggeruu qabdi, intalli ummata duratti haasa'uu hin qabdu jedhu dabali)*
 - *Aadde Obseen ijoollee ishee wal qixa guddifte, wal qixa guddisuuf maal gochuutu barbaachisa? (ballisii gaafadhu - yoo hin hinibsamne, ijoollee dhiiraas ta'e ijoollee durbaa hojii manaa akka hojjetan leenjisu, shamarran irratti ilaalcha dogoggoraa jiru hambisuu)*
 - *Aadde Obseen, maatiin daa'ima shamarranii humneessuuf fakkeenya ta'uu akka qaban agarsiiftee jirti. Maatiin fakkeenya ta'uu kan danda'u akkamitti jettanii yaaddu? (ballisii gaafadhu - yoo hin ibsamnee, abbootiin ijoollee ykn dhiirri hojii mana hojjechuu akka danda'us agarsiisuu qabu, haadhooliin ijoolleen dhiiraa ijoollummaa isaanii irraa kaasanii itti gaafatamummaa mana keessaatti akka hirmaatan carraa kennuu qabu)*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa-** Haala mijeessitoonni gareewwan jalqabaa maatii/kunuunsitoota gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan nigaafatu.
- *Jalqaba kutichaa irratti, wanta leenjii kana irraa barchuudhaaf eegdan keessaa TOKKO ykn LAMA yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
- Har'a maal baratte?
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa:** Haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsanii niibu:



Ergaawwan ijoo


- *Shamarran gama jireenyaa hundaan ijoollee dhiiraa wajjin walqixa, mirga walfakkaataas qabu*
- *shamarran akkuma ijoollee dhiiraa milkaa'uu kan danda'an yoo carraan walqixa ta'e isaaniif kennamedha*
- *barmaatileen boodatti hafaan shamarran, dhiirotaa wajjin walqixa akka hin hirmaanne gufachiisa; kanaaf shamarran akka humneeffaman deggaruun barbaachisaadha*



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Ijoollee dubartootaa humneessuu ilaalchisee miseensota maatii keessanii waliin mari'adhaa, tooftaalee qabatamaan humneessuu danda'an adda baasaa
- Shamarranii fi ijoollee dhiiraa tapharratti, yeroo qayyabannaafi hojii manaa irratti carraa walqixa ta'e kennuuf yaalaa.

*Shamarran gama jireenyaa hundaan ijoollee dhiiraa wajjin walqixa,
mirga walfakkaataas qabu*



DUBARTOOTA DIINAGDEEDHAAN HUMNEESSUU



QABEENYA/GALII MAATII IRRATTI AANGOO MURTEESSUU DUBARTOOTAA CIMSUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota gara kutaa har'aatti fuula ifaadhaan ni simatu
- Namoonni haaraa dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniifi bulloo jireenyaaf maal akka hojjetan ni beeksisu



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelfama Haala Mijeessitoonni** – Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoonni muuxannoo hoji-manee kutaa darbee keessatti fudhatanfi gaaffii armaan gadii irratti hundaa'uun, akka calaqqisiisaniifi garee irraa yaada kennuurratti akka hirmaatan ni gaafatu.
 - *Yeroo taphaa, qayyabannaafi hojii mana keessaa irratti shamarraniifi ijoollee dhiiraaf carraa walqixaa kennuu dandeesseetaa? Carraa walqixaa osoo kennituu rakkoo akkamiitu si mudate? (ballisii gaafadhu: miseensonni maatii biroo ammallee mucaan durbaa ittigaafatamummaa mana keessaa akka fudhattu barbaadu, ijoolleen dhiiraa itti gaafatamummaa mana keessaa fudhachuu hin barbaadan, qeeqa miseensota maatiifi hawaasa biroo irraa ka'uu danda'u kana irratti mari'adhaa!)*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa – Haalamijessitoonni** waa'ee kutaa kanaa seensa gabaabaa kennuudhaan kutichi 'Aangoo murteessuu dubartoonni qabeenya/galii maatii irratti qaban Cimsuu' waliin kan walqabatu ta'uu ni agarsiisu.
- Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; achiis dhuma kutaa kanaa irratti ammas mari'atanii kuticha irraa waan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa madaalu.
- Haala mijeessitoonni hirmaattoota waliin waan turtii kutaa kanaa irraa eegamu qooddatu
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni kutaan kun kaayyoowwan armaan gadii akka qabu hirmaattootaaf ni beeksiu:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- dubartoonni qabeenya manaa fi galii irratti aangoo fi mirga murteessuu akka qaban nibeekuu
- hirmaannaan dubartootaa murtee maatii keessa jiraannan galiin maatii fi qulqullinni jireenya maatii akka fooyya'u ni beeku

- murteen waliinii maatiin qabeenya mana keessaatti sirnaan akka itti fayyadaman ni fooyyessa
- dhimma maatii fi dhimma murtoo waliin murteessuu ilaalchisee, marii miiltuu waliinii fooyyessuun akka barbaachisu itti dhaga'ama.
- miseesnonni maatii (miiltoo gaa'elaa) waa'ee itti fayyadama qabeenya maatii ilaalchisee marii fi murtii irratti ni geggeessu



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadiitiin kan waa'ee 'humna murteessuu dubartoonni qabeenya/galii maatii irratti qaban guddisuu' ilalchisee kutaa kanaan eegalu.
 - *Hirmaannaan dubartoonni murtee manaa keessatti qaban maal jettu? (ballisii gaafadhu: - yoo hin hinibsamne, galii maatii irratti murtoo kennuun gahee abbaa warraatii, faallaa aadaa, fi kkf dha)*
 - *Michoonni qabeenya maatii fi galii irratti marii qabaachuu fi murtee walli gochuu qabu jettanii yaadduu? Maalif? (ballisii gaafadhu - yoo hinibsamnekanneen armaan gadii caqasi; dubartoonni dandeettii murtee kennuu keessatti hirmaachuu ni qabuu, fi kkf) .)*
 - *Dubartoonni qabeenya irratti abbummaa fudhachuu isaanii maal jettu? (Waa'ee yaad-rimee leenjifamtootaa caalaatti ballisii gaafadhu, ilaalcha filannoo dhiyeessuun yaada dogoggoraa mormuu fi wal bira qabuu fi wal fakkeessuu akka danda'an taasisuu)*
 - *Odeeffannoo armaan gadii maatii/kunuunsitootaaf qoodaa*



Yaadannoo haala mijeessitootaaf

- Dubartoonni akka hirkattoota dhiirotaatti ilaalamanii mirga qabeenya fi galii irrattimurteessuu dhorkamaniiru.
- Aaangoon murteessuu dubartootaa, gahee hojii aadaatiin ramadamu olaanaadha.
- Murtoon bittaa meeshaa manaa gurguddaa abbaa warraa ykn hiriya gaa'elaa qofaan ta'uu danda'a
- Dubartoonni gahee sadarkaa gadi aanaafi hirkattummaatti aadeffatan (amaleeffatan) ejjennoo aangoo gareewwan lamaanuu (dhiiraa fi dubartii) hawaasa keessatti qaban adda adda ta'uu isaa irraa kan ka'eedha.
- Dhiironni aangoo olaanaa qabachuudhaan qabeenya jiru to'achuu barbaadu.
- Ittigaafatamummaan jalqabaa dubartootaa daa'imman guddisuufi hojii mana keessaa hojjechuu yeroo ta'u kan dhiirotaa immoo galii dabalataa argamsiisuuf hojii alaa hojjechuu irratti xiyyeeffatu..
- Qoodinsa hojii gaaraagarummaa saalaa giddu-galeessa godhate irraa kan ka'e, dubartoonni ittigaafatamummaan jalqabaa kan akka wontoota mana keessa jiran too'achuu, daa'imman guddisuu, nyaata bilcheessuu, dhukkubsattootaa fi maanguddoota kunuunsuu, dha.



5. YEROO RAADIYOO 20 (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijeessitootaa-** Haala mijeessitoonni hirmaannaa dubartootaa galii maatii guddisuu irratti raadiyoo taphachiisu, maatiin/kunuunsitootni raadiyoo dhaggeeffachuu akka danda’an nimirkaneeessu (yoo barbaachisaa ta’e yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachiisu). Itti aansuun, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun marii taasisu:
 - *Abbaan Dhaqqabaa ilaalcha manni isaanii kan isaa qofa ta’uu agarsiise. Ilaalchi kun maal fa’a? Ilaalchi akkasii sirrii sitti fakkaataa? (ballisii gaafadhu -yoo hin kaafamne, mana koo akka gurguramu ni gooti kan jedhu dabali)*
 - *Qabeenya manaa irratti haati manaa ta’e abbaan manaa mirga walqixa akka qaban, garuu wal hubachuu fi mariin murteessuu akka qaban Simalee eerteerti. Dubbii kana maal jettu? Waliin murteessuu qabu jettanii yaadduu?*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha haala mijeessitootaa** - haala mijeessitoonni gareewwan jalqabaa maatii/kunuunsitoota gaaffilee armaan gadii irratti hundaa’uun marii akka godhan gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har’aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har’a maal baranne?*
- **Qajeelcha haala mijeessitootaa** - haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har’aa gabaabsanii ibsu:



Ergaawwan ijoo

- Hiriyoonni gaa’elaa wal hubachuu fi marii fooyya’aa qabaachuun dubartoonni akka isaan aangoo murteessuu qabaatan dandeessisa
- Murtee waliinii fooyyessuun humna murteessuu dubartootaa ni cimsa
- Hirmaannaan dubartoonni murteessuu keessatti qaban galii maatiifi jireenyaa mijataa maatii ni fooyyessa
- Dubartoonni mirga qabeenya horachuufi galii maddisiisuu ni qabu



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Qabeenya/galii manaa irratti humna murtii kennuu dubartootaa ilaalchisee miseensota maatii keessanii wajjin mari’adhaa!
- Qabeenya manaa ilaalchisee murtoo waliinii hiriyyaa gaa’ilaa kee waliin shaakali.

*Dubartoonni mirga qabeenya qabaachuufi
galii argamsiisuu qabu*



**HIRMAANNAA ABBAA
WARRAA KUNUUNSA
DAA'IMMANII KEESSATTI
CIMSUUDHAAN DUBARTOOTA
HAWAASUMMAFI
SIYAASAAN AANGESSUU**



HOJII KUNUUNSA DAA'IMMANII KEESSATTI HIRMAANNAA DHIIRAA/ABBAA WARRAA



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota gara kutaa har'aatti ni simatu
- Namoonni haaraa dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniifi bultoo jireenyaaf maal akka hojjetan ni beeksisu



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoonni muuxannoo hojiiwwan manaa fudhatanii turan irratti hundaa'uudhaan gaaffilee armaan gadiirratti xiyyeeffachuun akka qooddatan gaafatu:
 - *Marii humna murteessuu dubartoonni qabeenya/galii maatii irratti godhame irraa dhimmoonni gurguddoon maal fa'a turan? Keessattuu calaqqisiisni yookiin yaadni keessan maalfaa ture?*
 - *Qabeenya manaa ilaalchisee murtee waliinii kennuudhaaf erga leenjii kana fudhattee, qophiin kee haadha/abbaa warraa kee wajjin akkam ta'a? Keessattuu marii booda qophiin hiriya gaa'elaakee akkam ture?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni waa'ee kutaa har'aa ilaalchisee seena gabaabaa kennuudhaan kutichi '**Hojii kunuunsa daa'immanii keessatti hirmaannaa dhiiraa/abbaa warraa**' wajjin kan walqabatu ta'uu isaa ni agarsiisu. Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; sana booda kutaa sana irratti dabalataan mari'atanii kutaa sana irraa wanti isaan eegan guutamuu fi dhiisuu isaa ni madaalu.
- Haala mijeessitoonni hirmaattoota waliin waan leenjicha irraa eegamu ni qooddatu

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- Kunuunsa daa'immanii keessatti hirmaannaan abbaa warraa/dhiiraa guddina waliigalaa daa'immanii keessatti gahee guddaa akka qabu ni beeku
- Hirmaannaan abbaa warraa humneeffamuu dubartootaa akka fooyyessuu ni beeku
- Kunuunsa daa'immanii keessatti hirmaachuu fi dubartoota aangessuuf gumaacha gochuuf kaka'umsa ni qabaatu
- Kunuunsa daa'immanii irratti dammaqinaan ni hirmaatu



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeesitoonni gaaffilee marii waliigalaa armaan gadii kanneen waa’ee ‘hirmaannaa dhiiraa/abbaa warraa kunuunsa daa’immanii fi sochii mana keessaatti’ jedhu ilaalchisee leenjicha ni eegalu;
- *Ittigaafatamummaan abbootiin warraa/dhiiraa kunuunsa daa’immanii fi hojii mana keessaa maal fa’a? (ballisii gaafadhu – yoo hinibsamne, kanneen armaan gadii itti dabali; daa’ima waliin taphachuu, daa’ima mana barumsaatti geessuu, hojii mana barumsaarratti daa’ima deggeruu fi kkf).*
- *Hirmaannaan abbaan warraa/dhiiraa kunuunsa daa’immanii fi hojii mana keessaa keessatti qabu hawaasa keenya birattii akkamitti ilaalama? (ballisii gaafadhu - dhiirri/ abbaan manaa hojii galii argamsiisu irratti bobba’uu qaba, hojii kunuunsa daa’immanii dubartootaaf dhiisuu, dhiibbaa hawaasaa fi maatii, gahee garaagarummaa saala-giddugaleessa godhate ilaalchisee ilaalcha dogoggoraa, .kkf.).*
- *Dhiirri/abbaan manaa kunuunsa daa’immanii fi hojii mana keessaa irratti hirmaachuu qaba jettanii yaadduu? Maalifi?*
- *Odeeffannoo armaan gadii maatiif/kunuunsitootaaf qoodaa*



Yaadannoo haala mijeesitootaaf

- *Hojiwwan kunuunsa daa’immaniifi hojiwwan mana keessaa kanneen akka nyaata qopheessuu fi nyaachisuu, kaka’umsa xiinsammuu hawaasummaa, gochaalee qulqullinaafi kunuunsi yeroo dhukkubaa akka kunuunsa jalqabaatti waan ilaalamuuf haadhaan raawwatama*
- *Gaheen abbaan immoo addumatti maallaqaaf loojistikii(meeshaalee barbaachisoo) maatiidhaaf dhiheessuu kan dabalatuudha.*
- *kunuunsa daa’immanii keessatti taasisu daa’imman hubannoo olaanaa, dandeettii currisa ofii to’achuufi dandeettii afaanii fooyya’aa dabalatee faayidaa adda addaa daa’imaaf argamsiisa.*
- *Kunuunsa daa’immanii keessatti hirmaannaan abbaa warraa/dhiirri ulfaatina hojii haadholii kan salphisuu fi walqixxummaa dubartootaa ni mirkaneessa*



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni hirmaannaa dhiiraa/abbaa warraa kunuunsa daa'immanii fi sochii mana keessaa irratti raadiyoo taphachiisu, maatiin/kunuunsitoota raadiyoo dhaggeeffachuudanda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo ni tapachiisuu). Itti aansuun, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii ni taasisu:
 - *Obbo Galataan hojii kunuunsa daa'immanii akkamii keessatti hirmaatan (ballisii gaafadhu - kanneen armaan gadii itti dabali yoo hin hinibsamne ta'ee kanneen armaan gadii itti dabalii kaasi, daa'imaaf nyaata bilcheessuu, daa'ima dhiquu, daa'ima nyaachisuu)*
 - *Dubartoonni ijoollee dhiiraa ykn abbaa warraa hirmaachisuu keessatti gaheen isaan qaban maali? (ballisii gaafadhu yoo hinibsamne ta'ee, kanneen armaan gadii itti dabali, ittigaafatamummaa hojii manaa keessaa irratti, leenjii kennuu, carraa hojicha shaakaluu fi deggarsa barbaachisaa kennuu)*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni gareewwan jalqabaa maatii/kunuunsitoota gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsanii ibsu:



Ergaawwan ijoo

- Kunuunsa daa'immanii fi hojiiwwan mana keessaa keessatti, itti gaafatamummaa dubartootaa qofa osoo hin taane, dhiironnis hojiiwwan kanneen keessatti hirmaachuu qabu
- Abbootiin warraa kunuunsa daa'immanii fi hojii mana keessaa keessatti hirmaachuun isaanii guddina waliigalaa daa'immaniif gumaacha qaba
- Hirmaannaan abbaa warraa kunuunsa daa'immanii fi hojii mana keessaa keessatti hirmaachuun isaa ulfaatina hojii dubartootaa hir'isuun dubartoota dinagdee fi hawaasummaa akka humneeffaman gumaacha taasisa



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Hirmaannaa dhiiraa ykn abbaan warraa kunuunsa daa'immanii fi hojii mana keessaa ilaalchisee miseensota maatii keessanii wajjin mari'adhaa.
- Hojiiwwan kunuunsa daa'immanii fi mana keessaa tokko tokko kan akka daa'ima dhiquu, nyaachisuu, nyaata bilcheessuu fi kanneen biroo shaakalaa.

*Kunuunsa daa'immaniifi hojiin mana keessaa itti gaafatamummaa
dubartoota qofa osoo hin taane, dhiironnis hojiiwwan
kanneen keessatti hirmaachuu qabu!*



DANDEETTII OF KUNUUNSUU MAATII/ KUNUUNSI TOOTAA CIMSUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitoonni maatii/kunuunsitoota fuula ifaadhaan gara kutaa har'aatti ni simatu. Namoonni haaraan yoo jiraatan, maqaa isaanii, hiriya gaa'elaa isaanii, baay'ina ijoollee isaanii, bultoo jireenyaatiif maal akka hojjetan akka dubbatan isaan ni afeeru. Hirmaattota keessaa namni sababii walitti bu'iinsaa, buqqa'iinsaan, ykan haala hamaadhaan rakkoon isa mudate yoo jiraate, haala mijessitoonni dabalani gaafatu.



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoota muuxannoowwan hojii manaa kutaa darbe irratti qaban akka , gooddatan fi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uudhaan marii akka geggeessan ni taasisu.
 - *Hirmaannaa dhiira fi abbaan warraa kunuunsa daa'immanii fi hojii mana keessaa keessatti godhan ilaalchisee miseensota maatii waliin maal mari'atte? Yaadni ati achi irratti calaqissiiste maal ture?*
 - *Hojiwwan kunuunsa daa'immaniifi hojii mana keessaa keessatti hojii tokko tokko kan akka daa'ima dhiquu, nyaachisuu, nyaata bilcheessuufi kanneen biroo shaakalteettaa? Maal barattee, akkasumas rakkoon si mudate maali? Muuxannoo addaa yoo qabaatte nuuf qooduu dandeessaa?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- Haala mijeessitoonni maatiin/kunuunsitoota garee tokko tokko kan miseensota 5-7 of keessaa qabu akka uuman taasisu. Hirmaattonni kutaa guyyichaa irraa maal barachuuf akka eegan miseensonni garee sanaa akka mari'atan taasisu.
- Haala mijeessitoonni mata dureen guyyaa kanaa “**Dandeettii of kunuunsuu maatii guddisuu kan gara fayyaa xiinsammuu hawaasummaa haadhooliifi guddina fayyaa ijoollee isaaniitti geessu ta'uu isaa leenjifamtootaaf ni beeksisu** .
- Leenjifamtoonni akka bu'aa hirmaannaa leenjii isaaniitti maal akka eeggatan akka hubatan gargaaruuf haala mijeessitoonni kaayyoowwan armaan gadii bal'inaan ibsuun waan isaan irraa eegamu bu'aa leenjichaa wajjin akka walsimsiisan hirmaattota gargaaru

Xumura leenjii kanaa irratti hirmaattonni:

- Barbaachisummaa of kunuunsuu ni hubatu
- Miira badaa ofii isaanii warra kaanii wajjin niqooddatu

- Miseensota maatii wajjin walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii irratti ni hirmaatu
- Yeroo rakkinnaa fi mufannaatti amala deeggarsa hawaasummaa barbaadu horatu
- Of-kunuunsuu sirrii shaakaluu ni jalqabu



4. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 10)

- Haala mijessitoonni leenjifamtoota gaaffii waliigalaa armaan gadii ni gaafatu:
 - *Haadhooliin erga haadha manaa ta’anii booda qaama isaanii miidhegfachuuf yeroo fudhachuu qabuu? , hawwataa ta’anii mul’achuu qabuu? maatiin of kunuunsuu qabuu, keessumaayyuu currisa, hawaasummaa fi sammuu isaanii?*
 - *Haadhooliin erga haadha ta’anii booda miira mufannaa tokko malee of kunuunsuu akka qaban yaada keessan haa beeknu.”*
- Haala mijessitoonni yaada leenjifamtoonni gama fayyaa afran (qaamaa, currisa, hawaasummaafi sammuu) irratti qaban ballisanii gaafachuun yeroo hunda waa’ee fayyaa isaanii akka sammuu qabaataniifi yaadatan gargaaruun irraa eegama. Ergaa kanas saanduqa armaan gadii keessatti ilaalaa.



Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf

Of-Kunuunsuun gosa afurtu jira

1. Qaamaa ofii kunuunsuu: Sochii qaamaa kan akka fiigichafi deemsaa, dhaqna dhiqachuu, nyaata madaalawaa gahaa argachuu, sirnaan uffachuu, sirriifi hawwataa ta’anii mul’achuu, hirriba gaarii rafuu shaakaluu
2. Miira ofii Kunuunsuu: Abbootii fi haadhooliin ibsa gaarii dabarsuu malee, ergaa gadhee dabarsuu irraa fagaachuu irratti hirmaachuu qabu (Waan gaarii ofiifi namoota biroof ibsuu, haasa’uufi miira waliif qooduun, dhiifama shaakaluu, miiraafi ejjennoo ofii eeggachuu)
3. Hawaasummaa ofii kunuunsuu: Abbootii fi haadhoolii miseensota maatii wajjin yeroo gaarii qabaaachuu (haadha warraa /hiriyaa gaa’elaa, hiriyoota, namoota yaada walfakkaataa qabanii wajjin waan gaarii dubbachuu, abbaa warraa/haadha warraatti waan gaarii dubbachuufi isaan gammachiisuun, yeroo haala qormaataa keessa jiran haadha warraa, ijoollee fi miseensota maatii biroo gargaaruu; garee deggarsa hawaasummaatti makamuu, walga’ii ykn saganataa adda addaa hawaasummaa irratti hirmaachuu)
4. Sammuu ofii kunuunsuu: Haala tasgabbaa’aadhaan keessoo ofii dhaggeeffachuu; dhiphina ofii to’achuu, sirba dhaggeeffachuu, fiilmii bashannansiisaa ilaaluu. muuziqaa miidiyaa hawaasaa hordofuu, akkasumas miidiyaa hawaasaa kan sammuu namaa xureessu dabalatee naannoo sammuu namaa faalu irraa fagaachuun baayyee barbaachisaadha



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- Haala Mijeessitoonni: Haala mijeessitoonni marii gareetiif hirmaattota ni gurmeessu. Gareen maatiin miseensota 5 hanga 7tti garee ta'uu kan qaban yoo ta'u, isaan keessaa tokko hirmaannaa miseensotaa marii garee keessatti haala mijeessuuf geggeessaa garee ta'a.
- *Haala mijeessittonni haasawa raadiyoo Abbaan Dhaqqabaa haadha warraa isaa Haadha Obsee waliin ta'uun haadhooliin ofii isaanii akkasumas maatii isaanii kunuunsuu akka qaban eeran sana gabaabsanii ni ibsu*
- *Leenjifamtoonni ergaa raadiyoo irratti yaada calaqqisiisu; haala mijeessitoonni gaaffilee armaan gadii ni gaafatu:*
 - *Ergaawwan raadiyoo irraa maal barattan?*
 - *Ergaan kun of kunuunsuu irratti muuxannoo dhuunfaa qabduun hangam wal qabata?*
- *Leenjii kana erga xumurtee booda ofii keetii, manaakeefi hawaasa keessatti maal gochuuf karoofattee jirta?*
- Haala mijessitoonni qabxiilee leenjifamtoonni calaqqisiisan hunda hubatanii flip chart (Waraqaa yaadannoo) ykn dabtara keessatti galmeessu. Haala mijeessitoonni calaqqisiisa isaanii keessatti cimsanii ibsu. Leenjifamtoonni of kunuunsa maatii guddisuu keessatti waan karoorfatan ofii isaanii wajjin, miseensota maatii isaanii (ijoollee, haadha warraa fi miseensota maatii guddaa), akkasumas ollaafi hawaasa waliin shaakaluu akka qaban miseensotatti ni ibsu.
- Haala mijeessitootni qabxiilee leenjifamtootaan calaqqisiifaman hunda hubatanii waraqaa yaadannoo (flip chart) dabtara isaanii keessatti ni galmeessu. Haala mijeessitootni calaqqisiisa isaanii keessatti, leenjifamtoonni of kunuunsa maatii guddisuuf waan karoorfatan ofii isaanii wajjin, miseensota maatii isaanii (ijoollee, haadha warraafi miseensota maatii bal'aa), akkasumas ollaa fi hawaasa naannoo waliin shaakaluu akka qaban cimsanii ni ibsu.



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitoonni leenjifamtoonni ergaa leenjichaa waan isaan leenjichirraa eegan waliin akka wal bira qabani ilaalan ni afeerua. Haala mijeessitoonni leenjifamtoota gaaffilee armaan gadii ni gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessuu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- Sana booda haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo dabarsuudhaan gabaabsanii yaada isaanii nibsu.



Ergaawwan Ijoo

- Akka waliigalaatti maatiin, addattimmoo haadhooliin ijoollee isaanii qofa osoo hintaane, ofii isaaniis kunuunsuu qabu.
- Of kunuunsuu jechuun qaama, currisa, hawaasummaadhaafi sammuu ofii eeguudha.
- Haadhoolii of kunuunsan biratti, maatiin gammachuufi boqonnaa sammuu qabaatu
- Haadhooliin ijoollee isaanii ni kunuunsu malee ofii isaanii akka hin kunuunsne kan jedhu ejjennoo barmaatilee hamaa mormuu qabna. Yeroo tokko tokko haadhooliin of kunuunsan akka amala ofittummaa argisiisutti ilaalamuu danda'u. Haa ta'u malee, ilaalchi akkasii kun bu'uura kan hin qabneedha. Dhugaa dubbachuuf, haadhooliin of kunuunsan ijoollee isaanii kunuunsuu fi deggeruufis haala carraa olaanaa qabu
- Amalli of kunuunsuu haadhoolii akka waliigalaatti maatii isaaniifi addatti immoo ijoollee isaanii sirnaan qabachuufi kunuunsuu wajjin kan walsimuu dha.



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- *Haadhooliin mana keessattis ta'e ollaa isaanii waliin ergaa barnoota raadiyoo baratan ni mari'atu. Keessattuu dhimma barmaatileefi gochaalee miidhaa qaqqabsiisan fi rakkoolee kanneenhojii of kunuunsuu haadhoolii irratti dhiibbaa qaban hir'isuu irratti adda durummaan ni mari'atu.*
- *Haadhooliin amalli of kunuunsuu isaanii ijoollee isaanii sirnaan kunuunsuu wajjin kan walsimu ta'uu isaafi kana irraa kan ka'es amala of kunuunsuu isaanii irratti balleessaan akka itti dhaga'amu hin qabne abbaa manaa isaanii waliin mari'achuu qabu.*
- *Haadhooliin ollaa fi hawaasa waliin marii dhimma of-kunuunsuu irratti bobba'uu, kutaa itti aanu keessattis gabaasa qabatani deebi'uu qabu.*
- *Leenjifamtoonni of kunuunsuufi fayyaa xinsammuu hawaasummaa shaakaluu keessatti miseensota hawaasaa biroof fakkeenya ta'uun dursaa ni fudhatu..*



Ergaa Ijoo

Haadhooliin fayyaa qaamaa fi currisa ofii isaanii sirnaan kunuunsan ijoollee ofii kunuunsuu fi sirnaan guddisuun isaanii hin oolu.

Maatii, ollaafi hawaasa naannoo haadholii deggeruu keessatti hirmaachisuun, fayyaa haadholii ni fooyyessa



**DANDEETTII MAATIIN
QABEENYA
HAWAASUMMAA
FAYYADAMUUF QABAN
GUDDISUU**



FUDHATAMUMMAA MAATIIN HAWAASA KEESSATTI QABAN KUNUUNSA DAA'IMMANTIIFI ITTIGAAFATAMUMMAA MANA KEESSAAF AKKA ITTI FAYYADMANIIF GAHOOMSUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeesitoonni maatii/kunuunsitoota gara kutaa kanaatti fuula ifaadhaan afeeru
- Namoonni haaraan dhufan yoo jiraatan, maqaa isaanii, eessaa akka dhufan, baay'ina ijoollee isaaniifi bultoo jireenyaaf maal akka hojjetan ni beeksisu



2. YAADANNOO KUTAA DURAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeesitootaaf** – Haala mijeesitoonni maatiin/kunuunsitoonni muuxannoowwan hojiiwwan manaa kutaa darbe keessatti fudhatanfi gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun akka calaqqisiisanii fi garee irraa yaada kennuurratti akka hirmaatan ni gaafatu:
 - *Hojiiwwan manaa kutaa darbee irratti hundaa'uun waa'ee of kunuunsuu maatii ilaalchisee miseensota maatii keessanii waliin mari'achuufi dhimma barmaatileefi gochaalee boodatti hafoo ofkunuunsuu haadholii irratti dhiibbaa uuman irratti mari'attaniittuu? Hiriyya gaa'elaa wajjin ofkunuunsuun haadholii sirnaan ijoollee isaanii kunuunsuu wajjin kan wal simatu ta'uu isaa mari'attaniittuu? Ollaafi hawaasa naannoo wajjin dhimma barbaachisummaa ofkunuunsuu irratti mari'attaniittuu? Calaaqqisni yaadolee turan maalfaadha? Ofkunuunsuu shaakaluudhaan hawaasa naannootiif fakkeenya ta'uu dandeessaniittuu?*



3. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- **Qajeelcha Haala Mijeesitootaa** – Mataa dureen kutaa har'aa waa'ee fudhatamummaa maatiin hawaasa keessatti qaban kunuunsa daa'immaniifi ittigaafatamummaa hojii manaa keessaaf akka itti fayyadamaniif gahoomuu akka tahe gabaabsanii ni beeksisu. Tokkoon tokkoon maatii/kunuunsitootaa waan TOKKO ykn LAMA kutaa kana irraa argachuuf eegan ni himu; dhuma kutaa kanaa irratti ammas mari'atanii kutaa kana irraa wanti eegan guutamuu fi dhiisuu isaa madaalu.
- Haala mijeesitoonni hirmaattoota waliin waan turtii leenjii kanaa irraa eegamu ni gooddatu

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- Miseensonni maatii, firoonni fagoon fi ollaan dhihoo ta’an itti gaafatamummaa kunuunsa daa’immaniifi hojii mana keessaa irratti gumaacha gochuu akka danda’an ni beeku
- Miseensota maatii, firoota fagoo fi ollaan dhiyoo kunuunsa daa’immanii fi itti gaafatamummaa manaa keessatti hirmaachisuun ba’aa kunuunsa daa’immanii haadha irraa akka hir’isu nibeeku
- Miseensota maatii, firoota fagoofi ollaa dhiyoo kunuunsa daa’immaniifi itti gaafatamummaa manaa keessatti hirmaachisuu ni danda’u
- Maatiin fudhatamummaa hawaasummaa qaban deeggarsa kunuunsa daa’immaniif ittifyadamuuf ni danda’u.



4. BANIINSA KUTICHAA (Daqiiqaa 5)

- ***Qajeelcha haala mijessitootaa*** - Haala mijeessitoonni fudhatamummaa maatiin hawaasa keessatti qaban kunuunsa daa’immaniifi ittigaafatamummaa mana keessaa akkamitti akka hubatan ilaalchisee gaaffilee marii waliigalaa armaan gadiitiin kutaa jalqabu.
 - *Miseensonni maatiifi hawaasaa keessaa isaan kamtu itti gaafatamummaa kunuunsa daa’immaniifi hojii manaa hojiirra oolchuu qaba? (ballisii gaafadhu: kan armaan gadii yoo hin tuqamnee dabalii gaafadhu: miseensota fira dhiyoo, ollaa, dhaabbilee hawaasaa kan akka dhaabbilee amantii, dhaabbilee kunuunsa fi,.kkf)*
 - *Miseensota maatii, firoota, ollaa fi miseensota hawaasaa biroo itti gaafatamummaa kunuunsa daa’immanii keessatti hirmaachisuu ilaalchisee muuxannoon keessan maali fakkaata?*
 - *Barbaachisummaan miseensota maatii, firootafi ollaa kunuunsa daa’immaniifi itti gaafatamummaa hojii manaa keessatti hirmaachisuun maal fakkaata jettanii yaaddu? (ballisii gaafadhu: kan armaan gadii yoo hin hintuqamne, dabalii gaafadhu: ba’aa kunuunsa daa’imaa haadha irraa hir’isuu, fayyaa daa’immanii fooyyessuu fi kkf)*
 - *Hirmaannaa miseensota maatii,firootaafi ollaawwan kunuunsa daa’immanii fi itti gaafatamummaa hojii manaa keessaa keessatti maaltu gufachiisuu danda’a? (ballisii gaafadhu: kan armaan gadii yoo hin kaane kaasii, miseensonni maatii daa’ima sirnaan kunuunsuu dhiisuu danda’u, miseensonni maatii ofii isaanii hojiin itti baay’achuu danda’a fi kkf)*
 - *Odeeffannoo armaan gadii /maatiif/ kunuunsitootaaf qoodaa*



Yaadannoo Haala mijessitootaf

- Fudhatamummaa maatiin hawaasa keessatti qaban maatii miseensota fira dhiyoo, firoota, ollaa, hiriyoofa dhaabbilee hawaasaa biroo kan maatii waliin hariiroo gaarii qabaniifi kunuunsa daa'immanii fi itti gaafatamummaa manaatiif deggarsa kennuu danda'an of keessatti qabata
- Maatiin eenyu akka miseensota maatiifi hawaasaa ta'uu danda'an kanneen kunuunsa daa'immanii fi itti gaafatamummaa manaa irratti deeggarsa isaaniif kennuu danda'an adda baasuu qabu. Maatiin miseensota isaanii bal'aa, firoota isaaniifi miseensota hawaasaa biroo itti gaafatamummaa kunuunsa daa'immani irratti hirmaachuu danda'an waliin hariiroo gaarii qabaachuu qabu
- Firoonniifi miseensonni maatii warri dhihoon kunuunsa daa'immanii keessatti fayyaduu qabu. Akkasumas maatii deggeruuf , hojiiwwan deggersaa adda addaa hojjechuu qabu. Xiinsammuudhaan , meeshaa adda addaa gumaachuudhaan, odeeffannoo gaarii kennuudhaan, akkasumas maallaqaan deggeruu qabu.
- Kunuunsitoonni firoota maatii ta'an sababii gadi fageenyaan jireenya maatii sanaa keessatti hirmaataniif, itti dhiheenyaan fedhii maatii sanaa ni beeku. Kanaafiyyuu kunuunsa daa'immanii keessatti hidhata maatii sanaatiin kaka'umsa qabaachuu danda'u
- Firoonni kunuunsa daa'immanii kennan kallattii daa'imman daa'imman kunuunsuu dabalatee hojiiwwan deeggarsa maatii adda addaa ni raawwatu.



5. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni qabeenya maatii fi hawaasaa hojiiwwan kunuunsa daa'immanii keessatti fayyadamuu irratti raadiyoo taphachiisu. Maatiin/kunuunsitoonni raadiyoo dhaggeeffachuu danda'uu isaanii ni mirkaneessu (yoo barbaachisaa ta'e yeroo tokko dabalataan raadiyoo taphachisu). Itti aansuun, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii taasisu:
 - *Akkuma Simaleen ibsite, miseensonni fira dhiyoofi ollaan kunuunsa daa'immaniifi itti gaafatamummaa hojii manaa keessaa keessatti hirmaachuu danda'an eenyufaadha?*
 - *Akkuma Simaleen jette miseensonni firoota dhiyoofi ollaan haadha ijoollee akkamitti deggaru?*
 - *Akkuma raadiyoo irraa ibsame miseensota maatiifi namoota biroo kunuunsa daa'immaniifi itti gaafatamummaa hojii manaa keessaa irratti hirmaachisuun*

faayidaa maalii qaba?

- *Malli qabeenya maatiifi hawaasaa kunuunsa daa'immaniifi ittigaafatamummaa hojii manaa keessaa keessatti itti fayyadamuu maali? (ballisii gaafadhu, hubannoo uumuu, haala waliin jireenyaa maatii gaarii uumuu, fudhatamummaa matiin hawaasa keessatti qabu guddisuu fi kkf)*



6. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni gareewwan maatii/kunuunsitootaa jalqaba leenjii kanaa irratti hundeeffaman, gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun marii akka godhan gaafatu:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baranne?*
- **Qajeelcha Haala Mijessitootaa** – Haala mijeessitoonni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsanii ibsu:



7. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Miseensota fira dhiyoo, firoota, ollaafi hiriyoota dhiyoo kanneen kunuunsa daa'immanii fi itti gaafatamummaa manaa irratti deggarsa isinif dhiyeessu danda'an adda baafadhaa.
- Firootan dhiyoo keessanii wajjin kunuunsa daa'immaniifi itti gaafatamummaa manaa keessatti hirmaannaa isaanii ilaalchisee mari'adhaa
- Kunuunsa daa'immaniifi itti gaafatamummaa manaa keessatti qabatamaan hirmaachisuu akka danda'anitti, miseensota maatiif karoora qopheessi.
- Miseensotni maatiifi ollaan biroon hojii kunuunsa daa'immanii irratti akka hirmaatan taasisaa

Miseensonni maatiifi hawaasaa itti gaafatamummaa kunuunsa daa'immanii irratti haadhaaf deggarsa kennuudhaaf dirqama qabu.



**FAYYUMMAA
XIINSAMMUU MAATII
KARAA DHAABBILEE
HAWAASUMMAA ADDA
ADDAATIIN
FOOYYESSUU**



FAYYUMMAA XIINSAMMUU HAADHOLII HIRMAANNA HOGGANTOOTA HAWAASUMMAA ADDA ADDAA, KAN AKKA ABBOOTA AMANTAA FAYYADAMANII FOOYYESSUU



1. SIMANNAAFI SEENSA (Daqiiqaa 5)

- Haalamijeessitoonni fuula ifaadhaan, faara tolaadhaan jechoota nama gammachiisan fayyadamanii leenjifamtoota guyyichaa ni simatu. Namoonni haaraan yoo jiraatan akka of beeksisan afeeru.



2. BU'AALEE LEENJICHAA (Daqiiqaa 7)

- Haala mijeessitoonni hirmaattonni garee miseensota 5-7 qabu uumuudhaan akka yaada isaanii qooddatan ni qajeelchu.
- Haala mijeessitoonni mata dureen' **Abbootii amantaa dabalatee hoggantoota hawaasaa hirmaachisuun fayyummaa xiinsammuu haadhoolii guddisuu'** akka ta'e leenjifamtootaaf ni beeksisu
- Miseensonni hundi garee leenjichaa keessa jiran leenjicha irraa waan eeggatan qooddatu, dhuma kutichaarrattis wanti isaan eeggatan guutamuu isaa ni madaalu. Haala mijeessitoonni bu'aa leenjichaa akka armaan gadiitti ni ibsu:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:

- deggarsa miseensota maatii, keessattuu abbaan warraa, ollaan, miseensota hawaasaafi yaada geggeessitoonni haadhooliidhaaf godhan haala baay'ee rakkisaa keessa yoo jiraatanillee fayyaa xiinsammuu hawaasummaa maatii akka guddisu ni hubatu.
- haadhooliifi abbootiin ijoollee isaanii wajjin yeroo gaarii ni dabarsu.
- haala gaariidhaan ollaafi hawaasa naannoo wajjin walta'uudhaan boqonnaa miiraa argatanii, carraa miira ofii ibsachuudhaa ni guddifatu
- gammaduu haadhaafi ijoollee arguudhaan nageenya sammuu abbaa warraa akka guddatu ni taasisu
- miseensota hawaasaa waliin yeroo dabarsuudhaan, waldeggaruudhaan, waliin haasa'uudhaan miira waliif qooduudhaan, waliin qoosuudhaan, waliin kolfuudhaan, akkasumas waliin taphachuudhaan, boqonnaa argachuufi caalaatti dandamachuu danda'u.



3. BANIINSA KUTICHA (Daqiiqaa 10)

- Haala mijeessitoonni gaaffilee waliigalaa armaan gadiitiin kutaa ni jalqabsiisu:
 - *Amala of kunuunsuu haadhooliifi fayyummaa miiraa isaaniikeessatti gaheen abbootii amantii dabalatee geggeessitoonni yaadni isaan qaban maali?*
 - *Yeroo haadhooliini of kunuunsuu argan ilaalchi hawaasa isaani maal fakkaata?*
 - *Abbootii amantaa dabalatee, geggeessitoonni hawaasa keessaa, haadhooliin ofkunuunsuu isaanii (Kanneen akka of-qulqulleessuu, hawwachuu, ija jabinafi ofitti amanamummaa argisiisuu) yeroo argan yaadni (deebiin) gaarii fi hamaan isaan kennan maal fakkaata?*
 - *Akkamitti abbootiin hawaasa keessaa fiabbootiin amantaa akkasumas miseensoonni hawaasaa biroon haadhoolii qaamaafi sammuu hawaasummaan akka gaariitti akka sirreeffamaniif deggarsa kennuu danda'u?*
- Haala Mijeessitoonni, mariifi yaada kennuudhaan. Odeeffannoo saanduqa keessa jirutti fayyadamaa isin gargaara.



Yaadannoo haala Mijeessitootaaf:

- Abbootii amantaa fi miseensota hawaasaa biroo hirmaachisuudhaan haadhooliin rakkoo hamaan yoo isaan mudateyyuu, akka dandamatan gochuuf, deggersa hawaasummaa kennuu fi yeroo gaarii miseensota maatii (haadha warraa /hiriya, hiriyoote, namoota yaada walfakkaataa qaban) waliin akka dabarsan jajjabessuun barbaachisaadha. Hiriya gaa'elaa wajjin waan gaarii dubbachuu, nama biro waliin waan gaarii dubbachuufi isaan gammachiisuun, haadha warraafi ijoollee fi miseensota maatii biroof, gargaaruu fi gareewwan hawaasaa kan gargaarsa kennan waliin walitti dabalammu akka danda'an gochuun baayyee barbaachisaadha. *Qabiyyee ijoo gaggeessitoota hawaasaa /abbootii amantii hirmaachisuun irratti xiyyeeffadhaa.*

Gahee Miseensota Hawaasaa Dhiibbaa Uumuu Danda'an

- Hoggantoonni hawaasaafi abbootiin amantaa hawaasa keessatti dhageettii qaban, ilaalchi hawaasaa boodatti hafaan yeroo ijoollee isaanii guddisan haadhoolii irratti ba'aa ta'e balaaleffachuu qabu; inumaayyuu kunuunsi daa'immanii itti gaafatamummaa haadhoolii qofa akka hin taane falmuutu irraa eegama; abbootiin gahee guddaa akka qaban mirkaneessuu jalqabuu qabu.
- Hoggantoonni hawaasa keessatti dhageettii qaban fi abbootiin amantaa dhiibbaa uumuu danda'an dhiibbaa hirmaannaan isaanii fayyaa haadhooliifi guddina ijoollee isaanii keessatti qabu irratti hubannoo ni dabaluu;
- Miseensoonni hawaasaa, abbootiin /abbaan manaa fi haadhooliin of kunuunsuu sirrii haadhoolii daa'imman xixiqqoo amala ofittummaa waliin wal-mormuu akka hin qabne ifa gochuu qabu. Haadhooliin fayyaa qaamaa, miiraa fi sammuu isaanii kunuunsuuf yeroo yaalan balleessaa/ itti dhaga'amu hin qaban. Kana malees, miseensoonni hawaasaa abbootiin/ abbaan warraa hojii kunuunsa daa'immanii, kan akka barmaatilee miidhaa haadhoolii irratti geessisanii, diddaa fi sodaa tokko malee murtii hawaasummaa fudhatanii kunuunsa daa'immanii irratti akka bobba'an jajjabeessuu qabu.
- Abbootiin/ abbaan warraa guddina daa'immanii sirrii ta'e irratti dammaqinaan hirmaannaan fayyaa xinsammuu hawaasummaa haadhoolii fi maatii guutuu guddisa kanaan tasgabbi currisa daa'immanii fi guddina dhuunfaa fayya qabeessa ta'e ni guddisa.



4. YEROO RAADIYOO (Daqiiqaa 20)

- Haala mijeessitootni raadiyoo kutaa sanaaf taphachiisee leenjifamtoonni ergaa ijoo raadiyoo irraa erga dhaggeeffatanii booda battalumatti gaaffilee armaan gadii ni gaafatu:
 - *Ergaawwan raadiyoo irraa maal barattan?*
 - *Haasaa akkasii keessatti hoggantoonni hawaasaa maaliif barbaachisoo ta'u?*
 - *Nageenya haadhaa fi ijoollee ishee eeguu keessatti gaheen ollaa fi abbootiin amantii maal ta'uu qaba?*
- Haala mijeessitootni marii fi yaada kennuu ballisee gaafachuu itti fufu.



5. YAADA CUUNFAA (Daqiiqaa 5)

- Haala mijeessitootni Gaaffilee armaan gadii irratti hundaa'uun leenjifamtootni marii akka godhan ni gaafata:
 - *Jalqaba kutaa har'aa irratti kaayyoo yookiin galma eegaman keessaa TOKKO ykn LAMA kan argachuuf eegdanii turtan yaadachuu dandeessu? Wantoonni eegaman kun guutamaniiruu?*
 - *Har'a maal baratte? Kutaa har'aa irraa barumsi fudhatte maali?*
- Haala mijeessitootni ergaawwan ijoo armaan gadii irratti xiyyeeffachuun kutaa har'aa gabaabsaniibsu.



Ergaawwan Ijoo

- Nageenya haadholii daa'immaniif baay'ee barbaachisaa dha;
- Amalli of kunuunsuu haadholii amala ofittummaa miti; garuu agarsiiftuu fayyaa xinsammuu hawaasummaati;
- Barmaatilleefi ilaalcha boodatti hafa of-kunuunsuu haadholiif beekantii kennuun, haadhootiin ijoollee isaaniif jecha ofmiidhuu akka qabanitti hubatamuu dnada'a. Yaadni akkasii garuu bu'uura saayinsaawaa fi qorannoon deggeramaa miti. Dhiibbaa rakkoo fayyaa hamaa fi rakkoo xiinsammuu of madaqsuu dadhabuu fida malee. Haadholiin yeroo hubaman, ijoollee isaaniif ta'e maatii isaaniif kunuunsa barbaachisaa kennuu dadhabu.
- Amalli of kunuunsuu haadholii akkaataa itti gaafatamummaa qabuun ijoollee isaanii kunuunsuu fi sirnaan guddisuu wajjin wal hin faallessu.
- Amalli of kunuunsuu haadholii akka amala ofittummaatti ilaalamuu hin qabu.



6. HOJI-MANEE (Daqiiqaa 3)

- Haala mijeessitootni abbootii warraa dabalatee miseensonni hawaasaa ramaddii hojii mana isaanii fudhatanii manaafi naannoo isaanii keessatti akka shaakalan ni qajeelchu

- Sadarkaa ollaafi hawaasa naannoo isaaniitti leenjifamtoonni taateewwan marii walfakkaataa ni qopheessu. Gahee abbootiin warraa fayyaa xinsammuu hawaasummaa haadhotii manaa isaanii eeguuf qaban ni mari'atu. Akkasumas gahee abbootiin warraa haadhotiin of kunuunsuu akka jalqaban jajjabeessuu keessatti qaban ni cimsu. Kanaafimmoo raadiyoo irraafi marii irraa barumsa argatan ni qooddatu. Kunis yeroo walga'ii hawaasummaa, akka sirna bunaa waliin dhuguu keessatti raawwatamuu ni danda'a.




Ergaa Ijoo

Hoggantoonni hawaasa naannoo yaalii ofkunuunsuu haadholii keessatti akkasumas yaalii dandamannaa xiinsammuu isaanii keessatti hirmaannaa guddaa gochuudhaaf gahee olaanaa qabu.

Tattaaffii haadhooliin of kunuunsuuf godhan amala ofittummaa wajjin walqabsiisuun amantaa aadaa miidhaa geessisudha.

Amalli of kunuunsuu haadholii akka amala ofittummaatti ilaalamuu hin qabu.





unicef  | for every child

